# Sakatta'iinsa Itti-Quufinsa Tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa


**<u>Qorattoonni:</u>**

**Milkii Makuriyaa**
**Nimoonaa Kumsaa**

**Gulaaltonni:**

1. **Obbo Kumasaa Araarsaa**
2. **Dr. Qaasim Kimoo**
3. **Obbo Tacaan Margaa**

**Gorsaa Istaatiksii: Gar.Prof. Muzeyyin Ahmad**



**Onkololeessa, 2015**

## TARREE GABAAJEEWWANII

### Gabaajeewwan Afaan Ingliffaa

| | |
|---|---|
| CEPEJ | Council of the European Commission for the Efficiency of Justice |
| ICCE | International Consortium for Court Excellence |
| ICPPR | International Convention on Civil and Political Rights |
| IFCE | International Framework for Court Excellence |
| UDHR | Universal Declation of Human Rights |
| UNDP | United Nations Development Project |

### Gabaajeewwan Afaan Oromoo

| | |
|---|---|
| A.L.A | Akka Lakkoofsa Awurooppaa |
| A.L.I | Akka Lakkoofsa Itoophiyaa |
| BAAWO | Biiroo Abbaa Alangaa Waliigala Oromiyaa |
| GAONF | Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee |
| ILQSO | Inistiitiyuutii Leenjii fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa |
| KMASO | Komishinii Manneen Amala Sirreessaa Oromiyaa |
| KPO | Komishinii Poolisii Oromiyaa |
| KTAS | Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerummaa |
| MMA | Manneen Murtii Aanaa |
| MMO | Manneen Murtii Ol-aanaa |
| MMWO | Mana Murtii Waliigala Oromiyaa |
| SIQT | Sadarkaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa |
| WANO | Waldaa Abukaattota Naannoo Oromiyaa |

**Jechoota Ijoo:** Itti-quufinsa tajaajilamtootaa, Sadarkaa itti-quufinsaa, Kenniinsa tajaajilaa, Tajaajilamaa, Manneen murtii.

## Tarree Gabateewwaniifi Chaartiwwanii

**Gabateewwan** **Fuula**


Gabatee 1: Hanga Eddattoo (sample size determination) ……………………………………8

Gabatee 2: Facaatii haala hirmaattota daataa qorannoo kanaaf oolu agarsiisu……………......9

Gabatee 3: Karooraafi raawwii baay'ina tajaajilamtoota bar-gaaffii guutanii agarsiisu…….10

Gabatee 4: Karooraafi raawwii baay'ina namoota af-gaaffii deebisanii agarsiisu………..….10

Gabatee 5: Baay'ina karooraafi raawwii marii garee gaggeeffame agarsiisu………………..11

Gabatee 6: Facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii guutanii (demographics of respondents) ...25

Gabatee 7: Itti-quufinsa waliigalaa sadarkaa manneen murtiitiin agarsiisu………………....28

Gabatee 8: Itti-quufinsa waliigalaa facaatii haala dhuunfaa hirmaattota bar-gaaffii guutanii (demographics of respondents) waliin wal-bira qabuun agarsiisu…………………………...29

Gabatee 9: Sadarkaa itti-quufinsa tokkoon tokkoo safartuuwwan tajaajilaa agarsiisu……....31

Gabatee 10: Sadarkaa itti-quufinsa dhaqqabummaa iddoofi odeeffannoo tajaajilaa agarsiisu….32

Gabatee 11: Sadarkaa itti-quufinsa haqa-qabeessummaa haala keessummeessaa agarsiisu…38

Gabatee 12: Sadarkaa itti-quufinsaa tajaajila ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaatiin jiru agarsiisu……………………………………………………………………………….40

Gabatee 13: Sadarkaa itti-quufinsaa safartuuwwan raawwii adeemsaa agarsiisu…………...42

Gabatee 14: Sadarkaa itti-quufinsaa safartuuwwan raawwii bu'uuraa manneen murtii sadarkaa sadanitti jiru agarsiisu…………………………………………………………...46

Gabatee 15: Safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murtessuu keessatti ijoo ta'an agarsiisu……………………………………………………………………………………51

Gabatee 16: Itti-quufinsa waliigalaa tajaajilamtootaa bara 2012 fi 2014 wal-bira qabuun agarsiisu…………………………………………………………………………………...54


**Chaartiwwan** **Fuula**


Chaartii 1: Sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa agarsiisu………………………………………27

Chaartii 2: Sadarkaa itti-quufinsa safartuuwwan raawwii adeemsaa agarsiisu………….......41

Chaartii 3: Sadarkaa itti-quufinsa safartuuwwan raawwii bu'uuraa agarsiisu…………….....45

# GALATA

Duraan dursa warreen qorannoon kun akka firii horatu jalqabaa hanga dhumaatti gulaaluun deeggrsa taasisan Dr. Qaasim Kimoo (Associate Professor, Academic Affairs Vice President) fi Obbo Tacaan Margaa (Mana Murtii Waliigala Oromiyaatti Daayireektara Daayireektoreetii Qorannoofi Atoominaa) galata guddaa qabnaaf. Akkasumas gama ogummaa Istaatiksiitiin gorsa ogummaa kennuun deeggarsa kan taasisan Gargaaraa Pirofeesaraa Muzeyyin Ahmadii fi daataa odeeffannoo kanaaf oole walitti qabuun kan nu deeggaran Qorattoota Seeraa (Waaggaarii Dullumee, Azzanaa Indaalammaa, Abdii Tasfaa, Kadir Qaasoo) fi hooggansa ILQSO ni galateeffanna.

Itti-aansuun, hirmaattota qorannoo kana keessatti bifa gara garaatiin akka madda odeeffannootti deeggarsa taasisan, hooggansaafi hawaasa manneen murtii daataan irraa walitti qabameefi milkaa'ina hojii qorannoo kanaatiif tumsa taasisan hundumaa galateeffachuu barbaadna.

**GABATEE BAAFATAA**

**MATA-DUREE** **FUULA**


**BOQONNAA TOKKO** .......... **1**
GUMEE SAKATTA'IINSICHAA .......... 1
1.1. KA'UUMSA SAKATTA'IINSICHAA .......... 1
1.2. HIMA RAKKOO .......... 2
1.3. GAAFFILEE SAKATTA'IINSICHAA .......... 4
1.4. KAAYYOO SAKATTA'IINSICHAA .......... 4
*1.4.1. Kaayyoo Gooroo .......... 4*
*1.4.2. Kaayyoolee Gooree .......... 4*
1.5. MALA SAKATTA'IINSICHAA .......... 5
*1.5.1. Madda daataafi Maloota daataan ittiin sassaabame .......... 5*
*1.5.2. Iddattoo Sakatta'iinsichaa .......... 6*
*1.5.3. Baay'ina Daataa .......... 8*
*1.5.4. Mala xiinxala daataa .......... 11*
1.6. FAAYIDAA SAKATTA'IINSICHAA .......... 11
1.7. DAANGAA SAKATTA'IINSICHAA .......... 12
1.8. HANQINA SAKKATTA'IINSICHAA .......... 12
1.9. CAASEFFAMA SAKATTA'IINSICHAA .......... 13
**BOQONNAA LAMA** .......... **14**
**SAKATTA'IINSA ITTI-QUUFINSA TAJAAJILAMTOOTA MANNEEN MURTII: YAAD-RIMEEWWANIIFI MUUXANNOOWWAN** .......... 14
*2.1. Yaad-rimee Kenniinsa Tajaajilaa .......... 14*
*2.2. Maalummaa Tajaajilamaa .......... 16*
*2.3. Maalummaafi Barbaachisummaa Sakatta'iinsa Itti-quufinsa Tajaajilamaa .......... 17*
*2.4. Akkaataa Itti-quufinsi Tajaajilamaa Ittiin-gaggeeffamu: Muuxannoowwan Tokko Tokko .......... 18*
**BOQONNAA SADI** .......... **24**
ARGANNOOWWAN SAKATTA'IINSICHAA .......... 24
*3.1. Seensa .......... 24*
*3.2. Sadarkaa Amanamummaafi Qulqullummaa Daataa (Reliability of Data) .......... 24*
*3.3. Facaatii Haala Hirmaattota Bar-gaaffii Guutanii (Demographics of Respondents) .......... 25*
*3.4. Sadarkaa Itti-quufinsa Waliigalaa (Overall Satisfaction Level) .......... 27*
*3.5. Sadarkaa Itti-quufinsa Tokkoon Tokkoo Safartuuwwan Tajaajilaa .......... 30*
*3.6. Safartuuwwan Sadarkaa Itti-quufinsa Waliigalaa Murtessuu keessatti Ijoo ta'an (Key Drivers of Overall Satisfaction) .......... 50*
*3.7. Sadarkaa Itti-quufinsaa Amantaa Tajaajilamaan Mana Murtii irraa qabu .......... 53*
***3.8. Itti-quufinsi Tajajilamtoota Manneen Murtii Kan Armaan Duraa Waliin Yeroo Ilaalamu (Comparisons Over-time)** .......... 53*
*3.9. Hanqinaalee Keessoo fi Rakkoolee Alaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa Irratti Dhiibbaa Geessisanii fi Sababoota Isaanii .......... 55*
**BOQONNAA AFUR** .......... **59**
GUDUUNFAA FI YAADOTA FURMAATAA .......... 59
*4.1. Guduunfaa .......... 59*
*4.2. Yaadota Furmaataa .......... 65*
**MADDOOTA WABII** .......... **I**
**MIILTOO 1** .......... **IV**
**MIILTOO 2** .......... **VII**
**MIILTOO 3** .......... **VIII**
**MIILTOO 4** .......... **XI**

# BOQONNAA TOKKO
# GUMEE SAKATTA'IINSICHAA

### 1.1.Ka'uumsa Sakatta'iinsichaa

Qaamota aangoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa hundeessan sadeen keessaa tokko qaama abbaa seerummaati.[1] Qaamni kunis qaama aangoo abbaa seerummaa qofaatti qabudha. Hojii tajaajila abbaa seerummaa kennuuf manneen murtii sadarkaa sadiin kan gurmaa'an yoo ta'u, isaanis: Mana Murtii Waliigala Oromiyaa (MMWO), Mana Murtii Ol'aanaa (MMO) fi Mana Murtii Aanaa (MMA)-ti. Manneen murtii sadarkaan jiran kunneen ergamaafi gahee hojii mataa mataa isaanii qabatanii kan gurmaa'anidha.[2]

Maddi fudhatamummaa (legitimacy) qaama abbaa seerummaa akka qaamolee mootummaa biroo filannoo irraa osoo hin taane tajaajila haqa-qabeessa kennaniin amantaa uummata biratti horatan irraa kan maddudha.[3] Kunis milkaa'uu kan danda'u manneen murtii tajaajila abbaa seerummaa si'ataa, qulqullinaafi dhaqqabamaa ta'e haala naannoo hojii mijataa ta'e keessatti kennuun itti-quufinsa tajaajilamaa mirkaneessuufi amantaa uummataa horachuu yoo danda'an qofaadha. Manneen murtii naannichaas amantaa uummataa dabaluufi itti-quufinsa tajaajilamaa mirkaneessuuf xiyyeeffannoo kennuun karoora waggaa kudhanii (2013-2022) baafatan, akkasumas mul'ata isaanii keessatti haammachiisaniiru.[4] Kana galmaan gahuufis duudhaalee kenni tajaajilaa ittiin hoogganamu, meeshaalee jijjiiramaafi hojiiwwan riifoormii garaagaraa hojiirra oolfamaa jiru. Riifoormiiwwan kunneenis bu'aawwaniifi fooyya'iinsa qabatamaa argamsiisaa akka jiran beekamaadha.

Haa ta'u malee, riifoormiiwwan manneen murtiitiin gaggeeffaman bu'aan qabatamaan kenniinsa tajaajilaa irratti argamsiisan ilaalcha tajaajilamaatiin sadarkaa irra jiru beekuun baay'ee barbaachisaadha. Kunis sakatta'iinsa itti-quufinsa tajaajilamaa gaggeessuun kan adda bahudha. Sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilamaa kun adda duraan kan barbaachisuufis: sadarkaa itti-quufinsi tajaajilaa irra jiru beekuun dhimmoota karooraafi sirreeffama hatattamaa fi/yookiin yeroo dheeraa barbaadan adda baasuun irratti hojjechuuf; hanqinaalee keessoo kan akka dandeettii raawwachiisummaafi rakkoowwan alaa sadarkaa itti-quufinsa tajaajila manneen murtii irratti dhiibbaa uuman adda baasuufidha.

---

[1]Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee bahe (kana booda Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa), Labsii Lakkoofsa 46/1994, keewwata 46

[2]Labsii Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lakkoofsa 216/2011 (kana booda Labsii Lakk. 216/2011), keewwata 23

[3]Wim Voermans, Judicial Transparency Furthering Public Accountability for New Judiciaries, Article in Utrecht Law Review, Volume 3, Issue 1, June 2007: fuula 159, http://ssrn.com/abstract=998249 irraa gaafa 15/02/2022 sa'aatii 9:15-tti ilaalame

[4]Karoora Waggaa Kudhanii [Manneen Murtii Oromiyaa] (2013 – 2022) (kana booda Karoora W-10), fuula 18

Itti-quufinsi tajaajilamtoota manneen murtii bifa idilaawaa ta'eefi itti-fufiinsaan, yoo danda'ame ji'a jahatti yeroo tokko akka gaggeeffamu ni gorfama.[5] Karoora waggaa kudhanii Manneen Murtii Oromiyaa keessatti xiinxalli yaada maamilaa Manneen Murtii Naannichaa MMWO-tiin waggaa waggaan si'a tokko gaggeeffamuu akka qabu karoorfameera.[6]

Akka Manneen Murtii Naannoo Oromiyaatti xiinxalli itti-quufinsa tajaajilaa bara 2011 fi 2012 A.L.I-tti gaggeefamee kan ture yoo ta'u, bu'aan xiinxaloota kanneeniis karoora bira gahuuf qabamee ture waliin yeroo ilaalamu raawwii gaarii kan agarsiisudha. Haata'u malee, haala hawaas-diinagdee naannichaa, bal'ina fedhii tajaajilamtootaafi uwwisa tajaajila kennamuu jiddu-galeessa godhachuun yeroo ilaalamu sadarkaan itti-quufinsi tajaajilamaa xiinxala gaggeeffaman kanneeniin agarsiifame quubsaa kan hin taaneefi kenni tajaajilaa keenya hanqinaaleefi rakkoowwan hedduu akka qabu kan agarsiisedha.

Kanaaf, sakatta'iinsi kun sadarkaan itti-quufinsa tajaajila manneen murtii naannichaa bara 2014 A.L.I-tti maal-irra akka jiru beekuufi haala kenniinsi tajaajila abbaa seerummaafi mijaa'ina naannoo hojii Manneen Murtii Naannichaa irratti argamu hubachuuf, akkasumas hanqinaaleefi rakkoowwan sadarkaa itti-quufinsa tajaajila manneen murtii irratti dhiibbaa uumaniifi sababoota uumamuu isaanii adda baasuufi yaada furmaata akeekuuf kan gaggeeffamedha.

### 1.2.Hima rakkoo

Ergamni waloo Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa *"Tajaajila abbaa seerummaa qulqulluu, dhaqqabamaa, si'ataafi bu'a qabeessa ta'e, seera qofa irratti hundaa'uudhaan, haala loogiifi gartummaan ala ta'een kennuufi bilisummaa guutuufi itti-gaafatamummaa ol'aanaadhaan hojii isaanii raawwachuudha".*[7] Kanas galmaan gahuuf sagantaawwaniifi meeshaalee jijjiiramaa garaagaraa hojiirra oolchaa turanii jiru; hojiirra oolchaa jirus.

Haa ta'u malee, sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannichaa bara bajetaa 2011 fi 2012 A.L.I-tti gaggeeffamee turee sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaa wal-duraa duubaan, %55 fi % 65.76 irratti akka argamu kan agarsiisanidha. Sadarkaan itti-quufinsi tajaajilamaa bara 2012 A.L.I-tti irra jiru kun sadarkaa mana murtiitiin yeroo ilaalamus MMA %69.6, kan MMO %60.75 fi kan MMWO %56 irratti argama. Ragaan kun akka agarsiisutti itti-quufinsi tajaajilamtootaa kan bara 2012 A.L.I kan bara 2011 A.L.I irra

---

[5]International Consortium for Court Excellence (2020), Global Measures of Court Performance, third edition; Sydney, (kana booda ICCE), Australia: fuula 34, http://www.courtexcellence.com irraa gaafa 17/02/2022 sa'aatii 8:45-tti ilaalame

[6]Karoora W-10, olitti yaadannoo 4[ffaa], fuula 67

[7]Karoora W-10, akkuma olii, fuula 17

fooyyee qaba. Ta'us, karoorri waggaa kudhanii Manneen Murtii Oromiyaa keessatti bara 2015, 2017 fi bara 2022 A.L.I-tti duraa duubaan itti-quufinsa tajaajilamtootaa %72, %75 fi %85 irraan gahuuf karoora qabame waliin yeroo ilaalamu sadarkaan itti-quufinsi tajaajilamtootaa bara 2012 A.L.I-tti irra jiru, keessattuu sadarkaa MMOfi MMWO-tti hedduu akka hafu kan hubatamudha.[8] Kana malees, karoorri qabamee jiru bira kan dhaqqabamuyyuu osoo ta'ee, bal'ina fedhii tajaajilamtootaa, jijjiirama haala hawaas-diinagdee naannichaafi k.k.f fa'a jiddu-galeessa godhachuun yeroo ilaalamu gahaa kan jechisiisu miti.

Kana malees, xiinxalli bara 2012 A.L.I-tti gaggeeffame hanqinaaleefi rakkoolee itti-quufinsa tajaajilamtootaa irratti dhiibbaa geessisan jedhes adda baasee jira. Isaan keessaa hangafoonni: rakkoon naamusaa keessattuu matta'aa fudhachuun, firoomaafi wal-beekumsaan hojjechuun; nama arrabsuufi ifachuun jiraachuu; keessummeessaan wal-qabatee abbootii dhimmaa wal-qixa keessummeessuu dhabuu, obsaan dhaggeefachuu dhabuufi yeroodhaan tajaajila kennuu dhabuun jiraachuu; bilisummaa abbaa seerummaa kabajuufi kabachiisuu irratti hanqinni jiraachuu; rakkoon si'aayinaafi qulqullina tajaajilaa jiraachuu; tajaajila kennamuufi hojimaata mana murtii irratti hawaasaaf hubannoo kennuu irratti laafinni jiraachuu kanneen jedhan adda bahanii ture. Haa ta'u malee, qorannichi sababoota hanqinaaleefi rakkoolee kanneen duuba jiran hin sakattaane. Hanqinaaleefi rakkoolee adda bahan jechuun tarreessuun alattis inni kum rakkoo inni kum hanqina akka ta'es adda baasee hin ibsine.

Sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii yeroo yeroon gaggeeffamuun isaa hoggansi mana murtii fooyya'iinsa argamsiisuuf hojjetu hordofuun jijjiiramni argamaa deemuu isaa akka mirkaneeffatu kan dandeessisudha.[9] Karoorri waggaa kudhanii Manneen Murtii Oromiyaas xiinxalli yaada maamilaa Manneen Murtii Naannichaa waggaa waggaan si'a tokko akka gaggeeffamu ni ibsa. Xiinxalli itti-quufinsa tajaajilamaa bara 2011fi bara 2012 A.L.I-tti gaggeeffamee kan ture yoo ta'ellee, bara 2013 A.L.I-tti osoo hin gaggeeffamiin bira darbamee jira. Kun karoora akka manneen murtii naannichaatti waggaatti al-tokko sakatta'a kana gaggeessuuf qabame osoo hin milkaa'in akka hafu kan godhu qofa osoo hin taane, sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaa maalirra gaheera inni jedhu osoo adda hin bahiin akka hafu godheera. Kunis manneen murtii naannichaa hanqinaaleefi rakkoowwan keessa jiran adda baafachaa sirreeffama taasisaa deemuu akka hin dandeenye gufuu kan ta'udha.

---

[8]Karoora W-10, olitti yaadannoo 4ffaa, fuula 38, 39, 67, fi 79
[9]ICCE, olitti yadannoo 5ffaa

Sababoota olitti ibsaman bu'uureffachuun itti-quufinsi tajaajilamtoonni yeroo ammaa tajaajila manneen murtii naannichaatiin kennamu irratti qaban sadarkaa maalii irratti akka argamuufi wantoonni itti-quufinsa tajaajilamtootaa kana irraan dhiibbaa geessisan sababoota uumamuu isaanii waliin adda baasuuf sakatta'iinsi kun gaggeeffamee jira.

### 1.3.Gaaffilee Sakatta'iinsichaa

Sakatta'iinsi kun gaaffilee gurguddaa armaan gadii deebisuu irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha. Isaanis:

- Sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kan bara 2014 maal irra jira?
- Hanqinaaleen itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa geessisan maal fa'a?
- Rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa geessisan maal fa'a?
- Sababoonni hanqinaaleefi rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa geessisan akka uumaman godhan maal fa'a?
- Sadarakaa itti-quufinsaa fooyyessuu yookiin dabaluufi hanqinaaleefi rakkoowwan kanneen hiikuuf furmaanni maalidha?

### 1.4.Kaayyoo Sakatta'iinsichaa

#### 1.4.1.Kaayyoo Gooroo

Sakatta'iinsi kun sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kan bara 2014 adda baasuu akka kaayyoo goorootti qabatee kan gaggeeffamedha. Akkasumas qorannichi hanqinaaleefi rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtootaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irratti dhiibbaa qaqqabsiisan, sababoota uumamuu isaaniifi kallattii furmaataa sababoonni kunneen hundeerraa ittiin dhabamsiifaman adda baasuun itti-quufinsi tajaajilamtootaafi amantaa uummanni mana murtii irratti qabu adda baasuuf kan gaggeeffamedha.

#### 1.4.2. Kaayyoolee Gooree

Sakatta'iinsichi kaayyoolee gooree armaan gadiitiif kan gaggeeffamedha. Isaanis:

- Sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtootaa tajaajila abbaa seerummaa manneen murtii irratti qabu adda baasuu;
- Sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtootaa mijaa'ina naannoo hojii /court facilities/-tiin wal-qabatee jiru agarsiisuu;

- ❖ Haalonni dhuunfaa tajaajilamaa (kanneen akka koorniyaa, umurii, barnootaa, fi k.k.f), gosti tajaajilaafi sadarkaan mana murtii itti-tajaajilame itti-quufinsa tajaajilamaa waliin hariiroo akkamii akka qabu adda baasuu;
- ❖ Safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii keessaa kanneen itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'aniifi hin taane adda baasuu;
- ❖ Hanqinaaleefi rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan adda baasuu;
- ❖ Sababoota hanqinaaleefi rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan akka uumaman godhan maal fa'a akka ta'aniifi
- ❖ Sadarkaa itti-quufinsaa fooyyessuu yookiin dabaluufi hanqinaaleefi rakkoowwan sadarkaa itti-quufinsaa irratti dhiibbaa geessisan furuuf yaada furmaataa akeekudha.

### 1.5.Mala Sakatta'iinsichaa

Uumama sakatta'iinsichaa irraa kan ka'e maloonni qorannoo akkamtaafi hammamtaa hojiirra kan oole yoo ta'u harka caalu garuu malli qorannoo hammamtaa hojiirra oolee jira. Maddi daataa, maloonni daataan ittiin sassaabame, sirni iddattoofi malli xiinxala daataa sakatta'iinsichaa haala itti aanuun ibsameera.

#### 1.5.1. Madda daataafi Maloota daataan ittiin sassaabame

Sakatta'iinsa kanaaf akka madda daataa sadarkaa jalqabaatti kan hirmaachifaman: abbootii dhimmaa kanneen akka himataa yookiin deebii kennaatti mana murtiitii falmii qaban (self-represented litigants), namoota iyyata bifa gara garaa mana murtiitti dhiyeeffatan, yookiin bakka buutota isaanii, hiriyoota yookiin firoota nama mana murtiitii dhimma qabu gargaaruuf waliin mana murtii dhiyaatan, abukaattota dhuunfaa mana murtii irraa dhimma falman yookiin hordofan qaban, shakkamtoota yookiin himatamtoota yakkaa, miidhamaa dhuunfaa dhimmi isaa mana murtiitti ilaalamaa jiru, ragaalee, abbaa alangaa yookiin gargaaraa abbaa alangaa, poolisiifi sirreeffamtoota seeraa mana murtiitti dhiyaatanidha. Kana malees, Waajjira Caffee, MMWO, BAAWO, KPO, KMASO, WANO, MMO fi MMA filataman irraa daataan walitti qabamee jira.

Maddoonni daataa sadarkaa lammaffaa sakatta'iinsa kanaa: seerota, kitaabota, joornaaliiwwaniifi sanadoota garagaraati. Maddoonni daataa sadarkaa sadaffaa kanneen akka guuboo jechootaas faayidaa irra oolanii jiru. Daataan sakatta'a kana gaggeessuuf oole maloota garagaraa fayyadamuun kan walitti qabamedha. Maloonni garagaraa wal-faana hojiirra kan oolanis amanamummaa qorannichaa dabaluufidha. Malawwan daataan qorannichaa ittiin funaaname:

- Bar-gaaffii;
- Af-gaaffiiwwan gariin caaseffame /Semi-structured interviews/;
- Marii garee (FGD)
- Daawwannaa haala kenniinsa tajaajiloota manneen murtii;
- Daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaa;
- Abbaa dhimmaa fakkaachuun bilbilaan yookiin qaamaan argamuun tajaajila gaafachuun haala keessummeessaa madaaluu (mystery shops); fi
- Ragaaleen barreeffamaa (qorannoowwan armaan dura gaggeeffamaniifi sanadoonni biroo) qorannichaaf galtee ta'anii jiru.

Bar-gaaffiin mala daataa qorannichaa sassaabuuf adda dureen hojiirra oole yoo ta'u, tajaajilamtoonni mana murtii guyyaa daataan sassaabame tajaajila argatan (actual court users) akka guutan kan taasifamedha. Gareen daataa sassaabu tokkoon tokkoon manneen murtii sakatta'iinsa kanaaf filatamanitti qaamaan argamuun abbootii dhimmaa guyyoota daataan itti funaanametti tajaajila argataniifi odeeffannoo kennuuf hayyamamoo ta'an bar-gaaffii guuchisee jira. Guyyaan daataan bar-gaaffii sassaabame kun guyyaa guyyoota biroo manneen murtii bakka bu'a jedhamee fudhatamuu danda'u (typical day)-dha. Kunis guyyaa dhimmoonni gosa hundumaa itti keessummaa'aniifi guyyaa tajaajilli abbaa seerummaa adda addaa itti kennameedha. Bu'uuruma kanaan, gareen daataa bar-gaaffii walitti qabe guyyaa daataan kun walitti qabamu tajaajilamtoonni keessummaa'an xiqqaa yeroo ta'an, guyyoota dabalataa fudhachuun daaticha sassaabaniiru. Hirmaattota barreessuufi dubbisuu hin dandeenye bar-gaafficha akka guutaniif gareen daataa sassaabu gargaaree jira.

Sakatta'iinsa kana xiinxala bara 2012 A.L.I-tti gaggeeffame irraa kan adda isa taasisu, sakatta'iinsi kun sababoota sadarkaa itti-quufinsa tajaajilaa irratti dhiibbaa geessisan kan xiinxale ta'uu, gaaffileen bar-gaaffii sakatta'iinsa kanaaf qophaa'an hariiroo sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii haala dhuunfaa tajaajilamtootaa waliin qabu haala agarsiisun kan qophaa'e ta'uu; safartuulee itti-quufinsi tajaajilamtootaa ittiin madaalamu irratti fooyya'iinsi kan taasifameefi baay'inni hirmaattota bar-gaaffii guutanii xiinxala bara 2012 A.L.I-tti gaggeeffame irraa kan dabale ta'uu isaati.

### 1.5.2. Iddattoo Sakatta'iinsichaa

Godinaaleefi aanaaleen odeeffannoon irraa walitti qabame:

- Kanneen dhimmoota hedduu keessummeessaniifi kanneen dhimmoota muraasa keessummeessan;

- Kanneen raawwii hojii fooyya'aa qabaniifi kanneen komiin itti heddummatu jedhamanii yaadaman;
- Kanneen jiddu-galeessa Oromiyaa irraa fageenya qabaniifi dhiyoo irraa;
- Kanneen garaa garummaa hawaas-diinagdee adda addaa qabanii; fi
- Haala teessuma isaanitiin kallatti handhuura biyyattii irraa qabaniin Baha, Lixa, Kaaba, Kibbaafi giddu-galeessa naannichaa haala bakka bu'uu danda'uun itti-yaadamuun filatamanii jiru.

**Bu'uuruma ulaagaalee armaan olitiin bakkeewwan daataan irraa walitti qabame:**

***Mana Murtii Waliigala Oromiyaa irraa:*** dhaddacha giddu-galeessaafi dhaabbii bahaati.

***Manneen Murtii Olaanoo Godinaalee irraa:*** Harargee Bahaa; Arsii; Arsii Lixaa; Baale; Shawaa Bahaa; Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee; Jimma; Shawaa Lixaa; fi Shawaa Kaabaati.

***Manneen Murtii Aanalee irraa:*** Haramaayaa, Baabbilee, Xiyoo, Lodee-heexosaa, Magaalaa Shaashamannee; Wandoo, Gobbaa, Gaasaraa; Bishooftuu; Gumbichuu; Sabbata; Barraak; Gommaa; Qarsaa; Amboo; Ejersa-lafoo; Qimbibiitiifi Abbichuu Nya'aati. Daataa kana walitti qabuufis gareen sadi ogeessota lama lama (waliigalatti ogeessota 6) of-keessaa qabu kan hundaa'e yoo ta'u, gareen 1$^{ffaa}$'n Dhaddacha Dhaabbii Bahaa MMWO, MMO Godinaalee Harargee Bahaa, Arsii, Baaleefi aanaalee isaan jala jiran lama lama irraa daataa walitti qabeera. Gareen 2$^{ffaa}$'n MMO Godinaalee Shawaa Bahaa, Jimma, Shawaa Lixaafi aanaalee isaan jala jiran lama lama irraa daataa walitti qabeera. Gareen 3$^{ffaa}$'n ammoo MMWO-tti Dhaddacha Giddu-galeessaa, MMO Godinaalee Arsii Lixaa, GAONF, Shawaa Kaabaafi aanaalee isaan jala jiraniifi qaamolee sadarkaa naannootti jiran biroo irraa daataa walitti qabeera.

Hirmaattota sakatta'iinsichaa ilaalchisees gosa dhimma gara garaa manneen murtiitti dhiyaataniifi haalota dhuunfaa tajaajilamaa (kanneen akka koorniyaa, umurii, sadarkaa barnootaa, k.k.f) bifa giddu-galeessa godhateen hirmaachifamanii jiru. Kanas gareen daataa walitti qabu yeroo hojii kana raawwatu hanga danda'amaa ta'etti tajaajilamtoota haala dhuunfaa gara garaa qaban hundumaa haala madaalawaa ta'een akka madda odeeffannoo ta'an of-eeggannoon kan hojjete ta'uudha. Kunis sirni eddattoo sakatta'iinsa kana keessatti hojiirra oole bakkaafi tajaajilamtoota daataan irraa walitti qabamu akkaataa haala qabatamaa yookiin haala dhuunfaa isaaniitiin garee gareen qooduun keessaa filachuu (stratified sampling technique)-dha.

#### 1.5.3. Baay'ina Daataa

Bu'uura foormulaa beekamaa baay'ina daataa qorannoo hammamtaa keessatti bakka bu'aa jedhamuu danda'uufi hayyuu 'Yamane Taro' jedhamuun qophaa'eetiin ($n = \frac{N}{1+N(e)^2}$) *(n = hanga eddattoo (the sample size), N = baay'ina uummata qorannichi ilaallatu (the population size), e = hamma sirrummaa (the level of precision = 0.05/95% confidence level))* baay'inni tajaajilamtoota mana murtii 100,000 ol-waan ta'aniif hangi daataa hammamtaa tajaajilamtoota kana bakka bu'uu danda'u 400 fi isaa olidha.[10]

Hangi eddattoo kuni bu'uura moodeela Fiisheriinis (Fishers' model)-tiinis fudhatama kan qabudha. Innis baay'inni uummata qorannichi ilaallatuu (population size) nama 10,000-ol yoo ta'e, hanga amanamummaa daataa (confidence level) 95%-tiin hangi daataa bar-gaaffii qorannoo kanaaf walitti qabamee (849) carraan dogongora ta'uu (margin of error) 3.5% kan qabudha. Kunis baay'inni daataa bar-gaaffii amansiisaa ta'uu kan mirkaneessudha.[11]

**Gabatee 1: Gabatee Hanga Eddattoo (sample size determination)**

| Carraa Dogongoraa (Error margin or -values) | Hanga eddattoo tajaajilamtoota mana murtii (Court users' sample Size /population >10,000) |
|---|---|
| 5.0% | 384 |
| 4.5% | 474 |
| 4.0% | 600 |
| 3.5% | 784 |
| 3.0% | 1,067 |
| 2.5% | 1,537 |
| 2.0% | 2,401 |
| 1.5% | 4,268 |
| 1.0% | 9,60 |

Daataan bar-gaaffii tokkoon tokkoon MMA (18), MMO (9) fi dhaddachaalee MMWO lamaan (ida'amaan 29) irraa walitti qabamu jiddu galeessaan tajaajilamtoota 30'n akka guutamu ta'ee jira. Lakkoofsi kunis akkaataa heddummina tajaajilamaa jiruutiin aanaa aanaatti yookiin godinaa godinatti garaa garummaa kan qabaatu yoo ta'ellee, sadarkaa mana murtii tokkotti yoo xiqqaate tajaajilamtoonni 25 (digdamii shan) bar-gaaffii kana akka guutan taasifamee jira. Bu'uura kanaan tajaajilamtoonni baay'ina waliigalaa 29x30=870 bar-gaafficha akka guutan kan karoorfame yoo ta'u raawwiin 849 (%97.2)-dha. Kunis, facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii waliin gabatee armaan gadii keessatti ibsamee jira.

[10]Yamane Taro, 1967; Statistics: An Introductory Analysis, 2nd Ed., New York: Harper and Row, https://www.scribd.com/document/538466066/2-Glenn-D-Israel-Determining-Sample-Size#download irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 3:30-tti ilaalame

[11]Kenya, Court User Satisfaction Survey Report Kenya (kana booda CUSS), 2020, fuula 4, file:///C:/Users/hp/Downloads/Judiciary%20Court%20User%20Satisfaction%20Survey%20Report.pdf irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 9:24-tti ilaalame

**Gabatee 2: Gabatee facaatii haala hirmaattota daataa qorannoo kanaaf oolu agarsiisu**

| Qaama daataan irraa argamu | Karoora (lakkoofsaan) | | | Ibsa |
|---|---|---|---|---|
| | Aanaa | Godina | Naannoo | |
| **Daataa Bar-gaaffii** | | | | |
| Tajaajilamtoota manneen murtii sadarkaan jiranitti argaman irraa | 540 | 270 | 60 | Daataan kunis kan funaanamu:<br>• Dhimma hariiroo hawaasaa<br>✓ Himataa/iyyataa/fira yookiin maatii deeggaruuf dhufe = 292 (aanaa irraa 10, godina irraa 10, naannoo irraa 22)<br>✓ Himatamaa/deebii kennaa/ fira yookiin maatii isa deeggaruuf dhufe = 274 (aanaa irraa nama 9, godina irraa 10, naannoo irraa 22)<br>• Shakkamtoota yookiin himatamtoota yakkaafi sirreeffamtoota seeraa= 85 (naannoo irraa nama 4, godina irraa nama 3, aanaa irraa nama 3)<br>• Ragaalee = 63 (godina irraa nama 1, aanaa irraa nama 3)<br>• Abukaatota dhuunfaa = 51 (naannoo irraa nama 6, godina irraa nama 3, aanaa irraa nama 1)<br>• Abbootii Alangaa =60 (naannoo irraa nama 6, godina irraa nama 2, aanaa irraa nama 2)<br>• Qorattoota Poolisii = 45 (godina irraa nama 1, aanaa irraa nama 2) |
| | | **Ida'ama** | 870 | |
| **Daataa Marii Garee waliin** | | | | |
| MM | 18 | 9 | - | • MMO 9 fi Aanaa 18 qaamaan deemaman irraa Pirezidaantii, Abbaa seeraa 2 (KTAS yookin gaggeessitoota dhimmaa), dursaa garee ofisara seeraa, abukaatoo ittisaafi inspeekshinii yookiin ofisara naamusaa Mana Murtichaa |
| | | **Ida'ama** | **27** | |
| **Daataa Af-gaaffii** | | | | |
| MM | - | - | 3 | MMWO irratti Itti-gaafatamaa Wajjiraa, Daariktera Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa, Qindeessaa Tajaajila Deggarsa Hojii Dhaddachaa |
| BAAWO | | | 1 | I/A Hoogganaa yookiin nama bakka bu'e |
| KPO | | | 1 | I/G kutaa qorannaa yakkaa yookiin nama bakka bu'e |
| KMASO | | | 1 | Hoogganaa yookiin A/Adeemsa haaromsa sirreffamtoota seeraa |
| Waajjira Caffee Oromiyaa | | | 1 | I/G Koree Dhaabbii Seeraa, Bulchiinsaafi Qabeenya Namaa yookiin nama bakka bu'e |
| WANO | | | 1 | Pirezidaantii waldichaa yookiin nama bakka bu'e |
| **Ida'ama daataa af-gaaffii** | | | 8 | |
| **Daataa Daawwannaa** | | | | |
| MMA filataman | | | 18 | Daawwannaa sirna kenna tajaajila: kutaa odeeffannoo, sirna kenna dabaree abbaa dhimmaa, ofiseroota seeraa, dhaddachaa, galmeewwan yaada maamilaa/saanduqa yaadaa, mijaa'ina kutaa hojii, bal'ina mooraa fi iddoo haara galfii abbaa dhimmaa, mana fincaanii. |
| MMO filataman | | | 9 | |
| Dh.Dh. G/G fi Bahaa MMWO | | | 2 | |
| **Ida'ama** | | | **29** | |
| **Daataa abbaa dhimmaa fakkaachuun keessummeessa madaaluu (mystery shops)** | | | | |
| MMA filataman 3 | | | 3 | Abbaa dhimmaa fakkaachuun bilbilaan yookiin qaamaan argamuun tajaajila gaafachuun haala keessummeessaa madaaluu (mystery shops); |
| MMO filataman 2 | | | 2 | |
| Dh.Dh. G/G fi Bahaa MMWO | | | 2 | |
| **Ida'ama** | | | **7** | |

Baay'ina namoota daataa bifa bar-gaaffiin walitti qabame irratti hirmaatan karooraafi raawwiin isaa gabatee armaan gadiitiin agarsiifameera.

**Gabatee 3: Gabatee karooraafi raawwii baay'ina tajaajilamtoota bar-gaaffii guutanii agarsiisu.**

| Haala hirmaatan bar-gaaffii mana murtichaa itti dhufe | Sadarkaa mana murtii hirmaatan bar-gaaffii itti tajaajilame | | | | | | Total | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | MMA | | MMO | | MMWO | | | | |
| | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Karoora | Raawwii | Raawwii %'n |
| Himataa/oliyyataa/maatii/ Fira | 180 | 196 | 90 | 82 | 22 | 17 | 292 | 295 | 100.1% |
| Himatamaa/Deebii kennaa/ maatii/fira | 162 | 163 | 90 | 67 | 22 | 15 | 274 | 245 | 89.4 % |
| Shakkamaa/Himatamaa/Sirre effamaa seeraa/ maatii/ fira | 54 | 38 | 27 | 26 | 4 | 3 | 85 | 67 | 78.8 % |
| Ragaa | 54 | 38 | 9 | 13 | 0 | 0 | 63 | 51 | 81 % |
| Abbaa alangaa | 36 | 31 | 18 | 20 | 6 | 5 | 60 | 56 | 93.3 % |
| Qorataa poolisii | 36 | 33 | 9 | 15 | 0 | 1 | 45 | 49 | 108.9% |
| Abukaatoo/Dubbi-fixaa | 18 | 33 | 27 | 34 | 6 | 19 | 51 | 86 | 168.6% |
| Total | 540 | 532 | 270 | 257 | 60 | 60 | 870 | 849 | 97.6% |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu waliigalaan bar-gaaffii sakatta'iinsa kanaaf qophaa'e tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa bakka bu'u jedhamee hirmaattonni 870 bar-gaafficha akka guutan karoorfame keessaa 849 (%97.6) bar-gaafficha guutanii jiru. Kanneen bar-gaaffii guutan keessaa hirmattonni 846 haala itti mana murtii dhufan kan ibsan yoo ta'u hirmaattonni 3 garuu haala itti mana murtii dhufan hin ibsine.

Haala facaatii hirmaattota bar-gaaffii guutaniitiin raawwiin karooraa ol-ta'e akka jiru gabatee armaan olii irraa ni hubatama. Kunis qabatamni haala facaatii hirmaattootaa tilmaama yeroo karoorfamu fudhatamee (proportion) ol-ta'ee waan argameef daataan dabalataan sassaabame kun hamma bakka bu'ummaa (representation) kan dabaludha.

**Gabatee 4: Gabatee karooraafi raawwii baay'ina namoota af-gaaffii deebisanii agarsiisu.**

| *T.L* | *Qaama daataan irraa funaaname* | *Karoora* | *Raawwii* | *Raawwii %'n* |
|---|---|---|---|---|
| ***1.*** | *MMWO (Itti gaafatamaa Wajjiraa, Daariktera Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa, Qindeessaa Tajaajila Deggarsa Hojii Dhaddachaa)* | *3* | *3* | *100 %* |
| ***2.*** | *BAAWO(I/A Hoogganaa yookiin nama bakka bu'e)* | *1* | *1* | *100 %* |
| ***3.*** | *KPO (I/G kutaa Qorannaa Yakkaafi Murtii Haqaa Kennisiisaa yookiin nama bakka bu'e)* | *1* | *1* | *100 %* |
| ***4.*** | *KMASO (Hoogganaa yookiin A/Adeemsa Haaromsa Sirreeffamtoota seeraa)* | *1* | *1* | *100%* |
| ***5.*** | *Waajjira Caffee Oromiyaa (I/G Koree Dhaabbii Seera, Bulchiinsaafi Qabeenya Namaa yookiin nama bakka bu'e)* | *1* | *1* | *100%* |
| ***6.*** | *WANO (Pirezidaantii waldichaa yookiin nama bakka bu'e)* | *1* | *1* | *100 %* |
| | *Ida'ama* | *8* | *8* | *100 %* |

Kana malees daataan mala marii gareetiin kan funaaname yoo ta'u haaluma karoorfameen % 100'n raawwatamuu isaa gabatee itti aanu irraa hubachuun ni danda'ama.

**Gabatee 5: Gabatee baay'ina karooraafi raawwii marii garee gaggeeffame agarsiisu.**

| T.L | Sadarkaa Mana Murtii | Baay'ina Manneen Murtii | | |
|---|---|---|---|---|
| | | Karoora | Raawwii | Raawwii %'n |
| **1.** | *Mana Murtii Ol'aanaa* | *9* | *9* | *100%* |
| **2.** | *Mana Murtii Aanaa* | *18* | *18* | *100%* |
| | *Ida'ama* | *27* | *27* | *100%* |

Akkuma gabatee olii irraa hubatamu daataan mala marii garee sadarkaa MMO-9 fi MMA-18, waliigala 27 karoorfamee haaluma karoorfameen manneen murtii 27 (%100) irratti mariin garee gaggeeffameera. Haaluma kanaan sadarkaa MMA-tti namoonni 5 (shan) fi sadarkaa MMO-tti namoonni 6 (jaha) marii garee kana irratti kan hirmaatan ta'uun walumaagalatti namoonni 144 (dhibba tokkoofi afurtamii afur) maricha irratti hirmaatanii jiru.

- Daawwannaa haala kenniinsa tajaajiloota manneen murtii;
- Daawwannaa galmeefi/ saanduqa yaadaafi;
- Abbaa dhimmaa fakkaachuun bilbilaan yookiin qaamaan argamuun tajaajila gaafachuun haala keessummeessaa madaaluu (mystery shops) haaluma karooraatiin % 100 raawwatamee jira.

### 1.5.4. Mala xiinxala daataa

Daataan qorannoo kanaan walitti qabaman maloota akkamtaafi hammataan wal-keessa (mixed approach) gargaaramuun kan xiinxalamedha. Kunis daataan bar-gaaffiidhaan walitti qabaman sooftiweerii *"Statistical Product and Service Solutions version 26$^{th}$ (kana booda SPSS))"* jedhamu gargaaramuun kan xiinxalaman yoo ta'u daataan maloota af-gaaffi, daawwannaa, sakatta'a sanadaaleetiifi kan birootiin walitti qabaman ammoo maloota xiinxala qorannoo akkamtaa rogummaa qaban gargaaramuun kan xiinxalamaniidha.

### 1.6.Faayidaa Sakatta'iinsichaa

Sakatta'iinsa kanaan sadarkaan kenniinsa tajaajila Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa maal irra akka jiru adda ni baha. Kana malees rakkoowwaniifi hanqinaaleen itti-quufinsa tajaajilamtoota mana murtii irratti dhiibbaa qaban maal akka ta'aniifi sababoonni uumamuu isaanis adda ni bahu. Kana bu'uura godhachuudhaan kallattiin furmaataa akeekamu bulchiinsa manneen murtii naannichaafi abbootii hirtaaf faayidaa ol'aanaa ni qabaata. Keessattuu bulchiinsi manneen murtii hidhata madaalliin sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamaafi tajaajila kennamu waliin qabu akka hubatu ni gargaara. Kana malees sakatta'iinsichi odeeffannoo qabatama tajaajila manneen murtii waan agarsiisuuf bulchiinsi manneen murtii murtiilee fudhatuufi tarsiimoo kenna tajaajilaa saxaxu keessatti galtee akka argatu kan dandeessisudha. Dabalataanis, sakatta'iinsichi wantoonni

itti-quufinsa tajaajilamaa xiqqeessuuf yookiin ol-kaasuuf murteessoo ta'an (key drivers) maal akka ta'aniifi sababoonni rakkoo gadi-bu'uu itti-quufinsa tajaajilamtootaatiif ka'umsa ta'an kan adda baasu waan ta'eef imaammata baastonniifi gaggeessitoonni manneen murtii dhimma dursa argachuu danda'an dursa akka kennaniif kallattii kan agarsiisudha.

Kanaan alattis hanqina barruu toora mata-duree qorannichaatiin jiru duuchuuf kan oolu ta'uufi, qorannoofi qo'annoo gara fuulduraatti, kallattiinis ta'ee al-kallattiin, mata durichaan wal-qabatan irratti adeemsifamuuf ka'umsa yookiin galtee ta'uun kan fayyadu ta'a.

### 1.7.Daangaa Sakatta'iinsichaa

Sakatta'iinsi kun kenniinsa tajaajila abbaa seerummaafi mijaa'ina haala naannoo hojii (court facilities) manneen murtii idilee bu'uura Labsii Lakkoofsa 216/2011-tiin hundaa'an qofa (MMA, MMOfi MMWO) irratti kan xiyyeeffatudha.

Akkasumas sakatta'iinsichi sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa kan bara bajataa 2014 kan adda baasudha. Kana malees, sakatta'iinsichi hanqinaaleefi rakkoowwan itti-quufinsa tajaajilamtootaa irratti dhiibbaa geessisaniifi sababoota umamuu isaanii adda baasuudhaan yaadawwan furmaataa dhiyeessuudha.

### 1.8.Hanqina Sakkatta'iinsichaa

Sababa rakkoo nageenyatiin Godinaalee Lixaafi Kibba Oromiyaa jiran, kan filatamaniyyuu Aanaalee tokko tokko irraa daataa walitti qabuuf karoorfachuun hin danda'amne. Kana furuufis godinaalee biroo qubsuma, kallattiifi qabatama wal-fakkaataa qabaniin bakka buusuuf yaalameera. Kana malees, sakatta'iinsi kun kan eegalame dhuma kurmaana lammaffaa bara 2014 yoo ta'u, qorannichi yeroo gabaabaa keessatti kan gaggeeffamedha. Hojii qorannoo kana yeroo gabaabaa keessatti qulqullinaan xumuruuf humna namaafi loojistikii dabalataa akka ramadamu gochuudhaan garee sadi gurmeessuun daataan akka walitti qabamu ta'ee xiinxala isaas yeroo hojii idileen alattis hojjechuun yeroo karoorfame keessatti akka xumuramu ta'ee jira.

Qorannoowwan mata duree wal-fakkaataa irratti kanaan dura hojjetamanii turan itti-quufinsa tajaajilamtootaa sakkatta'uuf safartuuwwan garagaaraman kan qorannoo kana keessatti hojjiirra oolan waliin garaagarummaa waan qabaniif argannoo qorannoo kanaa kan kanaan duraa waliin wal-bira qabuun madaaluuf rakkisaa ta'ee jira. Haa ta'u malee, safartuuwwanuma wal-fakkaataa ta'an qofa irratti argannoo qorannoowwan kanneenii wal-bira qabuun wantoota yookiin dhimmoota fooyya'an yookiin jijjiiramaniifi hin fooyyofne yookiin hin jijjiiramne ilaaluuf yaalamee jira.

### 1.9.Caaseffama Sakatta'iinsichaa

Sakatta'iinsi kun boqonnaa afuritti kan qoodame yemmuu ta'u, boqonnaa tokkoffaa keessatti gumeen xiinxalichaa dhiyaateera. Boqonnaa lammaffaa keessatti yaad-rimee kenniinsa tajaajilaa, maalummaa tajaajilamaa, maalummaafi barbaachisummaa sakatta'iinsa itti-quufiinsa tajaajilamaa, duudhaaleefi qajeeltowwan waliigalaa manneen murtii ittiin hoogganamanii tajaajila kennaniifi yaad-rimeewwan kenniinsa tajaajilaan wal-qabatan ilaalamanii jiru. Kana malees, safartuuwwan itti-quufinsi tajaajilaa manneen murtii ittiin madaalamu ilaalchisee gaaydilaayniwwaniifi muuxannoowwan dhaabbileefi biyyoota gara garaatiin qophaa'anii ittiin hojjetaman ilaalamanii jiru. Boqonnaa sadaffaa keessatti daataan maloota gara garaatiin funaanaman qindeeffamanii xiinxalamanii jiru. Boqonnaa afraffaafi isa dhumaa jalatti guduunfaafi yaadni furmaataa dhiyaatee jira.

# BOQONNAA LAMA

# SAKATTA'IINSA ITTI-QUUFINSA TAJAAJILAMTOOTA MANNEEN MURTII: YAAD-RIMEEWWANIIFI MUUXANNOOWWAN

## 2.1. Yaad-rimee Kenniinsa Tajaajilaa

Dhaabbanni yookiin jaarmiyaan mootummaas ta'e miti-mootummaa tokko kaayyoofi galma dhaabbatuuf qaba. Innis oomisha dhiyeessuu yookiin tajaajila kennuu yookiin lamaan isaa ta'uu danda'a. Kana irraa ka'uun kenniinsa tajaajilaa jechuun adeemsa tajaajilli dhaabbataa yookiin jaarmiyaa mootummaan yookiin miti-mootummaan kennamu tokko tajaajilamaa yookiin fayyadamaa keessaa yookiin alaatiif itti dhiyaatu jechuun hiikuun ni danda'ama.

Kanaaf, yaad-rimeen kenniinsa tajaajilaa taajijilicha adda baasuu, murteessuu, mirkaneessuu, xiinxaluufi saxaxuu of-keessaa qaba.[12] Adeemsi kenniinsa tajaajilaa kunis caaseffama mataa isaa qaba. Caaseffamni kenniinsa tajaajilaa ammoo qajeeltoowwan qindaa'an, istaandardiiwwan, imaammatootaafi dirqamoota adeemsi kenniinsa tajaajilaa haala qabatama tajaajilamaa yookiin fayyadamaafi humna kenniinsa tajaajilaa ilaalcha keessa galcheen ittiin qajeelu qaba.

Gara ijoo qorannoo keenyaatti yoo deebinu, akkuma beekamu biyyi keenya sirna federaalizimiitiin kan bultu ta'uufi caasaan qaama mootummaa sadarkaa federaalaafi naannootti adda kan qoodame ta'uun beekamaadha.[13] Kana malees, sadarkaa federaalattis ta'ee sadarkaa naannootti qoodinsi aangoo caasaa mootummaa akka hojii yookiin tajaajila kennuufi wal-too'achuuf (check and balance) tolutti bakka sadititti qoodameera. Isaanis qaama seera baastuu, qaama seera raawwachiiftuufi qaama seera hiiktuu jedhamu.[14] Qaamni seera hiiktuus qaama aangoo Abbaa Seerummaa Naannichaa yoo ta'u kunis kan manneen murtii Naannichaati.[15] Tajaajilli manneen murtii naannichaa kennanis bu'uuraan tajaajila abbaa seerummaa yoo ta'u kanneen hafan hojii tajaajila kana milkeessuuf hojjetamanidha (accessories to judicial service). Labsiin Lakkoofsa 216/2011 gaalee 'Kenniinsa Tajaajila Abbaa Seerrummaa' jedhuuf hiikoo kennee jira. Bu'uura labsicha keewwta 2 (9)-tiin tajaajila abbaa seerummaa jechuun "hojii ijoo Manneen Murtii ta'ee tajaajilaa fuudhinsa dhimmaa irraa eegalee hanga murtiifi isa booda illee tajaajila adda addaa kana waliin wal-qabatan

[12]Raymond Wu, Concept of Service Provisioning and Realization, IBM Software Group, fuula 1, https://www.atlantis-press.com/article/1149.pdf irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15-tti ilaalame

[13]Heera Mootummaa Federaalaa Diimokiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa (kana booda Heera Mootummaa Federaalaa), Labsii Lakkoofsa 1/1995, keewwata 50 (1)

[14]Heera Mootummaa Federaalaa, akkuma olii, keewwata 50 (2) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa, olitti yaadannoo 1[ffaa], keewwata 46

[15]Akkuma olii, keewwata 79 fi keewwata 63(1)

hunda jechuudha”.[16] Kunis seerota roga qabeessa ta’an kanneen tajaajila kana hogganuuf bahan bu’uura godhachuun tajaajilamaa bira kan qaqqaban yoo ta’u akkuma seensa labsichaa irraa hubatamu tajaajilli kennamu kunis dhaqqabamaa, si’ataafi bu’a qabeessa ta’uu qaba. Iddooniifi haalli tajaajijilli kun itti kennamus haala qabatama tajaajilichaafi hawaas-diinagdee biyyaafi naannichaa waliin fooyya’aa kan adeemu, mijataa, qulqulluufi gahaa ta’uu qaba.[17]

Manneen murtiifi abbootiin seeraa uummata biratti fudhatamummaa (legitimacy) kan horatan akka qaamolee mootummaa biroo uummataan filatamanii osoo hin taane tajaajila haqa-qabeessa kennaniin irraati. Ibsa biraatiin, maddi fudhatamummaa yookiin fudhatamummaa dhabuu qaama abbaa seerummaa tajaajila inni kennudha. Kanaaf, manneen murtii tajaajila kennan gahuumsaan kan hin raawwanne yoo ta’e barbaachisummaan isaanii gaaffii keessa galuun isaa hin oolu. Keessumaayyuu manneen murtii qajeeltoowwan beekamoo: bilisummaa, itti-gaafatamummaafi iftoominaatiin gaggeeffamuun amantaa uummataa akka horatan gahee bakka hin bu’amne kan qabudha.

Ibsa idil-addunyaa mirga namoomaa bara 1948 bahe (UDHR)[18] keewwata 10 jalatti tajaajilli “manneen murtii bilisaafi gartu-maleessaa” ta’uu akka qabu ifatti tumeera. Waliigalteen idil-addunyaa mirgoota siiviliifi siyaasaa (ICCPR) namni kamiyyuu mirga mana murtii ‘gahuumsa qabu, bilisaafi gartu-maleessa ta’e’ irratti dhimmi isaa akka ilaalamuuf mirga qabaachuu ifatti kaa’eera.[19] Heera Mootummaa RDFI keessattis qajeeltoowwan manneen murtii ittiin gaggeeffamaniif bakki ol’aanaan kennameera. Kana malees, Heerichi waliigalteewwan idil-addunyaafi akka Aardiitti jiran kan biyyi kun mallatteessiteef beekamtii kan kennudha (keewwata 9(4)). Heerri kun namni kamiyyuu dhimma isaa mana murtiitti dhiyeeffatee haqa argachuu akka qabu keewwata 37 jalatti akka mirga namoomaa tokkootti kan tume yoo ta’u, qaama abbaa seerummaa bilisa ta’es sadarkaa federaalaafi naannootti hundeesseera (keewwata 78(1)). Kana malees, aangoon abbaa seerummaa kan manneen murtii qofa ta’uufi manneen murtii addaa yookiin kan yeroofii hundaa’uu akka hin dandeenye (kwt 79(1)); qaamni abbaa seerummaa dhiibbaa qaama kamiirraayyuu bilisa ta’uu (keewwata 79(2)), abbootiin seeraa seeraan qofa kan hoogganaman ta’uu (keewwata 79(3)); abbaan

[16]Labsii Lakk. 216/2011, olitti yaadannoo 2ffaa
[17]Labsii Lakk. 216/2011, akkuma olii, seensa Labsichaa keeyyata 2ffaa
[18]Universal Declaration of Human Rights (kana booda UDHR) adopted by the General Assembly Resolution 217A (III), 10 December 1948, https://www.un.org/en/about-us/universal-declaration-of-human-rights irraa gaafa 07/06/2022 sa’aatii 02:28-tti ilaalame
[19]International Covenant on Civil and Political Rights (kana booda ICCPR) adopted by the General Assembly Resolution 2200A (XXI), 16 December 1966, entered into force on 23 March 1976, keewwata 14, https://www.ohchr.org/en/instruments-mechanisms/instruments/international-covenant-civil-and-political-rights irraa gaafa 07/06/2022 sa’aatii 02:35-tti ilaalame

seeraa umuriin sooramaa isaa osoo hin gahiin fedhii isaatiin yookiin hanqina dandeettii yookiin naamusaatiin yoo ta'e malee hojiirraa akka hin kaafamne (keewwata 79(4)); manneen murtii bajata isaanii qaama seera baastuuf dhiyeeffatanii kan mirkaneeffatan ta'uu (keewwata 79(6)) fi kkf ibsamaniiru.

Itti-gaafatamummaanis qajeeltoowwan kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa ittiin gaggeeffamuu qabu keessaa isa ijoo dha. Abbootiin seeraa hojii isaanii ejjennoo cimaadhaan (integrity) yoo hin bahanne itti-gaafatamummaa qabaachuu qabu. Akkaataan itti-gaafatamummaan kun itti mirkanaa'uu qabu garuu sadarkaawwan naamusaa of-eeggannoon qophaa'an bu'uureffatee ta'uu qaba.[20]

Qajeeltoon ijoon kenniinsi tajaajila abbaa seerummaa ittiin gaggeeffamuu qabu inni biraa iftoomina. Qajeeltoon kun hawaasni tajaajilamaan waa'ee dhaabbatichaa, tajaajilaafi hojimaata isaa odeeffannoo guutuu akka qabaatu kan dandeessisudha. Kunis karaalee hubannoon ittiin uumamu mijeessuu kan gaafatudha. Kanaaf qajeeltoon kun gurmaa'ina, bulchiinsa faayinaansiifi odeeffannoowwan biroo qaama abbaa seerummaa uummataaf ifa taasisuu kan gaafatudha. Kunis tajaajila abbaa seerummaa dhaddacha ifaatti kennuu, dhaabbilee miidiyaa waliin hojjechuufi maloota biroo yeroon gaafatu fayyadamuun odeeffannoo mana murtiifi tajaajila kennamuu dhaqqabamaa taasisuun ibsama. Haala kanaan iftoomina mirkaneessuun itti-quufinsa tajaajilamtootni qaama kanarraa qabu dabaluuf faayidaa ol'aanaa qaba.[21]

### 2.2.Maalummaa Tajaajilamaa

Jechi tajaajilamaa jedhu hiikoo waaltawaa ta'e hin qabu. Sababni isaa jechichi amalaafi kaayyoo hundeeffama qaama tajaajila yookiin oomisha dhiyeessu irratti hundaa'uun hiikaa adda addaa kan qabu waan ta'eefidha. Fakkeenyaaf, Bittaaf-gurgurtaa, Daldalaa fi Ikoonoomiksii keessatti maamila yookiin tajaajilamaa jechuun nama yookiin dhaabbata daldalaa dhiyeessitoota gara garaa keessaa filatee tajaajila yookiin oomisha argatu, itti dhimma bahu yookiin bitu jechuudha.[22]

[20] David Pimentel, Balancing Judicial Independence and Accountability in a Transitional State: The Case of Thailand, Pacific Basin Law Journal, Volume 33, 2016: fuula 171, https://escholarship.org/content/qt6gr416nk/qt6gr416nk.pdf?t=ogqid9 irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 4:15-tti ilaalame

[21] Wim Voermans, Judicial Transparency Furthering Public Accountability for New Judiciaries, Article in Utrecht Law Review, Volume 3, Issue 1, June 2007: fuula 159, http://ssrn.com/abstract=998249 irraa gaafa 17/05/2022 sa'aatii 9:05-tti ilaalame

[22] https://marketbusinessnews.com/financial-glossary/customer-definition-meaning/ irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 2:00-tti ilaalame

Akka mana murtiitti immoo tajaajilamaa yookiin maamila jechuun nama (nama uumamaa yookiin nam-tolchee) sababa tajaajila abbaa seerummaatiif mana murtiitii dhimma qabu ta'ee garee wal-falmitootaa, ragoolee, hiiktota afaanii, ogeessota seeraa dirqama ogummaatiif mana murtii irraa dhimma qaban kanneen akka abukaatoo, poolisii, abbaa alangaafi qaamolee biroo tajaajila abbaa seerummaa kennamu keessatti fayyadamaa ta'an biroo kan dabalatudha.[23]

Qaamni tajaajila yookiin oomisha fayyadamu kunis nama dhuunfaa yookiin dhaabbata ta'uu danda'a. Kanaaf, akka waliigalaatti tajaajilamaa jechuun nama dhuunfaa yookiin dhaabbata tajaajila jaarmiyaa dhuunfaa yookiin caasaa mootummaa irraa kennamu yookiin dhiyaatu barbaadu yookiin fayyadamu jechuudha.[24]

Akka manneen murtii Naannoo Oromiyaatti tajaajilamaa jechuun eenyu fa'a akka ta'an Karoora Waggaa Kudhanii Manneen Murtii Oromiyaa (2013 – 2022) keessatti ibsamanii jiru. Isaanis abbaa dhimmaa; BAAWOfi casaa isaa sadarkaan jiran; KPO fi Federaalaafi caasaalee isaanii sadarkaan jiran; hojjettootaafi Oggantoota Manneen Murtii Sadarkaan jiran; Abukaatota dhuunfaafi WANO; Ogeeyyiifi gorsitoota seeraa dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaafi dhuunfaa adda addaafi kanneen biroo akka ta'an adda bahanii jiru.[25]

### 2.3.Maalummaafi Barbaachisummaa Sakatta'iinsa Itti-quufinsa Tajaajilamaa

Sakatta'iinsa itti-quufiinsa tajaajilamaa jechuun tajaajila kennamuun wal-qabatee meeshaa dhaabbanni yookiin jaarmiyaan tokko sadarkaa itti-quufiinsa tajaajilamaa ittiin safaruuf yookiin madaaluuf itti gargaaramudha.[26] Innis safartuu gara gahiinsa maamilli yookiin tajaajilamaan tajaajila kennamu yookiin dhiyaatu irratti qabu madaaluuf yookiin hangam akka gammade agarsiisuuf kan gargaarudha.

Akka waliigalaatti yammuu ilaallu itti-quufiinsa tajaajilamaa jechuun yaad-rimee wal-bira qabiinsa tajaajilamaan tajaajilachaafi haala kenniinsa isaan wal-qabatee jiru itti eegee (expectation) fi xiinxala tajaajila argameefi dhimmoota tajaajilicha kana argachuuf taasiseen (assessment of service provided and perceived value) ibsama.

---

[23]European Commission for the Efficiency of Justice (kana booda CEPEJ), Handbook For Conducting Satisfaction Surveys Aimed at Court Users in Council of Europe's Member States 2, 5, https://rm.coe.int/european-commission-for-the-efficiency-of-justice-cepej-handbook-for-c/168074816f irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15-tti ilaalame

[24]Customer Definition (investopedia.com) irraa gaafa 18/05/2022 sa'aatii 11:22-tti ilaalame

[25]Karoora W-10, olitti yaadannoo 4[ffaa], fuula 19

[26]What is a Customer Satisfaction Survey? | Pipefy https://www.pipefy.com/blog/sales-piptaeline/customer-satisfaction-survey/ irraa gaafa 19/05/2022 sa'aatii 3:30-tti ilaalame

Akka mana murtiitti yammuu ilaallu, itti-quufiinsa tajaajilamaa jechuun gara gahiisa tajaajilamaan tajaajila manni murtii kennuufi mijaa'ina haala naannoo hojii irratti qabu agarsiisuudha. Hiikoo itti-quufinsa tajaajilamtoota mana murtiitiif akka itti aanutti kenname haa ilaallu.

> *"Court user satisfaction is the percent of court users who believe that the court provides procedural justice, i.e., accessible, fair, accurate, timely, knowledgeable, and courteous judicial services."*[27]

Akka hiikoo kana irraa hubatamutti, itti-quufinsi tajaajilamaa mana murtii tajaajilamtoota mana murtii keessaa dhibbeentaa manni murtichaa adeemsa haqa-qabeessa jechuunis tajaajila abbaa seerummaa dhaqqabamaa, haqa baasu, sirrii, yeroo isaa eeggate, beeksumsaafi naamusaan deeggarame argachuu amanan jechuudha.

Sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilamaa kun adda duraan kan barbaachisuufis: sadarkaa itti-quufinsi tajaajilaa irra jiru beekuun dhimmoota karooraafi sirreeffama hatattamaa fi/yookiin yeroo dheeraa barbaadan adda baasuun irratti hojjechuuf; hanqinaalee keessoo kan akka dandeettii raawwachiisummaafi rakkoowwan alaa sadarkaa itti-quufinsa tajaajila manneen murtii irratti dhiibbaa uuman adda baasuufidha.

Kanaaf, sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilamaa ciminaafi hanqinaalee tajaajilamtoonni hojimaata manneen murtii ilaalchisee yaada qaban iftoominaan akka ibsan kan dandeessisudha. Yaadni sakatta'insa kanarraa argamus karooraafi sagantaawwan riifoormii manneen murtii keessatti galtee kan ta'udha. Haaluma kanaanis, si'oomina, bu'a-qabeessummaa, bilisummaafi al-logummaa qaama abbaa seerummaa too'achuufi madaaluu keessatti gumaacha ol'aanaa qaba.

## 2.4.Akkaataa Itti-quufinsi Tajaajilamaa Ittiin-gaggeeffamu: Muuxannoowwan Tokko Tokko

### *2.4.1. Muuxannoo Kaawunsilii Qulqullina Haqaa Komishinii Awurooppaa (CEPEJ)*

CEPEJ'n dhaabbata Komishinii Awurooppaa keessatti hojiilee armaan gadii raawwachuuf hundaa'edha.

- Sirnaan hojjechuu qaama abbaa seerummaa xiinxaluun imaammanni haqaa hordofamuu qabu akeekuu
- Bulchiinsaafi itti-fayyadama yeroo qaama abbaa seerummaa sakatta'uufi fooyyessuu
- Qulqullina kenna tajaajila haqaa fooyyessuu

[27] ICCE, olitti yaadannoo 5[ffaa], fuula 22

- Riifoormiiwwan manneen murtii gamticha keessatti argaman deeggaruu fa'idha.

Dhaabbatichi sirna itti-quufinsa tajaajilamaa (a public-satisfaction approach) ilaalcha tajaajilamtootaa bu'uureffate hordofa. Sirni kun yaad-rimee haqni raawwii keessoo qaama abbaa seerummaa caala itti-quufinsa tajaajilamaa irratti hundaa'a jedhu kan bu'uureffatudha. CEPEJ'n qorannoon itti-quufinsa tajaajilamaa aadaa qulqullinaa jalqabsiisuuf furtuu isa ijoodha yaada jedhu qaba. CEPEJ'n qajeelfama (handbook) itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii A.L.A-tti 2010 qopheesseera. Itti aansuunis cheekliistii ogeessotni qorannoo itti-quufinsa tajaajilamtootaa hojjetu qajeelchuuf gargaaru qopheesse.[28]

Gaaffiileen bar-gaaffii qajeelfama CEPEJ keessatti haammataman mala "SERVQUAL methodology" jedhamuufi hayyoota 'Zeithaml, Parasuraman & Berry' jedhamaniin bara 1985 qophaa'e kan bu'uureffatedha. Bu'uura mala kanaatiin qulqullinni tajaajilaa safaramuu kan qabu garaa garummaa (gap) haala tajaajilamaan barbaachisummaa tokkoon tokkoon tajaajila kennamu itti hubatuufi tajaajila erga argatee booda madaallii inni tajaajilicha irratti qabu bu'uureffachuun ta'uu qaba. Malli kun madaalliin tajaajilamaan kenna tajaajilaa irratti qabu (perception of service) tilmaama haala tajaajilichaa irratti inni dursee qabu (expectations of that service) kan gitu yookiin caalu yoo ta'e tajaajilli kenname qulqullina olaanaa qaba yaada jedhu kan bu'uureffatudha.[29] Tajaajilamaan barbaachisummaa tokkoon tokkoon tajaajilaafi itti-quufinsa argate irratti qabu mala madaallii iskeelii likkert (Likert scale) jedhamuun beekamuun kan ibsu ta'ee sirni sadarkeessaa kunis hiikkoon kan itti kennameefi kan madaalame ta'uu qaba.[30]

Sakatta'iinsa itti-quufinsaa gaggeeffamu keessattuu qulqullina tajaajilaatiin wal-qabatee mala hunda-galeessa ta'e kanneen akka af-gaaffii, marii garee, daawwannaafi tajaajilamaa fakkaatanii dhiyaachuun tajaajilicha gaafachuu ("mystery shops") fa'iin deeggaramuu qaba.[31] Bar-gaaffiin CEPEJ'n qophaa'e muuxannoowwan gaggaarii biyyoota miseensa gamtaa Awurooppaa ta'an irraa kan fudhatame ta'ee haala qabatamaa biyyaa waliinis ilaalamee akka madaqfamuu danda'utti kan yaadamedha.

Akka qajeelfama CEPEJ-tti gaaffiin bar-gaaffii qophaa'u madaallii tajaajilamtoonni ciminaafi laafina tajaajila mana murtichaatiin kennameef irratti qaban akka ibsatan kan affeeru ta'uu qaba. Bu'uuruma kanaatiin bar-gaaffichi kutaa gaaffii cufaa qabuufi agarsiiftuuwwan ijoo

[28]Marija Vuksanovich, Surveys of Judicial Independence Methodological Approach for Monitoring User Satisfaction and Perceptions, 2015: fuula 9, ISBN 978-608-4758-00-6
[29]Vuksanovich, akkuma olii, fuula 22
[30]Vuksanovich, akkuma olii, fuula 23
[31]CEPEJ, olitti yaadannoo 23[ffaa], fuula 5

(key indicators) manneen murti hundaaf raawwatiinsa qabu qabaachuu qaba. Kana malees, gaaffiilee manneen murtii adda addaatiif akkaataa qabatama isaaniitiin raawwatiinsa qaban haammachuu danda'a.[32]

### *2.4.2. Godayyaa Idil-addunyaa Gahumsa Manneen Murtii (International Framework for Court Excellence)*

Raawwii manneen murtii madaaluufi sirna madaallii isaa diriirsuu irratti hojiiwwan akka idil-addunyaatti hojjetaman keessaa tokko 'IFCE'-dha. Godayyaan kun qaama 'International Consortium for Court Excellence' jedhamuun kan qophaa'e yoo ta'u, safartuuwwanfi hooggansa raawwii hojii manneen murtii ilaalchisee qajeeltoowwan akka idil-addunyaatti fudhatama qaban haammatee kan bahedha. Bu'uura kanaan hojichi maxxansa 3[ffaa] dhaabbatichaatiin kan bahe yoo ta'u, maxxansi jalqabaa dhaabbatichaa bara 2012 A.L.A-tti kan lammataa bara 2018 A.L.A-tti, maxxansi 3[ffaa']n kun immoo bara 2020 A.L.A-tti, kan maxxanfamedha. Maxxansawwan lamaan duraanii moggaasa 'global measures' jedhuun dhimmoota ijoo raawwii manneen murtii safaru jedhan 11 kan of-keessaa qaban yoo ta'u isaan kana keessaa inni tokko akkaataa itti-quufinsi tajaajilamaa manneen murtii ittiin safaramu kan agarsiisudha.[33]

Kaayyoon itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtiis sadarkaa tajaajilli mana murtichaa guyyaa madaalliin gaggeeffame sanatti (on a typical day) irra jiru ija tajaajilamaatiin madaaluun galtee argachuufi bu'a-qabeessummaa manneen murti mirkaneessuudha.[34]

Maxxansi kun mala sakatta'iinsi itti-quufinsa tajaajilaa ittiin gaggeeffamuu qabus ni ibsa. Akkaatuma kanaan daataa itti-quufinsaa kana guutuu kan qabu namoota guyyaa daatichi guutamu mana murtichaatti tajaajilaman (actual users of the court on a "typical" day) ta'uu akka qaban ibsa. Guyyaan daataan kun itti guuchifamuu qabus (typical day) guyyaa guyyoota hojii biroo mana murtichaa bakka bu'uu danda'u ta'uu qaba. Itti-quufinsi kunis manneen murti hundumaa keessatti waggaatti yeroo lama itti-fufiinsaan akka gaggeeffamuu qabu sanadni kun ni gorsa. Qaama itti-quufinsa kana gaggeessuu qabu ilaalchisees hojjetaa mana murtiitiin gaggeeffamuu akka danda'u ibsa.[35]

Maxxansi 3[ffaa] kun itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii madaaluuf safartuuwwan ijoo 10 tarreesseera. Isaanis: dhaqqabummaa mana murtichaafi kutaalee gara garaa tajaajilli itti kennamuu, nageenyummaafi mijaa'ina iddoo hojii, dhaqqabummaa odeeffannoo mana

---

[32]CEPEJ, olitti yaadannoo 23[ffaa], fuula 7
[33]ICCE, olitti yaadannoo 5[ffaa]
[34]ICCE, akkuma olii, fuula 22
[35]ICCE, akkuma olii, fuula 24

murtichaa, naamusaafi kabajaan keessummeessuu hojjettootaafi abbootii seeraa mana murtichaa, iftoominaafi si'oomina hojii mana murtichaa, ija tokkoon keessummeessuu fa'a.[36] Maxxansi 3[ffaa] 'IFCE' kan tajaajilamaan qabxiilee olitti ibsaman irratti hundaa'uun madaallii kennu akkuma jirutti ta'ee, manneen murtiis raawwii isaanii ofii isaaniitii akka madaalan gochuus (self-assessment) kan jajjabeessudha.

Odeeffannoon bar-gaaffiin erga walitti qabame booda itti-quufinsi tajaajilamtootaa haala kamiin akka shallagamus sanadni kun foormulaa hojiirra ooluu qabu teechiseera. Bu'uuruma kanaan, itti-quufinsi tajaajilamaa mana murtii = ((A + B)/(A + B + C + D)) X 100; A = Cimseen waliigala, B=Waliin gala, C = Walii hin galu, D= Cimseen walii hin galu.[37] Fakkeenyaaf, deebiin hirmaattotni 'naamusa gaariin keessummaa'uu" ilaalchisee kennan %20 "cimseen waliigala" kan jedhu yoo ta'e, kan hirmaattota %40 immoo "waliin gala" kan jedhu yoo ta'e, karoorri akka mana murtiitti irra gahuuf qabame immoo %70 yoo ta'e, deebii hirmaattota "cimseen waliigala" jedhaniifi "waliin gala" jedhanii walitti ida'uun (%40+%20=%60) galma manni murtichaa qabate (%70) waliin ilaalamuun raawwiin jiru fudhatama kan qabu yookiin kan hin qabne ta'uu agarsiisuun ni danda'ama jechuudha. Kana malees, sadarkaan itti-quufinsaa daataa bar-gaaffii irraa argamu odeeffannoo haala dhuunfaa hirmaattota kanneen akka koorniyaa, gosa dhimmaa, sadarkaa mana murtii fa'a waliinis xiinxalamuu qaba. Bu'uura kanaanis haalotni kunneen itti-quufinsa tajaajilamaa waliin hariiroo cimaa kan qaban yoo ta'e dhimmoota kanneeniif xiyyeeffannoo kennuun itti-quufinsa tajaajilamaa fooyyessuuf kan dandeessisu ni ta'a.[38]

### *2.4.3. Sakatta'iinsawwan Itti-quufinsa Tajaajilamtoota Manneen Murtii Gaggeeffaman*

Itti-quufinsa Tajaajilamtoota Manneen Murtii Sakatta'uuf biyyoota gara garaa keessatti qorannoowwan ni gaggeeffamu. Biyyootni hedduun itti-quufinsa tajaajilamaa kana itti fufiinsaan waggaa waggaan gaggeessu. Sakatta'iinsawwan kunneen hedduun isaanii yaadota gorsaa sanadoota *CEPEJ* fi *IFCE* ka'uumsa godhatanii kan gaggeeffamanidha. Kaan isaaniis muuxannoowwan mataa isaanii fakkeenyummaa qabu itti dabaluun sakatta'iinsa kana gaggeessu.

Isaan keessaa tokko sakatta'iinsa itti-quufinsa Paalestiinonni mana murtii dabalatee qaamolee haqaa isaaniirratti qaban hojjetamedha. Qorannichi UNDP'n deeggaramee kan gaggeeffame yoo ta'u, sakatta'iinsa kana keessatti mala qorannoofi uunkaa daataan bar-gaaffii ittiin

[36]ICCE, olitti yaadannoo 5[ffaa], fuula 24
[37]ICCE, akkuma olii, fuula 33
[38]ICCE, akkuma olii, fuula 32

sassaabamu saxaxuudhaan dhaabbileen qorannoo sadarkaa addunyaatti beekamoo ta'an kanneen akka "University College of London" irratti hirmaataniiru.[39] Bu'uuruma kanaanis, qorannoon kun safartuuwwan raawwii tajaajilaa bakka gurguddoo saditti qooduun itti quufinsa tajaajilaa safaree jira. Isaanis:

1. Safartuuwwan raawwii teeknikaa (Technical performance measures)
2. Safartuuwwan raawwii adeemsaa (Procedural performance measure),
3. Safartuuwwan raawwii bu'uuraa (Normative performance measures) kanneen jedhamanidha.

Safartuuwwann raawwii teeknikaa safartuuwwan xixiqqaa of-jalaa kan qabu yoo ta'u, isaanis: sirna abbootiin dhimmaa dabareen ittiin keessummaa'an (queuing system), tajaajiloota hojjettoota deeggarsaa (clerks)-tiin kennaman, agarsiiftuuwwan bakka tajaajilaa (sign posting) fi qulqullina kan dabalatudha. Safartuuwwan raawwii adeemsaa safartuuwwan xixiqqaa kanneen akka si'oomina tajaajilaafi yeroo mana murtii keessatti eeggachaa turuuf gaafatu kan of-jalatti haammatudha. Safartuuwwan raawwii bu'uuraa immoo ejjennoo cimaa (integrity) qabaachuu mana murtichaan kan wal-qabatan yoo ta'an, isaanis: wal-qixxummaan tajaajiluu, bilisummaan tajaajiluufi haqa-qabeessumma hojii abbaa seerummaa (fairness of court verdicts) kan haammatudha.[40]

Biyyi Keeniyaas itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii yeroo yeroon gaggeessiti. Keeniyaan biyyoota yaadota gorsaa IFCE keessayyuu: dandeetti qulqulleessuu (case clearance rate), dhimmota daangaa kaa'ame keessatti hin xumuramne yookiin kuufama galmee (case backlog) fi itti-quufinsa tajaajilamaa manneen murtii fudhatanii hojiirratti itti gargaaraman keessaa ishii tokko.[41] Haaluma kanaan Keeniyaan itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii sadarkaa biyyaalessaatti bara 2015, 2017 fi 2019 A.L.A-tti gaggeessiteetti. Bu'aa sakatta'iinsa gaggeeffamuu kan yeroowwan darbanii waliin gaggeessuufis fooyya'iinsa muraasa taasifamaniin alatti mala qorannoo walitti dhiyaataa gargaaramu. Sakatta'iinsi Keeniyaan bara 2019 A.L.A-tti gaggeessite adda duraan mala hammamtaa yaa fayyadamullee malee mala akkamtaas gargaarameera. Bar-gaaffiin hojiirra oole gaaffii cufaa mala hammamtaatiin xiinxalame kan qabu yoo ta'u, gaaffiileen banaan bar-gaafficha irratti gaafatamaniif deebiin kenname mala akkamtaatiin xiinxalameera.[42]

[39] UNDP Research conducted in partnership with the University College of London, Creative Business Solutions and Al-Wedad Society for Community Rehabilitation, Public Perceptions of Palestinian Justice and Security Institutions, 2012 (kana booda UNDP Research), fuula 7
[40] UNDP Research, akkuma olii, fuula 26-27
[41] Kenya CUSS, olitti yaadannoo 11[ffaa], fuula 2
[42] Kenya CUSS, akkuma olii

Sakatta'iinsa Keeniyaan bara 2019 A.L.A-tti gaggeessite keessatti hangi eddattoo (sample size) fudhatame moodeela Fiisher (Fishers' model) bu'uura kan godhatedha. Sakatta'iinsichi sirna eddattoo "*Stratified random sampling technique"* gargaaramuun manneen murtii sadarkaan jiran irraa baay'inni tajaajilamtootaa gahaa ta'e akka bakka buufamu taasisuuf kan yaaledha. Hirmaattota bar-gaafficha guutan yeroo filatus sirna "simple random sampling" kan hordofedha.[43] Sakatta'iinsa kana keessatti xiinxalli daataa kan gaggeeffameefi bu'aan isaa kan dhiyaate "descriptive statistics" gargaaramuudhan. Tajaajilamtootni sadarkaa itti-quufinsa isaanii akka guutan kan taasifame sadarkaan itti quufinsaa qabxii 1 hanga 4 (4-point Likert scale) akka filannootti dhiyaate keessaa akka filatani taasisuuni. Isaanis Cimsee walii hin galu, walii hin galu, waliin gala, cimseen waliigala kanneen jedhanidha.[44] Sakatta'iinsi kun itti-quufinsi akka waliigalaatti manneen murtii Keeniyaa qaban %67 ta'uu kan agarsiise yoo ta'u, sadarkaa Mana Murtii Waliigalaatti %73, Mana Murtii Olaanaatti %68, Sadarkaa Mana Murtii Jalqabaatti (Magistrates' Courts) %67 ta'uu kan agarsiisedha.[45]

[43]Kenya CUSS, olitti yaadannoo 11[ffaa], fuula 4
[44]Kenya CUSS, akkuma olii, fuula 5
[45]Kenya CUSS, akkuma olii, fuula 10

## BOQONNAA SADI

## ARGANNOOWWAN SAKATTA'IINSICHAA

### 3.1.Seensa

Boqonnaan kana keessatti argannoowwan sakatta'iinsa itti-quufinsa tajaajilamtoota Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa agarsiisuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, daataan maloota bar-gaaffii, marii garee, daawwannaa, af-gaaffiifi tajaajilamaa fakkaachuun haala keessummeeessaa madaaluutiin walitti qabaman mata dureewwan xixiqqaa hunduma jalatti cuunfamanii duraa duuba olitti ibsameen kan dhiyaataniifi kan xiinxalaman ta'a.

Argannoowwan daataa bar-gaaffii moosaajii SPSS jedhamu gargaaramuun kan cuunfame yoo ta'u, xiinxalli sadarkaa itti-quufinsaas dhibbeentaatti jijjiiramee kan dhiyaatedha. Dhibbeentaan sadarkaa itti-quufinsaa agarsiisu kun bu'uuruma olitti muuxannoo boqonnaa 2[ffaa] keessatti ibsameen foormulaa (itti-quufinsi tajaajilamaa mana murtii = ((A + B)/ (A + B + C + D)) X 100; A = Cimseen waliigala, B=Waliin gala, C = Walii hin galu, D= Cimseen walii hin galu) hordofuun kan herreegamedha. Dhibbeentaan sadarkaa itti-quufinsaa erga adda bahe booda, hangi itti-quufinsaa dhibbeentaan adda bahe kun akkamitti sadarkeeffama yookiin maal akka agarsiisu hiikoo itti kennuun lafa kaa'uun murteessaadha. Hiikoo itti kennamu kana iskeeliin sakatta'iinsa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii bara 2012 A.L.I-tti MMWO-tiin gaggeeffame irratti hojiirra oole fudhatameera. Bu'uura kanaanis: qabxiin itti-quufinsaa waliigalaa 85% fi isaa ol yoo ta'e = sadarkaa baay'ee gaarii; qabxiin itti-quufinsaa %71- 85% yoo ta'e sadarkaa gaarii; qabxiin itti-quufinsaa %51-70 % yoo ta'e sadarkaa fooyya'aa; qabxiin itti-quufinsaa %41-50% yoo ta'e sadarkaa gad-aanaa; qabxiin itti-quufinsaa 40% fi isaa gadi yoo ta'e sadarkaa daran gad-aanaa ta'a.[46]

### 3.2.Sadarkaa Amanamummaafi Qulqullummaa Daataa (Reliability of Data)

Sadarkaa amanamummaafi qulqullinaan guutamuu daataa qorannoo hammamtaa adda baasuun qulqullina qorannichaatiif iddoo ol'aanaa qaba. Kunis mala safartuu 'inter-rater reliability'[47] (Cronbach's Alpha) jedhamuun kan adda ba'udha. Mala kana garagaaramuun bu'aan argamu 0.75 fi isaa ol-yoo ta'e daataan qorannichaa amanamaafi qulqullinaan kan guutame ta'uu agarsiisa. Bu'uuruma kanaan daataan bar-gaaffii qorannoo kanaatiin walitti

[46]Rattaa Baqqalaafi Iyyaasuu Adimaasuu, Xiinxala Itti-Quufiinsa Tajaajilamtootaa Manneen Murtii Oromiyaa, 2012, fuula 21

[47]In statistics, inter-rater reliability is a way to measure the level of agreement between multiple raters or judges. It is used as a way to assess the reliability of answers produced by different items on a test. If a test has lower inter-rater reliability, this could be an indication that the items on the test are confusing, unclear, or even unnecessary. In general, an inter-rater agreement of at least 75% is required in most fields for a test to be considered reliable. https://www.statology.org/inter-rater-reliability/ irraa gaafa 06/06/2022 sa'aatii 02:30-tti ilaalame

qabame safartuu kanaan yoo madaalamu bu'aan isaa (Cronbach's Alpha) 0.878 irra jiraachuun kan adda bahe yoo ta'u kunis daatichi amanamaafi qulqullinaan kan guutame ta'uu ni mirkaneessa.

### 3.3.Facaatii Haala Hirmaattota Bar-gaaffii Guutanii

Facaatiin haala hirmaattota bar-gaaffii guutanii gabatee itti aanu keessatti ibsameera.

**Gabatee 6: Gabatee facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii guutanii**

| **Facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii** | | Baay'ina hirmaattotaa | |
|---|---|---|---|
| | | Lakkoofsaan | % dhaan |
| **Umurii** | 18-25 | 101 | 12.1 |
| | 26-39 | 391 | 46.7 |
| | 40-59 | 285 | 34.1 |
| | 60 fi isaa ol | 60 | 7.2 |
| | Ida'ama | 837 | 100 |
| **Koorniyaa** | Dhiira | 578 | 75.1 |
| | Dubartii | 192 | 24.9 |
| | Ida'ama | 770 | 100 |
| **Sadarkaa barnootaa** | Kan hin baranne | 187 | 22.5 |
| | Kutaa 1-8 | 220 | 26.5 |
| | Kutaa 9-12 | 113 | 13.6 |
| | Sartifikeetii yookiin dippiloomaa | 72 | 8.7 |
| | Digiriifi isaa ol | 238 | 28.7 |
| | Ida'ama | 830 | 100 |
| **Sadarkaa mana murtii** | MMA | 532 | 62.7 |
| | Manneen Murtii Ol'aanaa | 257 | 30.3 |
| | MMWO | 60 | 7.1 |
| | Ida'ama | 849 | 100 |
| **Sababa itti mana murtii dhufan** | Himataa/iyyataa/ol'iyyataa | 295 | 34.9 |
| | Himatamaa/deebi-kennaa | 182 | 21.5 |
| | Shakkamaa/himatamaa/sirreeffamaa seeraa | 64 | 7.6 |
| | Hiriyaa/maatii | 54 | 6.4 |
| | Ragaa | 49 | 5.8 |
| | Abukaatoo dhuunfaa/dubbi-fixaa | 86 | 10.2 |
| | Abbaa Alangaa | 55 | 6.5 |
| | Qorataa Poolisii | 49 | 5.8 |
| | Kan biraa | 11 | 1.3 |
| | Ida'ama | 845 | 100 |
| **Abukaatoo kan qabaniifi hin qabne** | Hirmaattota abukaatoon falmatan | 138 | 21.1 |
| | Hirmaattota ofii isaanitiin falmatan | 515 | 78.9 |
| | Ida'ama | 653 | 100 |
| **Beellama deddeebi'an** | Yeroo jalqabaaf | 136 | 17.2 |
| | Yeroo 2-5 | 405 | 51.3 |
| | Yeroo 6 fi isaa ol | 249 | 31.5 |
| | Ida'ama | 790 | 100 |
| **Sadarkaa dhimmi irra jiru** | Dhagahi dhimmaa hin eeggalle | 98 | 13.2 |
| | Dhagahi dhimmaa adeemsarra jiru | 419 | 56.5 |
| | Dhagahi dhimmaa xumura argate | 188 | 25.3 |
| | Kan biro | 37 | 5 |
| | Ida'ama | 742 | 100 |

Gabateen armaan olii kun facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii guutanii (demographics of respondents), baay'ina isaanii lakkoofsaafi parsantiidhaan kan agarsiisu yoo ta'u bifa gabaabaafi hubatamuu danda'uun facaatii haala hirmaattotaatiin itti-aanee kan dhiyaatu ta'a. Haata'u malee, baay'inni hirmaattota haala dhuunfaa isaanii hin ibsine (missing value) ibsama kana keessatti hin dabalamne.

**A. Umuriidhaan**

Tajaajilamtoota bar-gaaffii guutan waliigala 849 (dhibba saddeetiifi afurtamii sagal) keessaa hirmaattonni 837 umurii isaanii kan ibsan yoo ta'u hirmaattonni bar-gaaffii guutan baay'inaan warreen umuriin isaanii waggaa 26-39 jirani (46.7 %)-dha. Hirmaattonni bar-gaaffii guutan keessaa lakkoofsi isaanii kan xiqqaatu warreen umuriin isaanii waggaa 60 olii (7.2 %) ta'uu gabatee lakkoofsa 6 armaan olii irraa ni hubatama.

**B. Koorniyaadhaan**

Tajaajilamtoota bar-gaaffii guutan keessaa hirmaattonni 770 (dhibba torbaafi torbaatama) ta'an koorniyaa isaanii kan ibsan yoo ta'u baay'inaan dhiironni bar-gaafficha kan guutan ta'uu agarsiisa. Kunis dhiirri 578 (dhibba shaniifi torbaatamii saddeet) % 75.1 fi dubartiin 192 (dhibba tokkoofi sagaltamii lama) % 24.9 ta'uu gabateen lakkoofsa 6 armaan olii ni agarsiisa. Lakkoofsi hirmaattota dubartootaa kan dhiiraa irra kan xiqqaatef baay'inni dubartoota tajaajilaaf guyyaa daataan walitti qabamu mana murtii dhufan xiqqaa waan ta'eef.

**C. Sadarkaa barnootaatiin**

Tajaajilamtoota bar-gaafficha guutan keessaa hirmaattoonni 830 (dhibba saddeetiifi soddoma) sadarkaa barnootaa isaanii kan ibsanii jiru. Isaanis tartiibaan hirmaattonni baay'ina 238 (% 28.7) digirii jalqabaafi isaa ol, 187 (% 22.5) kan hin baranneefi 72 (%8.7) kan ta'an saartifikeetii yookiin dippiloomaa ta'uu gabateen lakkoofsa 6 armaan olii ni agarsiisa.

**D. Sadarkaa mana murtiitiin**

Tajaajilamtoota bar-gaafficha guutan hundi (849) sadarkaa mana murtii itti-tajaajilamuuf dhufan kan ibsan yoo ta'u baay'inaan hirmaattoonni 532 (% 62.7) ta'an sadarkaa MMA fi muraasni 60 (% 7) ta'an MMWO irraa ta'uu gabateen lakkoofsa 6 armaan olii ni agarsiisa.

**E. Sababa hirmaattonni bar-gaaffii itti mana murtii dhufaniin**

Sakatta'iinsichi tajaajilamtoota hunda kan hirmaachise yoo ta'u hirmaattoonni 846 sababa itti mana murtii dhufan ibsanii jiru. Isaan keessaa baay'inaan 295 (% 34.9) bar-gaafficha kan guutan hirmaattota himataa/iyyataa/ol'iyyataa fi inni xiqqaan 49 (% 5.8) ragootaafi qorattoota poolisii akka ta'an gabatee lakkoofsa 6 armaan olii irraa ni hubatama.

**F. Abukaatoon bakka bu'amuu yookiin bu'amuu dhabuu hirmaattota bar-gaaffii**

Tajaajilamtoota bar-gaafficha guutan keessaa hirmaattonni 653 ta'an abukaatoo dhuunfaatiin bakka bu'amuu yookiin bu'amuu dhabuu kan ibsan yoo ta'u, isaan keessaa hirmaattoonni baay'inni 138 (% 21.1) qofa abukaatoon kan bakka bu'amani dha. Hirmaattonni 515 (% 78.9) ta'an abukaatoo kan hin qabne ta'uu gabatee lakkoofsa 6 armaan olii irraa ni hubatama. Hirmaattonni 196 ta'an abukaatoon bakka bu'umuu yookiin bu'amuu dhabuu isaanii hin ibsine. Isaanis abukaatoo, abbaa alangaa, qorataa poolisii, ragaafi maatii yookiin fira kan dabalatu akka ta'e ni hubatama.

**G. Sadarkaa deddeebii beellamaa hirmaattota bar-gaaffichaatiin**

Tajaajilamtoota bar-gaafficha guutan keessaa hirmaattonni 790 ta'an sadarkaa deddeebii isaanii kan ibsan yoo ta'u hirmaattonni 405 (% 51.3) ta'an beellama yeroo 2-5 kan deddeebi'an ta'uu, hirmaattotni baay'ina xiqqaa qaban 136 (% 17.2) ta'an immoo kan yeroo jalqabaaf mana murtichaa dhufan ta'uu gabatee lakkoofsa 6 armaan olii irraa ni hubatama.

**H. Sadarkaa dhimmi hirmaattota bar-gaaffii guutanii irra jiruutiin**

Tajaajilamtoota bar-gaafficha guutan keessaa hirmaattonni 742 (dhibba torbaafi afurtamii lama) sadarkaa dhimmi isaanii irra jiru kan ibsan yoo ta'u, hirmaattonni baay'ina guddaa qaban 419 (% 56.5) ta'an sadarkaa dhimmi isaanii adeemsa irra kan jiru ta'uu, hirmaattonni baay'ina xiqqaa qaban 37 (% 5) ta'an immoo kanneen biroo (dhimmi isaanii adeemsa dhagahaatiin hin ilaalamne) ta'uu gabatee lakkoofsa 6 armaan olii irraa ni hubatama.

### 3.4.Sadarkaa Itti-quufinsa Waliigalaa (Overall Satisfaction Level)

Bu'uura daataa bar-gaaffiitiin itti-quufinsi waliigalaa tajaajilamtoota manneen murtii naannichaa bara 2014 % 73 irra jira.

**Chaartii 1: Chaartii sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa agarsiisu**



Sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaa kun sadarkaa MMA-tti sadarkaa gaarii irra kan jiru ta'ee argameera. Chaartiin armaan gadii itti-quufinsa tajaajilamtootaa manneen murtii sadarkaan jiran biratti maal akka fakkaatu kan agarsiisudha.

**Gabatee 7: Gabatee itti-quufinsa waliigalaa sadarkaa manneen murtiitiin agarsiisu.**

| Sadarkaa Mana Murtii | Baay'ina hirmaattotaa | | SIQ %-dhaan |
|---|---|---|---|
| | Lakkoofsaan | % dhaan | |
| MMA | 532 | 62.7 | 77 |
| MMO | 257 | 30.3 | 70 |
| MMWO | 60 | 7 | 60 |
| Ida'ama | 849 | 100 | 73 |

Akkuma gabatee armaan olii kanarraa hubatamu Manneen Murtii sadarkaa sadanii yeroo wal-bira qabnee ilaallu hanguma sadarkaan mana murtii dabalu itti-quufinsi tajaajilamtootaa hir'achaa adeema. MMA itti-quufinsa sadarkaa gaarii irra jiru kan qabu yoo ta'u, kan MMO fi MMWO sadarkaa gaarii jedhamuu danda'u irratti kan argamu miti. Karoora wagga 10 Manneen Murtii Oromiyaa waliinis yeroo ilaalamu itti-quufinsi tajaajilamaa sadarkaa MMA-tti galmaa'e bara 2015-tti irra gahuuf sadarkaa karoorfame (% 72) irra dursee kan gahe yoo ta'u, sadarkaa MMO fi MMW-tti sadarkaan itti-quufinsi tajaajilamaa irra jiru karoora kana irraa fagoo (gadi) kan jiru ta'uu hubachuun ni danda'ama. Akka yaadni hirmaattonni qorannichaa marii garee irratti hirmaatan agarsiisutti sababni itti-quufinsi tajaajilamaan sadarkaa MMA-tti qabu fooyya'aa ta'eef dhaqqabummaan kan wal-qabatudha. Bu'uura yaada kanaatiin MMA tajaajilamaatti dhiyeenyatti kan argaman waan ta'eef, akkuma manneen murtii sadarkaan ol-jiranii tajaajilamaa osoo deddeebisanillee baasiifi xaariin tajaajilamaa irratti hordofsiisu kan manneen murtii olii waliin yeroo ilaalamu salphaa waan ta'eef sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaa MMA-tti caalmaa akka qabaatu kan godhedha.[48]

Itti-quufinsi waliigalaa kun sadarkaa mana murtii bu'uureffachuun garaagarummaa kan qabu yoo ta'u, haala dhuunfaa tajaajilamtootaa waliin hariiroo akkamii akka qabus daataa bar-gaaffiitiin adda baasuuf yaalameera. Gabateen itti aanu itti-quufinsa waliigalaa tajaajilamtootaa haala dhuunfaa isaanii waliin kan agarsiisudha.

[48]Marii garee Hoggantootaafi Ogeessota MMA Qimbibiit waliin gaafa 13/07/2014 taasifame

**Gabatee 8: Gabatee itti-quufinsa waliigalaa facaatii haala dhuunfaa hirmaattota bar-gaaffii guutanii (demographics of respondents) waliin wal-bira qabuun agarsiisu**

| **Facaatii haala hirmaattota bar-gaaffii** | | SIQ %-dhaan |
|---|---|---|
| **Umurii** | 18-25 | 80 |
| | 26-39 | 70 |
| | 40-59 | 75 |
| | 60 fi isaa ol | 75 |
| **Koorniyaa** | Dhiira | 72 |
| | Dubartii | 79 |
| **Sadarkaa barnootaa** | Kan hin baranne | 90 |
| | Kutaa 1-8 | 75.5 |
| | Kutaa 9-12 | 75 |
| | Sartifikeetii yookiin dippiloomaa | 64 |
| | Digiriifi isaa ol | 60 |
| **Sadarkaa mana murtii** | MMA | 77 |
| | MMO | 70 |
| | MMWO | 60 |
| **Sababa itti mana murtii dhufan** | Himataa/iyyataa/ol'iyyataa | 80 |
| | Himatamaa/deebi-kennaa | 75 |
| | Shakkamaa/himatamaa/sirreeffamaa seeraa | 75 |
| | Hiriyaa/maatii | 68.5 |
| | Ragaa | 82 |
| | Abukaatoo dhuunfaa/dubbi-fixaa | 59 |
| | Abbaa Alangaa | 56.4 |
| | Qorataa Poolisii | 65 |
| | Kan biraa | 64 |
| **Abukaatoo kan qabaniifi hin qabne** | Hirmaattota abukaatoon falmatan | 64 |
| | Hirmaattota ofii isaanitiin falmatan | 79 |
| **Beellama deddeebi'an** | Yeroo jalqabaaf | 76.5 |
| | Yeroo 2-5 | 78 |
| | Yeroo 6 fi isaa ol | 64 |
| **Sadarkaa dhimmi irra jiruun** | Dhagahi dhimmaa kan hin eeggalle | 78 |
| | Dhagahi dhimmaa kan adeemsarra jiru | 72 |
| | Dhagahi dhimmaa kan xumura argate | 79 |
| | Kan biro | 62 |

Akka gabateen lakkoofsa 8 armaan olii agarsiisutti sadarkaa itti-quufinsaa facaatii haala tajaajilamtootaatiin yoo ilaallu sadarkaa barnootaatiin tajaajilamtoonni baruumsa hin qabne sadarkaan itti-quufinsaa isaan manneen murtii irraa qaban baay'ee gaarii yoo ta'u, umuriidhaan dargaggoonni umuriin isaanii 25 gadi ta'e, koorniyaadhaan dubartoonni, sababa itti mana murtii dhaqaniin himataa/iyyataa/ol'iyyataafi ragaa, kanneen abukaatoo malee ofii isaaniitii falmatan, kanneen yeroo 2-5 beellama deddeebi'aniifi dhagahi dhimma isaanii xumura argate itti-quufinsi isaan qaban sadarkaa gaarii irra kan jiran keessaa adda dureedha.

Dabalataan, dubartootni dhiirota caala tajaajila manneen murtiitti kan quufan ta'uu, akkasumas tajaajilamtootni umuriidhaan sadarkaa dargaggummaa irra jiran (18-25)

tajaajilamtoota sadarkaa umurii biroo keessa jiran caalaa tajaajila manneen murtiitti kan quufan ta'uu ni hubatama. Kana malees, hanguma sadarkaan baruumsaa tajaajilamaa dabalu itti-quufinsi tajaajila manneen murtii irraa qabaatu akka hir'ate daataa kana irraa hubachuun ni danda'ama. Gama biraatiin tajaajilamtoonni dirqama yookiin hojii ogummaa (seeraa yookiin haqaa) isaanii bahachuuf gara mana murtii dhufan kanneen akka abukaatoo, abbaa alangaafi qorataa poolisii, akkasumas tajaajilamtootni abukaatoodhaan bakka bu'aman itti-quufinsi qaban kan tajaajilamtoota biroo waliin yeroo ilaalamu ni xiqqaata. Bu'uura daataa kanaatiin tajaajilamtoonni beellama 2-5 deddeebi'aniifi kanneen beellama 6 ol-deddeebi'an jidduu garaagarummaan itti-quufinsaa jiru % 14-dha. Kunis, beellama mana murtiif tajaajilamaan baay'inaan deddeebi'uun sababoota sadarkaa itti-quufinsaa adda durummaan gad-buusan keessaa isa tokko ta'uu ni agarsiisa.

Dabalataanis daataan kun sadarkaan dhimmi tajaajilamaa irra jiru (dhagahi dhimma kan hin eegalle, kan xumurame, kan adeemsarra jiru ta'uun isaa) itti-quufinsa irratti dhiibbaan inni qabu cimaa akka hin taane ni agarsiisa.

### 3.5. Sadarkaa Itti-quufinsa Tokkoon Tokkoo Safartuuwwan Tajaajilaa

Muuxannoowwan CEPEJ, IFCE, fi qorannoowwan SIQT akka muuxannoo gaariitti olitti ibsaman bu'uura godhachuun, itti quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii naannoo keenyaa adda baasuuf ni gargaaru amantaa jedhuun safartuuwwan tajaajilaa 22 adda bahaniiru. Safartuuwwan tajaajilaa kanneen irratti hirmaattotni bargaaffii guutaani hundi itti quufinsa isaanii akka sadarkeessan kan taasifame yoo ta'u, bu'aan argame akka itti aanutti gabatee lakkoofsa 10 keessatti kan ibsamedha.

**Gabatee 9: Gabatee sadarkaa itti-quufinsa tokkoon tokkoo safartuuwwan tajaajilaa agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ %'dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Tajaajilamaan dhaddachaalee yookiin iddoowwan tajaajilli itti kennamu biroo salphaatti argachuu ni danda'a | 82 | 73 | 75 | 78.5 |
| 2. | Tajaajilamaan odeeffannoo waa'ee tajaajila mana murtichaan kennamuu salphaatti ni argata | 78 | 75 | 78 | 77 |
| 3. | Odeeffannoon tajajilamaan argatu sirriifi ifa | 77 | 74 | 78 | 76 |
| 4. | Bakki hojii qulqulluufi mijataadha | 66 | 74 | 71 | 69 |
| 5. | Tajaajilamaan akkaataa dhufaatii isaatiin dabareen ni keessummaa'a | 74 | 70 | 66 | 72 |
| 6. | Sirnii fi hojimaatni dhamaatii fi baasii tajaajilamaa hir'isu hojiirra ooleera | 60 | 53 | 60 | 57 |
| 7. | Kenna tajaajilaa keessatti dubartii ulfaaf, namoota sababa miidhaa qaamaa, haala fayyaa yookiin umurii isaaniitiin deeggarsa barbaadaniif haalli mijataan ni jira | 41 | 31.5 | 46 | 38 |
| 8. | Ofiserootni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa obsaafi ilaalcha gaariin tajaajilamaa ni keessummeessu | 75 | 72.5 | 66 | 72.5 |
| 9. | Ofiserootni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'anii tajaajilamaa ni keessummeessu | 71 | 70 | 68 | 70 |
| 10. | Tajaajilli ofiserootaa fi hojjettoota deeggarsaa biroo qulqullina qaba | 73 | 72 | 75 | 72 |
| 11. | Kenni tajaajilaa istaandardii yeroo taa'eef keessatti kan xumuramuu fi si'oomina kan qabu dha | 61 | 53 | 46 | 57 |
| 12. | Yeroon hojii fi sa'aatiin beellamaa ni kabajama | 65 | 50 | 64 | 60 |
| 13. | Beellama kennamu jidduutti yeroo gahaan ni kennama | 77 | 72 | 81 | 76 |
| 14. | Adeemsi kenniinsa tajaajilaa ifa | 78 | 68 | 76 | 75 |
| 15. | Abbaan seeraa dhimmicha beekee dhagaha gaggeessuuf qophii barbaachisu ni taasisa | 76.5 | 69 | 64 | 73 |
| 16. | Abbaan seeraa tajaajilamaa sirnaan dhaggeeffachuun, kabajaan, obsaan, miiraafi ilaalcha gaariin ni keessummeessa | 81 | 76 | 68 | 79 |
| 17. | Abbaan seeraa gartummaa irraa bilisa ta'ee falmii ni hooggana | 74 | 65 | 69.5 | 71 |
| 18. | Abbaan seeraa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'ee ni tajaajila | 72 | 63 | 58 | 68 |
| 19. | Abbaan seeraa gaaffii yookiin yaada qabu yeroo ibsu haala hubatamuu danda'uuni dha | 82 | 77 | 80 | 80 |
| 20. | Tajaajilamaan yaada isaa akka ibsatuuf yeroo gahaan ni kennama | 78 | 73.5 | 66 | 76 |
| 21. | Tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa | 58 | 53 | 49 | 56 |
| 22. | Murtiin kennamu tilmaamawaa fi qulqullina kan qabudha | 61 | 50 | 47 | 57 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu safartuuwwan yaadni irratti kenname keessaa sadarkaa itti-quufinsaa ol'aanaa kan qabu "abbaan seeraa gaaffii yookiin yaada qabu haala hubatamuu danda'uun ibsuu" kan jedhu yoo ta'u (% 80), baay'ee gad-aanan immoo "kenni tajaajilaa haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu galeessa godhachuu" kan jedhu (% 38) ta'uu bu'aan sakkata'iinsichaa ni agarsiisa. Sadarkaan itti-quufinsaa safartuuwwan tajaajilaa baay'ee gaariifi sadarkaa gad-aanaa jalatti kufu hin jiru. Sadarkaa gaarii jalatti kan kufu garuu safartuuwwan tajaajilaa 13 yoo ta'an jiddu-galeessa jalatti kan kufan immoo 8-dha.

Itti aansuun safartuuwwan tajaajilaa kanneen akkaataa wal-fakkeenya isaaniitiin garee gareetti qooduun wal-bira qabnee kan ilaallu ta'a.

### *3.5.1. Safartuuwwan Raawwii Teeknikaa (Techinical Performance Measures)*

Safartuuwwan raawwii tekinikaa safartuuwwan xixiqqaa 10 of jalaa kan qaban yoo ta'u, itti-quufinsi waliigalaa isaan qaban % 68-dha. Kunis sadarkaa jiddu-galeessa irratti argama. Safartuuwwan raawwii teekinikaa haala wal-fakkaatina isaanitiin iddoo afuritti haala armaan gadiitti qooduun kan ilaallu ta'a.

### A. Dhaqqabummaa Iddoowwaniifi Odeeffannoo tajaajilaa

Daataan bar-gaaffii akka agarsiisutti dhaqqabummaa iddoowwaniifi odeeffannootiin wal-qabatee itti-quufinsi tajaajilamtootaa % 77 irra kan jiru yoo ta'u sadarkaa manneen murtii sadanittuu gaarii ta'ee sadarkaa MMA-tti irra caala gaarii ta'uu gabateen itti-aanu ni agarsiisa.

**Gabatee 10: Gabatee sadarkaa itti-quufinsa dhaqqabummaa iddoofi odeeffannoo tajaajilaa agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ %'dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Tajaajilamaan dhaddachaalee yookiin iddoowwan tajaajilli itti kennamu biroo salphaatti argachuu danda'a | 82 | 73 | 75 | 78.5 |
| 2. | Tajaajilamaan odeeffannoo waa'ee tajaajila mana murtichaan kennamuu salphaatti ni argata | 78 | 75 | 78 | 77 |
| 3. | Odeeffannoon tajajilamaan argatu sirriifi ifa | 77 | 74 | 78 | 76 |
| | Jiddu-galeessa | 79 | 74 | 77 | 77 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu dhaqabummaa odeeffannoofi tajaajilaatiin wal-qabatee itti-quufinsi sadarkaa MMA-tti (% 79), MMWO-tti (%77) fi MMO-tti (% 74) ta'uun sadanuu sadarkaa gaarii irratti argamu.

Daawwannaan manneen murtii filataman irratti gaggeeffames dhaqqabummaa iddoofi odeeffannoo tajaajilaatiin wal-qabatee haalli jiru gaarii ta'uu kan agarsiisudha. Bu'uuruma

kanaan manneen murtii tokko tokko poostara chaartarii lammiilee, gabatee beeksisaa ni qabu.[49] Manneen Murtii muraasni immoo agarsiiftuu kallattii kan qaban yoo ta'u,[50] kaan isaanii immoo beeksisa 'eessa deemuu barbaaddu' jedhu qofa qabu,[51] kan sanas hin qabne ni jiru.[52] Manneen murtii kaan immoo gabatee beeksisaa hin qaban,[53] yookiin qabaatanis sadarkaa isaa kan eeggate miti.[54] Kaan isaanii immoo poostara chaartarii lammiilee kan yeroon irra darbe kan qaban yoo ta'u, kanneen siruma hin qabnes jiru.[55] Manneen murtii daawwataman tokko tokko garuu poostara chaartarii lammiilee, gabatee beeksisaafi agarsiiftuu kallattiis hin qaban.[56] Manneen murtii tokko tokkotti seensa irratti sakkatta'iinsi kan hin taasifamne ta'uu, qaamni namoota mooraa seenan maaliif yookiin eessa akka deeman gaafatuufi akeeku kan hin jirre ta'uu, kun immoo keessummeessa tajaajilamaa irratti dhibbaa kan qabu ta'uun akkuma jirutti ta'ee tasgabbiifi nageenya iddoo hojii irrattis rakkoo hordofsiisuu akka qabaatu kan agarsiisudha.[57]

Akka daataa daawwannaa irraa hubatamutti manneen murtii hedduun saanduqa yaadaa yoo qabaatanillee saanduqootni kunneen yeroo banaman yaada barreeffame of-keessaa hin qabani.[58] Bakka tokko tokkotti immoo saanduqni yaadaa iddoo abbootii dhimmaaf dhaqqabamaa hin taane kan teechifamedha.[59] Bakka kaanittis furtuun saanduqa yaadaa dhabame waan jedhameef yaada saanduqicha keessa jiru ilaaluun hin danda'amne.[60] Manneen murtii daawwataman hedduun galmee yaadaa ni qabu,[61] gariin yaadni keessatti barreeffame hin jiru,[62] gariin immoo yaada

[49]Daawwannaa haala kenniinsa tajaajilaafi mijaa'ina haala naannoo hojii MMO Godina Harargee Bahaafi Shawaa Bahaatti gaafa 05/07/2014; Jimma, Baalee fi Shawaa Lixaatti, wal-duraa duubaan gaafa 13, 19 fi 20/07/2014 taasifameefi MMA Magaalaa Bishooftuu, Loodee Heexosaa, Qarsaafi Gaasaraatti, wal-duraa duubaan gaafa 08, 13, 14, fi 21/07/2014 taasifame irraa

[50]Daawwannaa MMO Godina Arsii Lixaatti gaafa 05/07/2014; MMA Abbichuu Nya'aafi Xiyootti gaafa 14/07/2014 fi Gaasaraatti gaafa 21/07/2014 taasifame irraa

[51]Daawwannaa MMO Godina Baaleetti gaafa 19/07/2014; fi Arsiitti gaafa 12/07/2014 taasfame irraa

[52]Daawwannaa MMA Magalaa Shaashamanneefi Sabbataatti gaafa 07 fi 08/07/2014 taasifame irraa

[53]Daawwannaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014 taasifamee fi Shaashamanneefi Sabbataa, akkuma olii

[54]Daawwannaa MMO Godina Arsii Lixaatti gaafa 05/07/2014; MMA Haramayaa fi Wandootti gaafa 06/07/2014 taasifame irraa

[55]Daawwannaa MMO GAONF gaafa 03/08/2014; MMA Gumbichuu, Gommaafi Ambootti, wal-duraa duubaan gaafa 07, 13 fi 21/07/2014 taasifame irraa

[56]Daawwannaa MMO GAONF gaafa 03/08/2014; MMA Haramayaa, Baabbilee, Barraak, Ejersa Lafoo, Baabbileefi Gobbaatti, wal-duraa duubaan gaafa 06, 07, 12, 19 fi 20/07/2014 taasifame irraa.

[57]Daataa tajaajilamaa fakkaachuun haala keessummeessa MMO Godina Arsii Lixaa, Shawaa Kaabaa, MMA Wandoo, Magaalaa Shaashamannee, wal-duraa duubaan gaafa 05, 06, 07, 15/07/2014 fi fi GAONF-tti gaafa 03/08/2014-tti madaalame irraa

[58]Daawwannaa MMO Godina Harargee Bahaa, MMA Haramaayaa, Gumbichuu fi Gobbaa fi MMO Godina Baaletti gaafa 05, 06, 07, fi 19/07/2014 taasifame irraa

[59]Daawwannaa MMO Godina Arsiitti gaafa 12/07/2014 taasifame irraa

[60]Daawwannaa MMO Godina Shawaa Bahaa, MMA Baabbilee, Gommaa, Amboo fi MMO Godina Shawaa Lixaatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 07, 13 fi 20/07/2014 taasifame irraa

[61]Daawwannaa MMA Haramaayaatti gaafa 06/07/2014 taasifame irraa

muraasa qofa of-keessaa qabu. Ta'us bakka hedduutti galmeen yaadaa dhukkeefi roobaan manca'ee tajaajila kennuuf qophii miti.[63] Tajaajilamaa fakkaatanii dhiyaachuun waa'ee odeeffannoo tajaajilaa bilbilaan gaafatameenis odeeffannoo si'ataa kennuu irratti hanqinni kan jiru ta'uun hubatamee jira.[64]

**B. Mijaa'ina Haala Naannoo Hojii**

Mijaa'ina haalaa naannoo hojiitiin wal-qabatee itti-quufinsi tajaajilamtoota MMNO-tiin jiru % 69 yoo ta'u kunis sadarkaa jiddu-galeessa irratti kan argamudha. Sadarkaa mana murtiitiin yoo ilaallu itti-quufinsi mijaa'ina haala naannoo hojiitiin wal-qabatee MMO-tti (% 74) fi MMWO-tti (% 71) sadarkaa gaariifi MMA-tti (% 66) sadarkaa jiddu-galeessa irra kan jiru ta'uudha.

Daataan daawwannaa, marii gareefi afgaaffiin walitti qabame mijaa'ina naannoo hojiitiin wal-qabatee manneen murtii jidduu garaagarummaan bal'aan kan jiru ta'uu agarsiisa. Daataan marii garee irraa argame akka agarsiisutti mijaa'ina haala naannoo hojiitiin wal-qabatee hanqinaaleen ijoon manneen murtii hedduu biratti mul'atan: kutaaleen tajaajilaa gahaan jiraachuu dhabuu,[65] iddoowwan tajaajilaa qulqullina kan hin qabneefi gahaa kan hin taane ta'uu,[66] keessattuu dhaddachiifi iddoon tursiisa daa'immanii guuttamee jiraachuu dhabuu,[67] manni fincaanii, iddoon haara galfiifi bakki konkolaataan tajaajilamtootaa dhaabatu kan hin jirre ta'uu,[68] yoo jiraates qulqullina kan hin qabne, gahaafi mijataa kan hin taane ta'uu,[69] meeshaaleen teeknoloojiifi meeshaaleen biroo hojiif barbaachisan guutamuu dhabuu,[70] meeshaleen hojiif bitamanis tajaajila sirnaan kennuuf qulqullina kan hin qabne ta'uu (faakkeenyaaf laaptooppii)[71] fa'a ta'uu ka'ee jira. Bakka tokko tokkotti baay'ina abbaa dhimmaafi dhiphina bakka teessumaa irraa kan ka'e tajaajilamtootni sagalee jeequmsaa uumamuun yeroo waamicha dhaddachaa dhagahuuf

---

[62]Daawwannaa MMA Gumbichuutti gaafa 07/07/2014 taasifame irraa
[63]Daawwannaa MMA Baabbileetti gaafa 07/07/2014 taasifame irraa
[64]Daataa tajaajilamaa fakkaachuun odeeffannoo tajaajilaa bilbilaan Ofisera Seeraa MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa gaafa 01/09/2014 sa'aatii 4:56-tti gaafatame irraa
[65]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Shaashamannee, MMO Godina Shawaa Kaabaa fi MMA Amboo waliin, wal-duraa duubaan gaafa 07, 15 fi 21/07/2014 taasifame.
[66]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Sabbataa, Barraakii fi Qimbibiit waliin, wal-duraa duubaan gaafa 08, 12 fi 13/07/2014 taasifame
[67]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Sabbataa; Barraak; Gommaa; Qarsaa fi Amboo waliin wal-duraa duubaan gaafa 08, 12, 13, 14, fi 21/07/2014 taasifame
[68]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaala Bishooftuu, MMO Shawaa Lixaa fi Arsii waliin, wal-duraa duubaan gaafa 08, 20 fi 21/07/2014; fi GAONF waliin gaafa 03/08/2014 taasifame
[69]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Sabbataafi Baabbillee waliin gaafa 08/07/2014; fi Qimbibiit waliin gaafa 13/07/2014 taasifame
[70]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Sabbataa, Qimbiibiit, MMO Godina Shawaa Kaabaa fi Shawaa Lixaa waliin, wal-duraa duubaan gaafa 08, 13, 15 fi 20/07/2014 taasifame
[71]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Magaalaa Sabbataa waliin gaafa 08/07/2014 taasifame

rakkatantu jira.[72] Abbootiin seeraa lama dhaddacha tokkotti gargaaramuun wal-eeguufi yoo abbaan dhimmaa galmee tokkoo baay'ate hanga dhagahi dhaddachaa sun xumuramutti beellama galmee biraa yeroodhaan keessumeessuu dhabuun ni mul'ata. Kana malees, dhiphachuu dhaddachaa irraa kan ka'e dhaddacha ifatti gaggeessuun rakkisaa yeroon ta'u ni jira.[73]

Kana malees, dizzaayniin (saxaxni) gamoowwan manneen murtiif qophaa'ee ittiin ijaarsi gaggeeffamaa jiru hanqina mataa isaa kan qabu ta'uu,[74] bakki (saayitiin) manneen murtii itti ijaaraman darbee darbee mijataa kan hin taanee (jidduu magaalaarraa kan fagaatan,[75] ollaa mana amantaa, awwaalchaa, buufata konkolaataa yookiin xiyyaaraatti dhiyoo ta'uu yookiin iddoo daldalaa ta'uu) fi sababa kanaan sagaleen jiru tajaajila kennuuf jeequmsa kan uumu ta'uu[76] ibsameera. Gama biraatiin MMA ijaarsi isaanii gamoo hin taaneen (G+0) alatti manneen murtii gamoo qaban gamoo irratti (G+) irratti qaama miidhamaa "wheel chair" fayyadamuuf mijatoo miti.[77]

Manneen Murtii daawwataman muraasni naannoo hojii mijataa ta'e qabanis ni jiru.[78] Fakkeenyaaf, gamoo haaraa kutaawwan tajaajilaa gahaa qabu, iddoo haara galfiifi mana fincaanii baay'ina, bal'inaafi qulqullina barbaadamu qabuufi meeshaalee ijoo hojiif barbaachisan kan qaban akkasumas mooraa magariisaafi tajaajila kaafteeriyaas kan qaban ni jiru.

Gama biraatiin manneen murtii gariin immoo haala naannoo hojii mijaa'aa uumaniiru jechuuf nama rakkisus sadarkaa fooyya'aa irra kan jiran ni jiru.[79] Akka daataa daawwannaa irraa hubatamuttis manneen murtii daawwataman tokko tokko bakkaafi teessoo haara galfii abbaa dhimmaa hin qabani,[80] bakka jiruttis gahaa ta'uu dhabuu,[81] iddoon haara galfii dhaddachaalee

---

[72]Marii garee hoggantootaafi Ogeessotaa MMA Haramaayaa waliin gaafa 06/07/2014 taasifame

[73]Marii garee MMO Godina Hargee Bahaa waliin gaafa 05/07/14 taasifame

[74]Marii garee MMO GAONF waliin gaafa 03/08/2014 taasifame

[75]Marii garee MMO Godina Shawaa Bahaa waliin gaafa 05/07/2014 taasifame

[76]Marii garee GAONF fi Magaalaa Sabbataa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74[ffaa] fi 71[ffaa]; fi MMA Abbichuu Nya'aa waliin gaafa 08 fi 14/07/2014 taasifame

[77]Marii garee Shawaa Bahaa, olitti yaadannoo 75[ffaa]; MMO Godina Arsii Lixaa, Jimmaafi MMA Barraak waliin, wal-duraa duubaan gaafa 05 fi 12/07/2014 taasifame

[78]Fakkeenyaaf, MMA Abbichuu Nya'aa caqasuun ni danda'ama

[79]Fakkeenyaaf, MMA Wandoofi MMO GAONF, Shawaa Kaabaafi Arsii Lixaa caqasuun ni danda'ama

[80]Daawwannaa MMA Magaalaa Shaashamanneetti gaafa 07/07/2014 fi MMO GAONF gaafa 03/08/2014 taasifame

[81]Daawwannaa Arsii, Haramaayaa, Baabbilee fi Sabbataa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa], 61[ffaa] , 63[ffaa] fi 71[ffaa]; MMA Magaalaa Bishooftuu, Gommaa fi MMO Godina Shawaa Lixaatti, wal-duraa duubaan gaafa 08, 13 fi 20/07/2014 taasifame

irraa fagoo ta'uun sagaleen sirnaan dhagahamaa kan hin jirre ta'uu,[82] jalaafi gubbaan qorqorroo irraa kan hojjetameefi kan ho'u ta'uu,[83] dhaddachatti dhiyeenya waan qabuuf sagaleen jeequ dhaddachatti kan dhagahamu ta'uu fa'a.[84] Ta'us, manneen murtii daawwataman tokko tokko bakkaafi teessoo haara galfii abbaa dhimmaa mijataa ta'eefi mooraa magariisa kan qaban ni jiru.[85]

Akka daataan daawwannaa agarsiisutti manneen murtii hedduu keessatti manni fincaanii tajaajilamaaf hayyamamu hanqina qulqullinaa hamaa kan qabuufi bishaan kan hin qabnedha.[86] Mana fincaanii siruma kan hin qabne,[87] yookiin hin qaban jedhamee fudhatamuu kanneen danda'an ni jiru.[88] Gama biraatiin, mana fincaanii qulqullina qabuufi bishaan illee kan qaban ni jiru.[89] Kana malees manneen murtii daawwataman muraasni kutaalee dhaddacha itti gaggeessaniifi kutaalee biroo tajaajila itti kennan bal'ina gahaa qaban ni qabu.[90] Hanqina kutaa osoo hin qabaatiin kanneen meeshaalee hojiif barbaachisan haala gahaa ta'een hin qabnes ni jiru (keessattuu MMO).[91] Kanneen kutaalee dhaddachaafi tajaajilli itti kennamu biroo dhidhiphaafi mijataa hin taane qabanis ni jiru.[92] Hanqinni dizzayiniis ni jira. Fakkeenyaaf, haalli ijaarsa gamoo hanqina waan qabuuf kutaaleen ofiserootaa abbaa dhimmaa foddaa irratti kan rarraasan ni jiru.[93] Gama biraatiin dizzaaynii gamoo manneen murtii ol-aanaa keessa iddoon haara galfiifi paarkiingiin hin hojjetamne.[94] Iddoo tokko tokkottis poolisii dhaddacha kabachiisaa hin qaban.[95]

---

[82]Daawwannaa Harargee Bahaa, Haramaayaa, Baabbilee fi Arsii, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 73[ffaa], 61[ffaa], 63[ffaa] fi 59[ffaa]; MMA Magaalaa Sabbataa fi Ambootti, wal-duraa duubaan gaafa 08 fi 21/07/2014 taasifame

[83]Daawwannaa MMA Wandoo fi Magaalaa Sabbataatti, wal-duraa duubaan gaafa 06 fi 08/07/2014 taasifame

[84]Daawwannaa MMA Magaalaa Sabbataatti gaafa 08/07/2014 taasifame

[85]Daawwannaa MMO Godina Arsii Lixaa, Jimmaa, MMA Lodee Heexosaa, Xiyoo, Gobbaa fi Gaasaraatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 12, 13, 14, 20 fi 21/07/2014 taasifame

[86]Daawwannaa Arsii, Harmaayaa, Gumbichuu fi Baabbilee, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa], 61[ffaa], 62[ffaa] fi 63[ffaa]; MMO Godina Harargee Bahaa, Jimmaafi MMA Barraakitti, wal-duraa duubaan gaafa 05, fi 12/07/2014 taasifame

[87]Daawwannaa MMA Gaasaraatti gaafa 21/07/2014 taasifame

[88]Daawwannaa MMA Magaalaa Bishooftuu fi Ejersa Lafootti, wal-duraa duubaan gaafa 08 fi 19/07/2014 taasifame

[89]Daawwannaa MMO Godina Shawaa Bahaa, MMA Loodee Heexosaa, Xiyoo fi Gobbaatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 13, 14 fi 20/07/2014 taasifame

[90]Daawwannaa MMO Godina Shawaa Bahaa, MMA Gumbichuu, Lodee Heexosaafi Gommaa, Xiyoo fi MMO Godina Baaleetti gaafa 05, 07, 13, 14 fi 19/07/2014 taasifame

[91]Daawwannaa MMO GAONF gaafa 03/08/2014; fi MMO Godina Arsii Lixaatti gaafa 05/07/2014 taasifame

[92]Daawwannaa Haramaayaa fi Magaalaa Sabbataa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 61[ffaa] fi 84[ffaa]; MMA Magaalaa Shaashamannee, Barraak, Qarsaa, Ejersa Lafoo fi Ambootti, wal-duraa duubaan gaafa 07, 12, 14, 19 fi 21/07/2014 taasifame

[93]Daawwannaa MMO Godina Arsii Lixaatti gaafa 05/07/2014 taasifame

[94]Daawwannaa MMO GAONF gaafa 03/08/2014 taasifame

[95]Daawwannaa MMAWandootti gaafa 06/07/2014 taasifame

Haalli ijaarsi manneen murtii hedduu isaanii gamoo jalaa irraan kan hafe qaama miidhamaa giddu galeessa godhachuun kan ijaarame miti.[96] Manneen murtii daawwataman tokko tokko immoo haala ijaarsa biiroo qofa osoo hin taane haalli teessuma Mana Murtichaallee lafa tabbaa irra sababa jiruuf qaama miidhamtootaf ulfaataadha yeroon ta'u ni jira.[97] Haalli ijaarsa mana murtii manneen murtii tokko tokkoo garuu qaama kaamiifuu mijataadha.[98]

Dhaddachaalee irratti haalli kenna tajaajilaas kan daawwatame yoo ta'u, daawwannaa kana irraa hanqinaaleen armaan gadii jiraachuun adda baheera. Isaanis: hanqina kutaa tajaajilaa irraa kan ka'e kutaa dhaddachaa tokko keessatti abbootiin seeraa lama dhaddacha lama gaggeessuufi sagaleen wal-jeequun jiraachuu,[99] meeshaa sagalee guddistuun ittiin abbaan dhimmaa waamamu qulqullina kan hin qabneefi hin dhagahamne ta'uu,[100] yaamichi dhaddacha irraa sagalee guddistuun taasifamu qulqullina dhabuu,[101] sagaleen abbaa murtii kan hin dhagahamne waan ta'eef abbaan dhimmaa ajaja kennamu hubachuuf rakkachuu, dhaddacha sirnaan kabachiisuufi tasgabbii irratti hanqinni jiraachuu, hawwattummaa dhabuu dhaddachaa,[102] dhaddachaaleen jiran dhiphina kan qabaniifi rakkoo qulqullinaa kan qaban waan ta'eef hojiif kan hin mijanne ta'uu[103] hubatameera.

Af-gaaffiin gaggeeffames Naannawaan hojii manneen murtii yeroo yerootti fooyya'aa dhufuu, keessattuu sadarkaa godinaatti manneen murtii muraasaan alatti waajjira fooyya'aa ijaarrachuu agarsiisa. Ta'us akka hanqinaatti bakka tokko tokkotti manneen murtii bakka haaragalfii abbaa dhimmaa fi meeshaalee hojiif barbaachisan akka hin guuttanne ibsameera.[104] Sadarkaa MMWO-tti naannoon hojiif mijataa ta'e jira jechuun hin danda'amu.[105] Fakkeenyaaf, abbaan alangaa mana murtiitti teessoofi iddoo taa'ullee kan hin qabne ta'uu, namootuma himatu/wal-falmu

---

[96]Daawwannaa Arsii fi Haramaayyaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa] fi 61[ffaa]; MMO Godina Harargee Bahaa fi Baaleetti, wal-duraa duubaan gaafa 05 fi 19/07/2014 taasifame
[97]Daawwannaa Gumbichuu, olitti yaadannoo 62[ffaa]
[98]Daawwannaa MMO Godina Harargee Bahaa, MMA Lodee Heexosaa, Xiyoo, fi Gaasaraatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 13, 14 fi 21/07/2014 taasifame
[99]Daawwannaa Gumbichuu, olitti yaadannoo 62[ffaa] fi MMA Magaalaa Bishooftuutti gaafa 08/07/2014 taasifame
[100]Daawwannaa MMA Barraakitti gaafa 12/07/2014 taasifame
[101]Daawwannaa Sabbata, olitti yaadannoo 84[ffaa]
[102]Daawwannaa Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 93[ffaa]
[103]Daawwannaa MMA Ejersa Lafootti gaafa 19/07/2014 taasifame
[104]Af-gaaffii Walitti-qabaa Koree Dhaabbii Seeraa, Bulchiinsaafi Qabeenya Namaa Caffee Obbo Naasir Huseen waliin gaafa 05/08/2014 taasifame
[105]Af-gaaffii Komishinara Itt-Aanaafi Hoogganaa Damee Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa, KPO, Girmaa Galaan waliin gaafa 04/08/2014 taasifame

waliin iddoo tokko akka turu godhamuu, akkuma tajaajilamaa birootti ilaaluufi dhamaasuun kan jiru ta’uu[106] akka agarsiistuu tokkootti ibsuun ni danda’ama.

**C. Haqa-qabeessummaa haala keessummeessaa**

Haqa-qabeessuummaa haala keessummeessaatiin wal-qabatee sadarkaan itti-quufinsa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra jiru % 56 ta’uu gabatee armaan gadii irraa ni hubatama. Kunis sadarkaa jiddu-galeessa irratti kan argamudha.

**Gabatee 11: Gabatee sadarkaa itti-quufinsa haqa-qabeessummaa haala keessummeessaa agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ %-dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Tajaajilamaan dabareen ni keessummaa’a | 74 | 70 | 66 | 72 |
| 2. | Sirniifi hojimaanni dhamaatiifi baasii hir’isu hojiirra ooleera | 60 | 53 | 60 | 57 |
| 3. | Keessummeessaafi KTAS haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa godhate | 41 | 31.5 | 46 | 38 |
| | Jiddu-galeessa | 58 | 51.5 | 57 | 56 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu haqa-qabeessummaa keessuummeessaatiin wal-qabatee itti-quufinsi sadarkaa MMA-tti % 58, MMWO-tti (% 57) fi MMO-tti (% 51.5) yoo ta’u sadarkaa manneen murtii sadanittuu sadarkaa jiddu-galeessa irratti kan argamu ta’uu agarsiisa.

Odeeffannoon marii gareefi daawwannaa irraa argames hojiiwwan gama kanaan hojjetamaa turan kan jiran ta’uu ni akeeka. Hojiiwwan kanneen keessaas: yuunivarsiitiiwwan waliin atoomuun harka qalleeyyiif tajaajilli seeraa bilisaa akka kennamu gochuu,[107] dubartoota ulfaa, kan daa’ima qaban, maanguddootaafi qama miidhamtootaaf dursi kennamuu, namoota ganda fagoo irraa dhufaniif sa’aatii isaaniif mijatutti beellamuu[108] fa’a ibsuun ni danda’ama. Haa ta’u malee, hojiileen kunneen bifa sirnaawaa ta’een kan hin raawwatamne ta’uu ragaan kun ni mirkaneessa.[109]

Kana malees, sababa hanqina humna namaatiin deeskii odeeffannootti fayyadamuurratti laafinni jiraachuu,[110] teeknooloojiiwwan dhamaatii abbaa dhimmaa hir’isan gara garaa kan akka ‘data base’, sagalee waraabduu, ‘ergaa gabaabaa (SMS)’, ‘Electronic Filing (kana booda E-filing)’, ‘Video Conferencing (kana booda VK)’, ‘Sirna Bulchiinsa Dabaree Abbootii Dhimmaa (Queue Managment System (kana booda QMS))’, ‘security camera (CCTV)’ fa’a bakka hedduutti kan

[106]Af-gaaffii Itti-Aanaa Hoogganaa Biiroo AAWO Obbo Zarihuun Dhugumaa waliin gaafa 02/08/2014 taasifame

[107]Marii Garee Hoggantootaafi ogeessota MMO Shawaa Kaabaa waliin gaafa 15/07/2014; fi MMA Magaalaa Shaashamannee waliin gaafa 07/07/2014 taasifame

[108]Marii garee Hoggantootaafi ogeessota MMO Shawaa Kaabaa fi MMA Wandoo waliin gaafa 06/07/2014 waliin gaafa 15/07/2014 taasifame

[109]Marii garee Hoggantootaafi ogeessota MMO Godina Arsii Lixaa waliin gaafa 05/07/14 taasifame

[110]Marii garee Hoggantootaafi ogeessota MMO Shawaa Kaabaa waliin gaafa 15/07/2014 taasifame

hojiirra oolan yoo ta'ellee iddoo hundatti haala wal-fakkaataadhaan jiraachuu dhabuu yookiin itti-fayyadamuu dhabuu,[111] sa'aatii itti beellamametti keessummeessuu dhabuu, garagalcha murtiifi ol'iyyata yeroon kennuu dhabuun kan jiru ta'uu daataan mariiwwan garee taasifameen sassaabame ni ibsa.[112]

Akka daataan af-gaaffii agarsiisutti meeshaaleen tekinolojii KTAS baay'ee fooyyessan VK, 'mail server fi e-filing'-dha. Mail server'n erga hojiirra oolee as tajaajilamtoonni murtii dhagahuuf yookiin fudhachuuf qofa godinaalee irraa gara MMWO deemuun osoo hin barbaachisiin garagalcha murtii gama 'mail server'-tiin yoo mana murtii ol-aanaa gaafatan ni ergamaaf. Akkasumas abbaan dhimmaa kara 'e-filing' mana isaa taa'ee galmee isaa hordofachuu ni danda'a.[113] Akka hanqinaattis, wiirtuu guddaan odeeffannoofi teeknoloojiin giddu-gala tokko irraa ittiin bulfamu jiraachuu dhabuu, sirni nageenyummaa odeeffannoo mirkaneessu jiraachuu dhabuu, meeshaalee teeknoloojii qaban irratti hubannoo uumuu dhabuu irraa kan ka'e abbootiin dhimmaan hedduun fayyadamuu dhabuu, meeshaaleen teknoloojii gariin immoo hawaasa keenya hin baranneef kan gargaaran ta'uu dhabuun[114] ibsamaniiru.

Daataa daawwannaas QMS diriirsuu,[115] 'e-filing'[116] 'combo box', 'CCM',[117] 'CCTV',[118] VK, tuqi-argii,[119] iskaanara, daataa beezii,[120] jechi ragoolee maashinaan fuudhamuu[121] fi kkf kan teeknoloojiiwwan hojiirra jiran ta'uu adda baaseera. Gama biraatiin, manneen murtii tokko tokko keessatti haalli abbootiin dhimmaa itti keessummeeffamaa jiran iftoomina kan hin qabneefi sirni dabaree keessummeessaa isaanii kan hin beekamneefi itti-fayyadamni meeshaalee teeknoloojii isaanii duubatti hafaadha.[122] Manneen murtii muraasni immoo teeknoloojiiwwan olitti ibsaman

[111]Marii garee Hoggantootaafi ogeessota MMA Xiyoo, Gaasaraa fi MMO Godina Baalee waliin, wal-duraa duubaan gaafa 14, 19 fi 21/07/14 taasifame
[112]Marii garee Hoggantootaafi ogeessota MMO Godina Shawaa Lixaa waliin gaafa 20/07/2014 taasifame
[113]Af-gaaffii Qindeessaa KTAS MMWO Obbo Joonii Bantii waliin gaafa 04/8/2014 taasifame
[114]Naasir, olitti yaadannoo 104[ffaa]
[115]Daawwannaa Arsii, Arsii Lixaa fi GAONF, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa], 93[ffaa] fi 94[ffaa]; MMO Godina Harargee Bahaa, MMA Xiyoo, fi Gobbaatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 14, fi 20/07/2014 taasifame
[116]Daawwannaa MMO Godina Harargee Bahaafi Shawaa Bahaatti gaafa 05/07/2014 taasifame
[117]Daawwannaa Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 93[ffaa]
[118]Daawwannaa MMO Godina Harargee Bahaa, MMA Xiyoo fi Gaasaraatti, wal-duraa duubaan gaafa 05, 14 fi 21/07/2014 taasifame
[119]Daawwannaa GAONF, olitti yaadannoo 94[ffaa]; MMO Godina Shawaa Bahaa fi Shawaa Lixaatti, wal-duraa duubaan gaafa 05 fi 20/07/2014 taasifame
[120]Daawwannaa MMA Xiyootti gaafa 14/07/2014 taasifame
[121]Daawwannaa Arsii, olitti yaadannoo 59[ffaa] fi MMA Loodee Heexosaatti gaafa 13/07/2014 taasifame
[122]Daawwannaa Haramaayaa fi Baabbilee, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 61[ffaa] fi 63[ffaa]

baay'ee isaa kan qaban yoo ta'ellee sababa xixiqqaa rakkoo teeknikaa, hanqina humna namaa, suphaafi kkf-niin hojii irratti itti fayyadamaa hin jiran.[123]

**D. Itti-quufinsa tajaajila ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaa irratti jiru**

Itti-quufinsi tajaajilamtootni ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaa MMNO- irratti qaban % 71.5 waan ta'eef sadarkaa gaarii irratti argama. Gabateen itti-aanu itti-quufinsa tajaajilamtoonni gama kanaan qaban sadarkaa manneen murtiitti maal akka fakkaatu ni argarsiisa.

**Gabatee 12: Gabatee SIQT ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaatiin jiru agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ %-dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Ofiserootni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa obsaafi ilaalcha gaariin tajaajilamaa ni keessummeessu | 75 | 72.5 | 66 | 72.5 |
| 2. | Ofiserootni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'anii tajaajilamaa ni keessummeessu | 71 | 70 | 68 | 70 |
| 3. | Tajaajilli ofiserootaa fi hojjettoota deeggarsaa biroo qulqullina qaba | 73 | 72 | 75 | 72 |
| | Jiddu-galeessa | 73 | 71.5 | 70 | 71.5 |

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubatamu tajaajila hojjettoonni deeggarsaa kennaniin wal-qabatee itti-quufinsi sadarkaa MMA-tti (% 73) fi MMWO-tti (% 71.5) yoo ta'u sadarkaa gaarii irratti kan argaman ta'uufi MMO-tti (% 70) sadarkaa jiddu-galeessa irratti kan argamu ta'uu daataan kun ni agarsiisa.

Daataan marii garee ofiseroota seeraafi hojjettoota deeggarsaa birootiin wal-qabatee hanqinaaleen gara garaa kan jiran ta'uu agarsiisa. Isaan keessaa ijoon: ofiserootni seeraa iyyannaafi himannaa qulqullina hin qabne simachuu,[124] faayidaa barbaaduu, miira komiifi mufii qabaachuu[125] fa'adha. Daataan daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaafi tajaajilamaa fakkaachuun haala keessummeessaa madaaluus haaluma wal-fakkaatuun ofiseroota seeraafi hojjettoota deeggarsaa biroo biratti hanqinaalee mul'atan agarsiiseera. Isaa keessaas: ajaja dhaddachi kenne barreessanii abbaa dhimmaatiif kennuuf yeroo dheeraa fudhachuu, ofiserootni seeraa tokko tokko hamilee hojii dhabuu,[126] ofiserri seeraa abbaa dhimmaa kabajuufi sirnaan keessummeessuu irratti hanqinni jiraachuu,[127] sababa garaagaraatiin tajaajilamaa deddeebisuun


[123]Daawwannaa Sabbataa fi Barraak, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 84[ffaa] fi 100[ffaa]
[124]Marii Garee MMA Wandoo waliin gaafa 06/07/2014 taasifame
[125]Marii Garee MMA Magaalaa Shaashamannee waliin gaafa 05/07/2014 taasifame
[126]Daawwannaa galmee yaadaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014 taasifame
[127]Daataa daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaa MMO Godina Arsii fi MMA Xiyootti, wal-duraa duubaan gaafa 12 fi 14/07/2014 taasifame

baasif saaxiluu,[128] sababa gahaa malee galmee lafarra harkisuu,[129] abbaa dhimmaaf kabajaafi ilaalcha gaarii dhabuu, darbee darbee faayidaa barbaaduun[130] akka jiru hubatameera. Haata'u malee manneen murtii tokko tokko biratti haalli keessummeessa ofiseroota seeraa bifa naamusaawaafi ilaalcha gaarii qabuun ta'uu adda bahee jira.[131]

### *3.5.2. Safartuuwwan Raawwii Adeemsaa (Procedural Performance Measures)*

Safartuuwwan raawwii adeemsaas hojii dhaddachaafi abbootii seeraa kan ilaallatan ta'anii bu'a-qabeessummaa hooggansa dhimmaa irratti kan xiyyeeffatanidha. Safartuuwwan raawwii adeemsaatiin wal-qabatee itti-quufinsi waliigalaa jiru % 67 yoo ta'u, kunis sadarkaa jiddu-galeessaa irratti argama. Innis sadarkaa itti-quufinsa safartuuwwan raawwii teekinikaa waliin yoo ilaalamu % 1'n inni kan teekinikaa fooyya'aa ta'uu agarsiisa. Chaartiin itti aanu madaallii tokkoon tokkoon safartuuwwan xixiqqaa mata duree kana jala jiranii kan agarsiisudha.

**Chaartii 2: Chaartii Sadarkaa itti-quufinsa safartuuwwan raawwii adeemsaa agarsiisu**




Akka chaartii kana irraa hubatamutti safartuuwwan raawwii adeemsaa jiran keessaa itti-quufinsi tajaajilamaa gaariin kan galmaa'e kenniinsa beellamaafi iftoomina kenna tajaajilaa irrattidha. Si'oomina tajaajilaa, yeroo hojiifi sa'aatii beellamaa kabajuu irratti itti-quufinsi sadarkaa jiddu-galeessaa irratti argama. Gabateen itti aanu safartuuwwan raawwii adeemsaa irratti itti-quufinsata jaajilamaa jiru sadarkaa mana murtiitiin kan agarsiisudha.

[128] Daataa daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaa MMO Godina Shawaa Bahaatti gaafa 05/07/2014 taasifameefi olitti yaadannoo 61[ffaa] (Mystery shops bilbilaan Ofisera Seeraa MMWO Dhaddacha Dhaabbii Bahaa)
[129] Daataa daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaa MMA Magaalaa Bishooftuutti gaafa 08/07/2014 taasifame
[130] Daataa daawwannaa galmeefi saanduqa yaadaa MMA Magaalaa Shaashamanneetti gaafa 07/07/2014 taasifamefi daataa tajaajilamaa fakkaachuun qaamaan (mystery shops) haala keessummeessa Ofiserootaafi abbootii Seeraa MMWO Dhaddacha Giddu-galeessaa gaafa 04/08/2014 madaalame irraa
[131] Daataa tajaajilamaa fakkaachuun qaamaan (mystery shops) haala keessummeessa Ofisera Seeraa MMO Godina Arsii Lixaatti gaafa 05/07/2014 fi MMA Magaalaa Shaashamanneetti gaafa 07/07/2014 madaalame irraa

**Gabatee 13: Gabatee sadarkaa itti-quufinsaa safartuuwwan raawwii adeemsaa agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ % dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Kenni tajaajilaa istaandardii yeroo taa'eef keessatti kan xumuramuu fi si'oomina kan qabu dha | 61 | 53 | 46 | 57 |
| 2. | Yeroon hojii fi sa'aatiin beellamaa ni kabajama | 65 | 50 | 64 | 60 |
| 3. | Beellama kennamu jidduutti yeroo gahaan ni kennama | 77 | 72 | 81 | 76 |
| 4. | Adeemsi kenniinsa tajaajilaa ifa | 78 | 68 | 76 | 75 |
| | Jiddu-galeessa | 70 | 61 | 67 | 67 |

Akka gabateen kana irraa hubatamutti safartuuwwan raawwii adeemsaatiin wal-qabatee itti-quufinsa gad-aanaa kan qabu MMO yoo ta'u, MMA fi MMWO itti-quufinsa jiddu-galeessa qabu. Keessattuu MMWOfi MMA 'Kenna beellamaa' fi 'Iftoomina kenniinsa tajaajilaa' irratti itti-quufinsa gaarii kan qaban yoo ta'u, itti-quufinsi 'Si'oomina tajaajilaa'fi 'Sa'aatii beellamaa' irratti Manneen Murtii sadarkaa sadanuu qaban sadarkaa jiddu-galeessa irratti argama.

Haaluma wal-fakkaatuun si'oomina KTAS-tiin wal-qabatee hanqinaaleen jiraachuu mariiwwan garee gaggeeffaman irratti bal'inaan ka'eera. Sababoota hanqina gama kanaan uumamu waliin wal-qabatanii ibsaman keessaa inni tokko abbootii seeraa sadiin galmeen kan ilaalamu waan ta'eef chaarteriin lammiilee immoo yeroo marii abbootii seeraa kana yaada keessa kan galche waan hin taaneef yeroo jedhame keessatti murtii kennuu dadhabuun iddoon komii itti kaasu ni jira.[132] Hanqinni si'oominaa kun garagalcha murtiifi ol'iyyata yeroon kennuu dhabuu[133] fi beellama baay'isuu[134] fa'aan walqabata. Gama biraatiin immoo hangi marsaa beellamaa akkasumas dheerinni yeroo beellama gidduu jiru daanga'uun isaa galmeen lafarra akka hin harkifanne taasiseera yaadni jedhus marii garee irratti ka'eera.[135]

Sa'aatii beellamaatti keessummeessuun wal-qabatee hanqinaaleen jiraachuu mariiwwan garee gaggeeffaman irratti bal'inaan ka'eera.[136] Hanqina gama kanaan uumamuuf sababni ijoon marii paanaalii abbootii seeraafi galmeen abbootii seeraa sadiin kan ilaalamu ta'uudha.[137] Kana malees, sababa hanqinni kutaa (dhaddachaa) jiruuf abbaan seeraa tokko hanga dhaddacha xumurutti inni biraa dabaree eeggachuun jira. Kunis beellama galmee biraa yeroodhaan

[132]Marii garee Hoggantootaafi Oggeessota MMO Godina Jimmaa waliin gaafa 12/07/2014 taasifame
[133]Marii garee Shawaa Lixaa, olitti yaadannoo 112[ffaa]
[134]Marii garee Wandoo, olitti yaadannoo 124[ffaa]
[135]Marii garee Harargee Bahaa, Arsii fi Haramaayaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 73[ffaa], 59[ffaa] fi 61[ffaa]
[136]Marii garee Arsii Lixaa, Shawaa Lixaafi Sabbataa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 109[ffaa], 112[ffaa] fi 71[ffaa]
[137]Marii garee Jimmaa, olitti yaadannoo 132[ffaa]

keessumeessuu dhabuun akka uumamu taasisa.[138] Akkasumas tajaajilli kennamu kamuu kompiyuuteraan kan hojjetamu waan ta'eef guyyaa ifaan badu abbootii dhimmaa osoo hin keessummeessiin yeroo biraatti dabarsuun kan jirudha.[139] Abbootiin seeraa maagalota biroo irraa deddeebi'anii hojjetan barfatanii hojii seenuun waan jiruuf yeroo hojii kabajuurratti darbee darbee hanqinni ni mul'ata.[140] Gama biraatiin, manneen murtii kaka'uumsa isaaniitiin guyyaa Sanbataallee tajaajila kennan jiraachuu mariin garee taasifame ni agarsiisa.[141]

Af-gaaffii gaggeeffame irraas beellamaan deddeebisuun jiraachuu fi rakkoo kana xiqqeessuuf akka manneen murtii naannichaatti hojiiwwan gara garaa akka hojjetamaa turan hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, sadarkaa MMWO-tti dhaddachi dhimmoota ol-iyyannoon dhufan keessummeessu kan hin bulfamne ('online') ta'uu isaa caqasuun ni danda'ama.[142] Kana malees, galtee lakkoofsa gabaasa raawwii qofaaf adeemsa seeraa osoo hin eegne kuufama galmee duulaan ajaja kennuufi cufuun rakkoo isa biraati.[143] Komishinii Manneen Sirreessaa irraa yaadotni kallattii kanaan ka'an: ajaja /beellama/ dhedheeressuu, yookiin deddeebiin mana murtii baay'achuu, sirreeffamtootni amakkiroo gaafachuuf qaamaan gara MMO deemuuf dirqamuufi kara bakka bu'aa isaanii akka hordofatan hayyamamuu dhabuufi sababa kanaan mirgi isaanii osoo hin kabajamiin harkifachuu,[144] fa'adha.

Yaadni tajaajilamtoonni barreessuun gama galmeefi saanduqa yaadaatiin kennanis rakkooleen gara garaa jiraachuu ni agarsiisa. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an: tajaajilamaaf gadduu dhabuu,[145] sababa kenna tajaajilaa irratti komii dhiyeeffateef namni haqa isaa dhabuu,[146] hiiktuun afaanii dhabamuu,[147] sababa abbaan seeraa mallatteessuu dhabeef deddeebiin jiraachuu, yeroon dhaddacha eegaluu yookiin yeroo hojii kabajanii seenuu dhabuu,[148] nama deddeebisuufi sa'aatii beellamaa kabajamuu dhabuu,[149] beellamni yeroo kennamu haala fageenya giddu-galeessa

[138]Marii garee Hargee Bahaa, olitti yaadannoo 73[ffaa] fi MMA Gobbaa waliin gaafa 20/07/2014 taasifame
[139]Marii garee Hoggantootaafi Ogeessota MMO Godina Baalee waliin gaafa 19/07/14 taasifame
[140]Marii garee Wandoo, olitti yaadannoo 124[ffaa]
[141]Marii garee Shaashamannee, olitti yaadannoo 125[ffaa]
[142]Joonii, olitti yaadannoo 113[ffaa]
[143]Zarihuun, olitti yaadannoo 106[ffaa]
[144]Af-gaaffii Itti-Aanaa Komishinara Komishinii Mana Amala Sirreessaa Oromiyaa Obbo Tashoomaa Girmaa waliin gaafa 05/08/2014 taasifame
[145]Daawwannaa Ejersa Lafoo, olitti yaadannoo 103[ffaa]
[146]Daawwannaa galmee yaadaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014 fi Shawaa Bahaatti gaafa 05/07/2014 taasifame
[147]Daawwannaa galmee yaadaa MMA Sabbataatti gaafa 08/07/2014 taasifame
[148]Daawwannaa Harargee Bahaa, Baale, Arsiifi Haramaayaa, olitti yaadannoo 73[ffaa], 139[ffaa], 59[ffaa] fi 61[ffaa]
[149]Daawwannaa Baale, Xiyoo fi Haramaayaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 139[ffaa], 120[ffaa], fi 72[ffaa]; fi Gobbaatti gaafa 06/07/2014 fi Ambootti gaafa 21/07/2014 taasifame

godhachuu dhabuu,[150] galmee osoo hin qoratiin beellama biroo kennuu,[151] tajaajilamaan gara dhaddachaa yeroo waamamu sagaleen kan hin dhagahamne ta'uu,[152] sababa ifaan badeef hojii dhaabuun beellama jijjiiruu,[153] galmeen murtee argate yeroo isaa eeggatee gara mana galmee deebi'uu dhabuu,[154] kan jiru ta'uu ka'eera.

Gama biraatiin gabaasni raawwii hojii MMWO kan bara 2014 akka agarsiisutti raawwiin gama si'oominaatiin jiru sadarkaa ol'aanaa ta'uu ibsa. Kanaafis akka agarsiistutti kan dhiyaate madaallii dandeettii qulqulleessuu manneen murtii %101.3 irra gahuu, galmeewwan bara bajetichaa keessa dhiyaatan keessaa kan murtii argatan %95.91 yoo ta'u kanneen daangaa yeroo taa'e keessatti furmaata argatan %93.89 ta'uudha.

Akkuma daataan olitti ibsame irraa hubatamuttii si'oomina KTAS'n wal-qabatee sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaan qabuufi haalli MMWO raawwii hojii gama kanaan jiru itti madaale garaagarummaa kan qabuudha. Kallattii tajaajilamaatiin si'oominni sadarkaa jiddu-galeessaatti kan sadarkeeffame yoo ta'u gama MMWO-tiin ammoo sadarkaa ol'aanaa irratti argamuu kan agarsiisuudha. Garaagarummaa kanaaf sababa kan ta'an keessaa inni tokko agarsiiftuuwwan MMWO si'oomina safaruuf itti fayyadamu tajaajiloota manneen murtiitiin kennaman hunda kan haammatu (comprehensive) ta'uu dhabuufi baay'ina galmee murtii argatee qofa irratti kan hundaa'u ta'uudha. Kunis si'oomina tajaajiloota akka galmee banuu, sa'aatii beellamaa kabajuun tajaajila kennuu, ajaja barreessanii kennuu, garagalcha murtii kennuufi k.k.fakkaatan safartuuwwan manni murtii si'oomina isaa ittiin safaru keessatti kan hin haammatamne ta'uudha. Daataan sakkatta'iinsichaa akka agarsiisutti ammoo si'oominaan wal-qabatee komiin gama tajaajilamaatiin ka'u ijoowwan manni murtii si'oomina safaruuf itti hin fayyadamne kanaan wal-qabatu ta'uudha.

Gama biraatiin gabaasni raawwii hojii MMWO dhimmoonni daangaa yeroo JBAH fi chaartarii lammiileetiin taa'e keessatti furmaata argatan %93.89 ta'uu kan agarsiisu ta'us istaandardiin kun haala tajaajilamaan itti eegu (court users' expectation) ilaalcha keessa galchuu irratti hanqina waan qabuuf garaagarummaa sadarkaa si'oominaan wal-qabatee jiruuf akka sababaatti kan ibsamuu danda'uudha.


---

[150]Daawwannaa Baalee, olitti yaadannoo 139[ffaa]
[151]Baalee, akkuma olii
[152]Daawwannaa Gaasaraa, olitti yaadannoo 87[ffaa]
[153]Daawwannaa Arsii, olitti yaadannoo 59[ffaa]
[154]Arsii, akkuma olii

### *3.5.3. Safartuuwwan Raawwii Bu'uuraa (Normative Performance Measures)*

Safartuuwwan raawwii bu'uuraa safartuuwwan tajaajila abbootii seeraafi dhaddachaa ilaallatan ta'anii gahuumsa abbootiin seeraa qabiinsa tajaajilamaa irratti qabaniifi haqa-qabeessummaa hojimaata dhaddachaa kan ilaallatanidha. Akka waliigalaatti itti-quufinsi tajaajilamtoonni safartuuwwan raawwii bu'uuraa irratti qaban %70 yoo ta'u, kunis sadarkaa jiddu-galeessa irratti argama. Innis itti-quufinsi tajaajilamtootni safartuuwwan raawwii bu'uuraa kana irratti qaban kan safartuuwwan raawwii adeemsaa irratti qaban caala % 3'n fooyya'aadha. Chaartiin itti aanu safartuulee xixiqqaa raawwii bu'uuraa jalatti haammataman irratti itti-quufinsa tajaajilamtoonni qaban ni agarsiisa.

**Chaartii 3: Chaartii Sadarkaa itti-quufinsa safartuuwwan raawwii bu'uuraa agarsiisu**




Akkuma ragaan chaartii kanaan agarsiifame hubachiisutti itti-quufinsi tajaajilamtootni 'Hoogganса falmii' fi 'Quunnamtii (komunikeeshinii) abbaa seeraafi gareeleen dhaddacharratti taasisan' ilaalchisee qaban sadarkaa gaarii irra kan jirudha. Gama biraatiin itti-quufinsi tajaajilamaa gaarii hin taane kan galmaa'e duraa duubaan 'Dhiibbaarraa bilisa ta'uu tajaajila abbaa seerummaa', 'Qulqullina murtii' fi 'Faayidaarraa bilisa ta'anii tajaajiluu' irrattidha. Sadarkaa mana murtiitiinis yoo ilaalamu itti-quufinsi MMA gaarii yoo ta'u, kan MMO fi MMWO jiddu-galeessa.

**Gabatee 14: Gabatee sadarkaa itti-quufinsaa safartuuwwan raawwii bu'uuraa manneen murtii sadarkaa sadanitti jiru agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa | SIQ % dhaan | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | MMA | MMO | MMW | Waliigala |
| 1. | Abbaan seeraa qophii dhaddachaa barbaachisu ni taasisa | 76.5 | 69 | 64 | 73 |
| 2. | Abbaan Seeraa tajaajilamaa naamusaan keessummeessa | 81 | 76 | 68 | 79 |
| 3. | Abbaan seeraa gartummaa irraa bilisa ta'ee falmii ni hooggana | 74 | 65 | 69.5 | 71 |
| 4. | Abbaan seeraa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'ee ni tajaajila | 72 | 63 | 58 | 68 |
| 5. | Abbaan seeraa yaada isaa tajaajilamaa hubachiisuu | 82 | 77 | 80 | 80 |
| 6. | Tajaajilamaan yaada isaa akka ibsatuuf yeroo gahaan ni kennama | 78 | 73.5 | 66 | 76 |
| 7. | Tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa | 58 | 53 | 49 | 56 |
| 8. | Murtiin kennamu tilmaamawaa fi qulqullina kan qabudha | 61 | 50 | 47 | 57 |
| | Jiddu-galeessa | 73 | 66 | 63 | 70 |

Akka daataan gabatee olii keessatti ibsame hubachiisutti itti-quufinsi tajaajilamtoonni MMWO 'Dhiibbaarraa bilisa ta'uu tajaajila abbaa seerummaa' fi 'Qulqullina murtii' irratti galmeessise sadarkaa gad-aanaa irratti kan argamudha. MMA safartuuwwan kanneen irratti itti-quufinsi qaban sadarkaa jiduu-galeessa yoo ta'ellee, safartuuwwan tajaajilaa hafan hundumaa irratti sadarkaa gaarii irratti argamu.

Marii garee gaggeeffame hedduu irrattis bifa wal-fakkaataan rakkoon ibsame tokko bilisummaan abbaa seeraafi qaama abbaa seerummaa yeroo yerootti giddu lixiinsaaf saaxilamaa dhufuu isaati.[155] Kunis tajaajilamtoonni mana murtii irraa amantaa akka dhaban godhaa jiraachuu ibsameera. Karaalee rakkoon kun ittiin calaqqisu keessaa hangafootni: qaamoleen bulchiinsaafi nageenyaa ajaja mana murtii kabajuu dhabuu, keessattuu shakkamtoota mirgi wabii eeggameef gad-lakkisuu dhabuufi takka takka immoo "qaama raawwachiiftuutu adaraan nu bira kaa'e" jedhamuu,[156] qaamni raawwachiiftuu sadarkaa miidiyaan (fakkeenyaaf TV OBN Sagantaa Caayaa irratti) ba'anii ajaja mana murtii hin raawwannu yookiin hin raawwachiisnu hanga jechuu gahuu,[157] haalli nageenya aanaaleefi gandoota tokko tokkoo amansiisaa waan hin taaneef caasaan gandaas bakka tokko tokkotti waan diigameef ajajaafi murtii raawwachiisuuf rakkachuun jiraachuu,[158] fa'a caqasuun ni danda'ama.

---

[155] Marii garee GAONF, Arsii Lixaa fi Shaashamannee, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74ffaa, 109ffaa fi 125ffaa
[156] Marii garee GAONF, Barraak fi Ejersa Lafoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74ffaa, 100ffaa fi 103ffaa
[157] Marii garee GAONF, olitti yaadannoo 74ffaa
[158] Marii garee Shawaa Kaabaa, olitti yaadannoo 110ffaa

Abbaan seeraa sababa dhiibbaa qaama siyaasaatiin jijjiirraan narratti raawwatama jedhee haalli itti yaadda'u uumamaa jira. Qaamoleen bulchiinsaa al-tokko tokko abbaa seeraafi inispeekshiniif kallattiin yeroon bilbilanii dhimma kana (fakkeenyaaf falmii lafa kaafamtoota misoomaatiin wal-qabatu) manni murtii akka hin ilaalle mootummaarraa kallattiin kennameera, maaliif ilaaltu? jedhamii gaafatan ni jira.[159] Sababa poolisiin ajaja mana murtii kabajuu diduuf tajaajilamtoonni muffiidhaan komii dhiyeessan ni jiru.[160]

Rakkoon bilisummaa baajataas jiraachuu ibsameera. Manni murtii bajatni gahaan kan hin ramadamneef ta'uu, bajata ramadamuuf irrattis ofii ajajuuf yeroon rakkatu jiraachuun[161] fa'a ibsamaniiru. Kana malees, bajata ramaduuf qaama abbaa seerummaa irraa waa barbaaduun jira. Fakkeenyaaf bakka haara-galfii tajaajilamaafi mana fincaanii akka ijaarsisuuf manni murtii yeroo gaafatu qaamni bulchiinsaa 'dhimma doolaarii seeraan ala qabame nuuf murteessaatii qarshii qabame irraa deeggarsa isiniif goona' jechuun yeroon gaafatan ni jira.[162]

Bu'uura mariiwwan garee gaggeeffamaniitiin qulqullinni KTAS manneen murtii naannichaa keessatti qabxii hanqinni bal'aan irratti mul'atu keessaa isa tokkodha.[163] Agarsiistuuwwan rakkoo qulqullinaa mariiwwan garee irratti ibsaman keessaa: ol-iyyannoo dhiyaatu uunkaan cimsuun jiraachuu,[164] qubee sirreessanii barreessuu irratti hanqinni jiraachuu, adeemsa seeraa hordofuun murtii ifaafi raawwatamuu danda'u kennuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu,[165] fa'a ibsamaniiru. Sababootni gara garaa qulqullina KTAS irratti dhiibbaa hordofsiisaa jiranis marii garee kana irratti ibsamaniiuru. Fakkeenyaaf, kutaa tokko keessatti dhaddacha lamaafi isaa ol yeroo tokkotti yeroo hojjetamu dhiphinni, ho'i yookiin jeequmsi sagalee jiraachuu, icciitii galmee eegsisuuf rakkisaa ta'uufi waraabbiin sagalee qulqullina akka hin qabaanne taasisuu[166], bakkeen (saayitiin) manneen murtii tokko tokko itti ijaaramanis magaalaa jidduu, mana amantaa yookiin bakka awwaalchaa cinaa, naannoo buufata xiyyaaraa yookiin konkolaataa waan ta'eef sagaleen uumamu hojii dhaddacha haalli itti jeequ jiraachuu,[167] abbaan dhimmaa bakka haara-

---

[159]Marii garee Shaashamannee, olitti yaadannoo 125[ffaa]
[160]Marii garee Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 109[ffaa]
[161]Marii garee Shawaa Kaabaa, GAONF fi Barraak, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 110[ffaa], 74[ffaa] fi 100[ffaa] fi MMA Amboo waliin gaafa 21/07/2014 taasifame
[162]Marii garee Hargee Bahaa, olitti yaadannoo 73[ffaa]
[163]Marii garee GAONF fi Arsii Lixaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74[ffaa] fi 109[ffaa]
[164]Marii garee Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 109[ffaa]
[165]Marii garee Qimbibiit, olitti yaadannoo 48[ffaa]
[166]Marii garee Hoggantootaafi Ogeessota MMA Magaala Bishooftuu waliin gaafa 08/07/2014 taasifame
[167]Marii garee GAONF, olitti yaadannoo 74[ffaa] fi MMA Abbichuu Nya'aa waliin gaafa 14/07/2014 taasifame

galfii osoo jiruu sababa wacni jiruuf yookiin haala dhagahamuun waan hin waamamneef yeroon hin dhiyaanne jedhamee galmeen jalaa cufamu kan jiru ta'uun[168] fa'a hanqinaalee gama kanaan ibsamanidha.

Kana malees, galmeen ariitiin akka xumuramu waan barbaadamuuf kun immoo qulqullina galmee irratti dhiibbaa hordofsiisuu,[169] abbaan seeraa galmee qoratee mariif dhiyeessu gad-fageenyaan dubbisee dhiyaachuu dhabuu, ramaddii dhaddachaa yeroo yeroon ilaalanii fooyyessuu dhabuu,[170] ofiserri seeraa iyyannaafi himannaa qulqullina (technical sufficiency) hin qabne simachuu[171], godinaalee baayi'inni, bal'inniifi wal-xaxiinsi dhimmaa jirutti humni namaa akkaatuma godinaalee birootti kan ilaalamu ta'uu, abbootiin seeraa gara godina yookiin aanaalee kanneeniitti yeroo ramadamanillee dandeettii, naamusaafi gahumsa barbaachisu qabaachuu mirkanaa'ee ta'uu dhabuufi hordoffiifi deeggarsi godinaalee yookiin aanaalee kanneeniif godhamus haalota addaa kanneen ilaalcha keessa kan galche ta'uu dhabuun[172] ni caqasamu.

Kana malees, dhimma hariiroo hawaasaa irratti manneen murtii hiiktuu afaanii waan hin ramadneef akkasumas tajaajilamtootni Afaan Oromootiin ala afaan biraatiin dhaddacha irratti keessummaa'uu barbaadan waan jiraniif carraan kun yoo hin kennamneef immoo akka loogiin irratti raawwatameetti fudhachuufi komachuun ni mul'ata.[173] Dabalataanis, garee uummatanii faayidaan hojjechuunis[174] rakkoo darbee darbee mul'atu ta'uu ibsameera.

Af-gaaffiiwwan gaggeeffaman irrattis qulqullina KTAS'n wal-qabatee qabxiileen akka hanqinaatti ka'an ni jiru. Isaanis: dhimma ol-iyyannoo gadiqabanii ilaaluu dhabuu,[175] rakkoo ragaa sobaa keessaa bahuu dadhabuu,[176] poolisiin ajaja yookiin murtii manni murtii kennu raawwachuu yeroon didu jiraachuu,[177] darbee darbee abbootiin seeraa sodaa irraa kan ka'e ajaja kennan raawwachiisuuf kutannoo dhabuu, haqa baasuuf dhimmamuu (justice mentality) dhabuun

---

[168] Marii garee Haramaayaa, olitti yaadannoo 72[ffaa]
[169] Marii garee Xiyoo, olitti yaadannoo 120[ffaa]
[170] Marii garee Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 109[ffaa]
[171] Marii garee Wandoo, olitti yaadannoo 124[ffaa]
[172] Marii garee GAONF, olitti yaadannoo 74[ffaa]
[173] Marii garee Hoggantootaafi Ogeessota MMA Loodee Heexosaa waliin gaafa 13/7/14 taasifame
[174] Marii garee Sabbataa, olitti yaadannoo 71[ffaa]
[175] Naasir, olitti yaadannoo 104[ffaa]
[176] Naasir, akkuma olii
[177] Girmaa, olitti yaadannoo 105[ffaa]

murtii tilmaamawaafi amansiisaa hin taane kennuun, faayidaadhaan hojjechuun,[178] kan jiru ta'uun ibsameera.

Itti-aanaan Komishinaraa KPO af-gaaffii deebisan sababa poolisiin ajaja yookiin murtii mana murtii raawwachuu diduuf yeroo ibsan poolisiin ogummaadhaan (professionally) hoogganamuu dhabuu, poolisiin mataa isaatiinuu bilisa waan hin taaneef bilisummaa mana murtii sarbuu, poolisiin qaama siyaasaa waliin "siin hooqa, naa hooqii" keessa galuun jiraachuu[179] fa'a akka sababaatti ibsaniiru.

KMASO irraa yaadotni qulqullina KTAS'n wal-qabatee ka'an: manneen murtii darbee darbee ajaja sirrii hin taane manneen amala sirreessaa ajajuu (fakkeenyaaf, sirreeffamaa sammuun dhukkubu qorachiisuun bu'aa akka dhiyeessu ajajuu, sirreeffamaa godina tokkorraa gara godina kan biraatti akka deddeebisu ajajuu), maallaqni mirga wabii kabajuuf gaafatamu sababa malee ol-ka'aa ta'uu[180] fa'adha.

Yaadni tajaajilamtoonni barreessuun gama galmeefi saanduqa yaadaatiin kennanis rakkooleen qulqullina kenna tajaajila abbaa seerummaa gara garaa jiraachuu ni agarsiisa. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an: abbootiin seeraa tajaajilamaatti dheekkamuu, doorsisuufi kabajaa isaa xiqqeessuun jiraachuu,[181] tajaajilamaaf gadduu dhabuu,[182] abbootiin seeraa faayidaan hojjechuu,[183] galmee ol-iyyannoo osoo sirnaan hin qoratiin hin dhiyeessisu jedhanii cufuu,[184] loogiin hojjechuun jiraachuu,[185] murtii haqa qabeessa ta'e kennuu irratti hanqinni jiraachuu, ragaa sobaa sirnaan adda baafachuu irratti hanqinni jiraachuu,[186] galmeen murtee argate yeroo isaa eeggatee gara mana galmee deebi'uu dhabuu,[187] kan jiru ta'uu ka'eera.

Rakkoon qulqullina KTAS olitti ibsaman yoo jiraatanillee, hojiiwwan qulqullina KTAS dabaluuf gargaaran hedduunis hojjetamaa akka jiran ka'eera. Kanaaf akka agarsiistuutti waantota ka'an

---

[178]Zarihuun, olitti yaadannoo 106[ffaa]
[179]Girmaa, olitti yaadannoo 105[ffaa]
[180]Tashoomaa, olitti yaadannoo 144[ffaa]
[181]Daawwannaa MMO Godina Harargee Bahaatti gaafa 05/07/2014; MMA Gobbaatti gaafa 20/07/2014 fi galmee yaadaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014; MMO Godina Arsii, MMA Gommaafi Gaasaraatti, wal-duraa duubaan gaafa 12, 13 fi 21/07/2014 taasifame
[182]Daawwannaa Ejersa Lafoo, olitti yaadannoo 103[ffaa]
[183]Daawwannaa saanduqa yaadaa MMA Qimbibiititti gaafa 13/07/14; Galmee yaadaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014 fi MMA Wandootti gaafa 06/07/2014 fi daawwannaa Arsii fi Bishooftuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa] fi 166[ffaa]
[184]Daawwannaa galmee yaadaa MMO GAONF-tti gaafa 03/08/2014 fi Shawaa Bahaatti gaafa 05/07/2014 taasifame
[185]Daawwannaa galmee yaadaa MMA Sabbataatti gaafa 08/07/2014 taasifame
[186]Daawwannaa Godina Arsii, olitti yaadannoo 59[ffaa] fi MMA Gobbaatti gaafa 20/07/2014 taasifame
[187]Daawwannaa Arsii, akkuma olii

keessaa: galmeen abbootii seeraa sadiin akka hojjetamu ta'uu,[188] kompiitara fayyadamuun murtii barreessuun aadeffamuun, madaallii abbaa seeraa keessatti tajaajilamaan gahee akka qabaatu taasifamuu, mariin seerota falmisiisoo irratti taasifamu yeroo yeroon gaggeeffamaa jiraachuu, odiitiin galmee murtiin boodaa hojiirra ooluufi leenjiiwwan kennamaa jiraachuu, hojiin hubannoofi deeggarsa seeraa irratti hojjetamu odeeffannoon mana murtii irratti tajaajilamaan qabu akka fooyya'u godhaa jiraachuun[189] fa'a ibsamaniiru. Dhaddachaalee daawwataman irraas haalli keessummeessa tajaajilamaa bifa obsa, kabajaafi ilaalcha gaariin kan gaggeeffamu ta'uufi tajaajilamaan dhaddacha irratti haala iftoomina qabuun kan keessummaa'u ta'uu[190] daawwannaan gaggeeffame ni agarsiisa. Yaadni tajaajilamtoonni gama galmeefi saanduqa yaadaatiin ibsanis ciminaaleen gama kanaan jiraachuu ni ibsa. Yaadota kanneen keessaa: haqa baasuuf tattaaffiin godhamu gaarii ta'uu, sa'aatii hojii boodallee hojjechuun jiraachuu,[191] tajaajilli kennamu fooyya'iinsa agarsiisaa deemuu,[192] fa'a caqasaniiru.

### 3.6.Safartuuwwan Sadarkaa Itti-quufinsa Waliigalaa Murtessuu keessatti Ijoo ta'an (Key Drivers of Overall Satisfaction)

Safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'an sakatta'iinsa kanaan adda bahaniiru.  Gabateen armaan gadii safartuuwwan raawwii tajaajilaa, itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti gahee murteessaa (significant) qaban ni agarsiisa. Safartuun raawwii tajaajilaa sadhatni (p-value) isaanii 0.05 gadi yookiin qixa ta'e, hanga itti-quufinsa waliigalaa murteessuu irratti faayidaa (dhiibbaa) inni qabu ol-aanaadha. Hangi sadhatni (p-value) safartuu tokkoo 0.05 yoo ta'e safartuun sun itti-quufinsa waliigalaa murteessuu irratti dhiibbaan hordofsiisu hin jiru. Sadarkaan murteessaa ta'e (significance level) 0.05 kun kan agarsiisu safartuun tokko hanga itti quufinsa waliigalaa waliin hariiroo akka qabu tilmaamni (conclusion) fudhatamu carraa dogongora ta'uu %5 qofa akka qabu dha.[193] Moodeelli hanga murteessummaa safartuuwwan kanneenii ittiin safarrus 0.5 ol yoo ta'e fudhatamummaa kan qabaatu ta'a.

---

[188]Marii garee Barraak fi Bishooftuu, olitti yaadannoo 100[ffaa] fi 166[ffaa]
[189]Joonii, olitti yaadannoo 113[ffaa]
[190]Daawwannaa GAONF fi Barraak, olitti yaadannoo 94[ffaa] fi 100[ffaa]
[191]Daawwannaa galmee yaadaa MMA Sabbataatti gaafa 08/07/2014 taasifame
[192]Daawwannaa Harargee Bahaa, olitti yaadannoo 73[ffaa]
[193]Interpret the key results for Binary Logistic Regression - Minitab Express; irraa gaafa 18/05/2022 sa'aatii 9:26-tti ilaalame. (The p-value of 0.05 indicates a 5% risk of concluding that an association exists when there is no actual association

**Gabatee 15: Gabatee safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murtessuu keessatti ijoo ta'an agarsiisu**

| T.L | Safartuuwwan itti-quufinsaa raawwii teekinikaa modeela 0.821 | Sadhata %'n | SIQ %'n |
|---|---|---|---|
| 1. | Bakki hojii qulqulluufi mijataadha | 0.002 | 69 |
| 2. | Tajaajilamaan akkaataa dhufaatii isaatiin dabareen ni keessummaa'a | 0.001 | 72 |
| 3. | Keessummeessaafi KTAS haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa godhate | 0.000 | 38 |
| 4. | Ofiserootni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa fayidaan hojjechuurraa bilisa | 0.020 | 70 |
| 5. | Tajaajilli ofiserootaa fi hojjettoota deeggarsaa biroo qulqullina qaba | 0.009 | 72 |
| **Safartuuwwan itti-quufinsaa raawwii Adeemsaa modeela 0.961** | | | |
| 6. | Kenni tajaajilaa si'oomina kan qabudha | 0.002 | 57 |
| 7. | Yeroon hojii fi sa'aatiin beellamaa ni kabajama | 0.030 | 60 |
| 8. | Adeemsi kenniinsa tajaajilaa ifa | 0.000 | 75 |
| **Safartuuwwan itti-quufinsaa raawwii Bu'uuraa modeela 0.851** | | | |
| 9. | Abbaan seeraa qophii dhaddachaa barbaachisu ni taasisa | 0.031 | 73 |
| 10. | Tajaajilamaan yaada isaa akka ibsatuuf yeroo gahaan ni kennama | 0.000 | 76 |
| 11. | Tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa | 0.001 | 56 |
| 12. | Murtiin kennamu tilmaamawaa fi qulqullina kan qabudha | 0.000 | 57 |

Akkuma gabatee 15 olii kana irraa hubatamutti safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'an, garuu raawwiin sadarkaa itti-quufinsa isaanii xiqqaa ta'e (gabatee itti-quufinsa safartuulee tokkoon tokkoo ilaali) fooyyessuuf manneen murtiitiin dursa argachuu qaban guddaa irraa gara xiqqaatti kanneen armaan gadiiti:

- Keessummeessaafi KTAS haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa godhate
- Murtiin kennamu tilmaamawaafi qulqullina qabaachuu
- Tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa ta'uu
- Si'oomina kenna tajaajilaa
- Bakki hojii qulqulluufi mijataa ta'uu
- Ofiseroonni seeraafi hojjettoonni deeggarsaa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'uu
- Yeroo hojiifi sa'aatii beellamaa kabajuu

Safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'an, garuu raawwiin sadarkaa itti-quufinsa isaanii gaarii ta'e guddaa irraa gara xiqqaatti kanneen armaan gadiiti:

- Iftoomina adeemsi kenniinsa tajaajilaa
- Tajaajilamaan yaada isaa akka ibsatuuf yeroo gahaan kennamuu
- Tajaajilamaan akkaataa dhufaatii isaatiin dabareen keessummaa'uu
- Qulqullina tajaajila ofiserootaafi hojjettoota deeggarsaa
- Abbaan seeraa dhimmicha beekee dhagaha gaggeessuuf qophii gahaa taasisuu

- Abbaan seeraa tajaajilamaa sirnaan dhaggeeffachuu, kabajaan, obsaan, miiraafi ilaalcha gaariin keessummeessuu
- Abbaan seeraa gaaffii yookiin yaada qabu haala hubatamuu danda'uun ibsuu

Safartuulee itti-quufinsa tajaajilamaa murteessuu keessatti ijoo ta'anii garuu raawwiin sadarkaa itti-quufinsa isaanii xiqqaa ta'eefi safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilamaa murteessuu keessatti ijoo ta'aniifi sakatta'iinsa kanaanis itti-quufinsi isaanii sadarkaa gaarii irra jiru kanneeniif xiyyeeffannoo kennuun fooyyessuuf hojjechuun itti-quufinsa waliigalaa sadarkaa amma irra jiru irraa fooyyessuuf akkasumas itti-quufinsi kun akka gadi hin buune gahee ol-aanaa waan qabuuf safartuulee kanneeniif xiyyeeffannoo kennuun carraaqqii caalaa taasisuun barbaachisaadha.

Mariiwwan garee gaggeeffaman irratti gaaffiin dhiyaatee irratti mari'atame inni tokko "safartuuwwan raawwii itti-quufinsa tajaajilamaa adda duraan murteessan maal fa'a?" qabxii jedhudha. Bu'uuruma kanaan safartuuwwan murteessoo ta'an akka itti aanutti ibsaman adda bahaniiru: qulqullina tajaajilaa,[194] gahuumsa abbootii seeraafi hojjettootaa (dandeettiifi naamusa),[195] meeshaaleen teeknolojii hojiirra oolfamuu,[196] dhaqqabummaa,[197] bilisummaa abbaa seerummaa,[198] fuula gaariin keessummeessuu,[199] sa'aatii beellamaa kabajuun keessummeessuu,[200] murtiin yeroo ibsamu abbaa dhimmaaf akka galutti ibsuufi gartummaa irraa bilisa ta'uun dhaddacha hoogganuu [201] fa'a. Keessattuu MMOfi MMWO beellamaan abbaa dhimmaa deddeebisuun yoo jiraate tajaajilamtoonni baasiifi dadhabbii ol-aanaaf akka saaxilaman waan taasisuuf itti-quufinsa gad-buusuu keessatti gahee guddaa taphata.[202] Kana malees, manneen murtii ol-iyyannoo dhagahan kunneen ol-iyyannoo dhiyaatuuf uunkaan kan cimsan yoo ta'e, itti-quufinsa tajaajilamtootaa daran kan gadi buusu[203] akka ta'e ibsameera.

---

[194] Marii garee Shawaa Bahaa, Jimma fi Ejersa Lafoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75[ffaa] fi 132[ffaa] fi 103[ffaa]

[195] Marii garee GAONF, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74[ffaa], 75[ffaa], 112[ffaa] fi 62[ffaa]; MMA Gommaa, Qarsaa fi Amboo waliin, wal-duraa duubaan gaafa 13, 14 fi 21/07/2014; taasifame

[196] Marii garee Shawaa Lixaa fi Magaala Bishooftuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 112[ffaa] fi 166[ffaa] fi MMA Gommaa, Qarsaafi Amboo waliin, wal-duraa duubaan gaafa 13, 14 fi 21/07/2014 taasifame

[197] Marii garee Ejersa Lafoo, olitti yaadannoo 103[ffaa]

[198] Ejersa Lafoo, akkuma olii

[199] Marii garee Arsii Lixaa fi Shawaa Lixaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 109[ffaa] fi 112[ffaa]

[200] Marii garee Shawaa Lixaa, olitti yaadannoo 112[ffaa]

[201] Marii garee Wandoo, olitti yaadannoo 124[ffaa]

[202] Marii garee Hoggantootaafi Ogeessota MMA Amboo waliin gaafa 21/07/2014 taasifame

[203] Marii garee Arsii Lixaa, olitti yaadannoo 109[ffaa]

### 3.7.Sadarkaa Itti-quufinsaa Amantaa Tajaajilamaan Mana Murtii irraa qabu

Gaaffiin tajaajilamtoota maneen murtii naannichaa bar-gaaffii guutaniif dhiyaate inni kan biraa sadarkaa amantaa mana murtii isaan tajaajile irraa qaban akka ibsanidha. Bu’uuruma kanaan, sadarkaan itti-quufinsaa amantaa tajaajilamtoonni manneen murtii irraa qaban % 71.5 yoo ta’u kunis sadarkaa gaarii irratti akka argamu ibsaniiru. Sadarkaa mana murtiitiin yeroo ilaalamus MMA tajaajilamaa isaaniirraa amantaan horatan sadarkaa gaarii (% 75) irra kan jiruufi, MMO (% 66) fi MMWO (% 63) amantaan uummataa horatan sadarkaa jiddu-galeessaa irra kan jirudha.

### 3.8.Itti-quufinsi Tajajilamtoota Manneen Murtii Kan Armaan Duraa Waliin Yeroo Ilaalamu (Comparisons Over-time)

Bargaaffii guutame irratti hirmaattotni armaan dura mana murtiitti tajaajilamanii beekan itti-quufinsa fooyya’iinsa manneen murtii taasisan irraa qaban akka ibsan gaafatamanii, hirmaattonni %57 ta’an fooyya’iinsa jiru irratti kan quufan ta’uu ibsaniiru. Kunis itti quufinsi gama kanaan jiru sadarkaa jiddu-galeessaa irra kan jiru ta’uu agarsiisa. Sadarkaa mana murtiitiin yeroo ilaalamus kan MMA (% 56), MMO (% 57) fi MMW (% 63) ta’uun sadeenuu sadarkaa jiddu-galeessa irra kan jiran yoo ta’ellee, fooyya’iinsi MMW yeroo yerootti agarsiise kan manneen murtii jalaa caala fooyya’aa ta’uun isa ani hubatama.

Tajaajillifi mijaa’inni naannoo hojii manneen murtii fooyya’uu yookiin fooyya’uu dhabuu isaa sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa tajaajilamaan bara 2014 A.L.I-tti, qabu kan baroota darbanii waliin madaaluunis hubachuun ni danda’ama. Xiinxalli itti-quufinsa tajaajila manneen murtii naannichaa bara 2012 A.L.I-tti, [204] fi kan bara 2014 A.L.I-tti, kana gaggeeffaman wal-bira qabnee yeroo ilaallu safartuuwwan wal-fakkaatan 11 waliin kan qabanidha. Gabateen itti aanu sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtootaa lamaan safartuuwwan tajaajilaa wal-fakkaataa gargaaraman irratti wal-bira qabee kan agarsiisudha.

[204] Rattaafi Iyyaasuu, olitti yaadannoo 46[ffaa]

**Gabatee 16: Gabatee itti-quufinsa waliigalaa tajaajilamtootaa bara 2012 fi 2014 wal-bira qabuun agarsiisu.**

| T.L | Safartuuwwan raawwii | SIQ %-dhaan | | Garaagarummaa %-dhaan |
|---|---|---|---|---|
| | | 2012 | 2014 | |
| 1. | Falmii tajaajilamaa sirnaan dhagahuu | 74 | **76** | **+2** |
| 2. | Dhiibbarraa bilisa ta'anii tajaajiluu | 70 | **56** | **-14** |
| 3. | Loogii/gartummaa irraa bilisa ta'uun tajaajilu | 68 | **71** | **+3** |
| 4. | Bu'uura beellamaatiin keessummeessuu | 72 | **60** | **-12** |
| 5. | Kabaja abbaa dhimmaa eeguun keessummeessuu | 75 | **79** | **+4** |
| 6. | Dhaqqabummaa odeeffannoo | 75 | **77** | **+2** |
| 7. | Mijaa'ina dhaddachaa/bakka hojii | 65 | **69** | **+4** |
| 8. | Si'oomina | 65 | **57** | **-8** |
| 9. | Qulqullina tajaajilaa | 67 | **57** | **-10** |
| 10. | Itti-quufiinsa waliigalaa tajaajilamaan tajaajila mana murtiin kennamu irratti qabu | 66 | **73** | **+7** |
| 11. | Amantaa tajaajilamaan mana murtii irratti qabu | 69 | **71.5** | **+2.5** |

Akkuma daataa olii kana irraa hubatamu sadarkaan itti-quufinsa waliigalaa manneen murtii naannichaa bara 2012 A.L.I-tti % 66 irraa bara 2014 gara % 73-tti guddachuun yookiin % 7'n fooyya'uun tajaajilliifi mijaa'inni naannoo hojii manneen murtii naannichaa fooyya'iinsa agarsiisuuf ragaa ijoodha. Xiinxalli bara 2012 A.L.I-tti fi sakatta'iinsi bara 2014 A.L.I-tti kun yeroo ilaalamu safartuuwwan 4 irratti itti-quufinsi tajaajilamaa % 14-8-tiin hir'achuu agarsiisa. Isaanis 'Dhiibbaarraa bilisa ta'anii tajaajiluu', 'Bu'uura beellamaatiin keessummeessuu', 'Qulqullina tajaajilaa' fi 'Si'oomina' dha. Safartuuleen kunneen immoo safartuulee tajaajilaa itti quufinsa waliigalaa tajaajilamaa irratti dhiibbaa murteessoo hordofsiisan akka ta'an olitti mata duree 3.6 jalatti kan agarsiifame waan ta'eef xiyyeeffannoon ilaalamuu dhimma qabudha. Safartuuwwan tajaajilaa hafan irratti itti-quufinsi tajaajilamtootaa kan dabale yoo ta'u, itti quufinsi waliigalaa tajaajilamaan manneen murtii irraa qabus %7'n dabaleera. Kunis akka waliigalaatti, fooyya'iinsi salphaa hin taane akka jiru hubachuun ni danda'ama.

Itti-quufinsa tajaajilamaan wal-qabatee fooyyeen jiraachuu isaa marii garee hundumaa keessatti kan irratti waliigalamedha.[205] Kanaaf akka agarsiistuutti qabxiileen ka'an kanneen armaan gadiiti: baay'inni dhimmoota ol-iyyannoon irratti fudhatamuufi kanneen diigamanii xiqqaachaa

[205] Marii garee GAONF, Jimma, Shawaa Lixaa, Magaalaa Sabbataa, Wandoo fi Ejersa Lafoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74ffaa, 132ffaa, 112ffaa, 71ffaa, 124ffaa, fi 103ffaa; MMA Qarsaafi Amboo waliin, wal-duraa duubaan gaafa 14 fi 21/07/2014 taasifame

adeemuu,[206] tajaajila deeggarsa seeraa bilisaa barbaadaniif abukaatoo ittisaa dabalatee qaamoleen deeggarsa seeraa bilisaa kennan jiraachuu, tajaajilamtootaaf hubannoon seeraa dhaddachi eegaluun dura kennamuu,[207] dhimmoota gara garaa irratti leenjiiwwan kennamuu,[208] sirnoonni (dambiiwwaniifi qajeelfamoonni) hojimaatawwan fooyyessan gara garaa bahanii hojiirra ooluu, teknoloojiwwan baasiifi dhamaatii abbaa dhimma hir'isan hojiirra oolaa dhufuu,[209] gamoowwan mana murtii mijaa'oo ta'an bakka hedduutti ijaarrammuun,[210] komiin naamusaafi miira tajaajiltummaa hawaasa mana murtii irratti tajaajilamaan dhiyaatu xiqqaa ta'uu [211] itti-quufiinsi tajaajilamaa manneen murtii Oromiyaa irraa qaban dabaleera kan nama jechisiisudha.

## 3.9.Hanqinaalee Keessoo fi Rakkoolee Alaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa Irratti Dhiibbaa Geessisanii fi Sababoota Isaanii

### *3.9.1. Hanqinaalee Keessoo*

Daataa mariiwwan garee gaggeeffaman irraa akka hubatamutti hanqinaaleen keessoo itti-quufinsa tajaajilamaa irraan dhiibbaa geessisan hedduudha. Isaan keessaa ijoon: hanqina humna namaa qabaachuu (hanqina abbootii seeraa,[212] hiiktuu afaanii,[213] fi raawwataa kutaa odeeffannoo,[214] qulqulleessituu,[215] waraabaa sagalee[216]), rakkoo caasaa,[217] caasaan yoo jiraatellee sababa bajata hin qabnu jedhuun gitawwan abbaa adeemsaa, ofisera naamusaa, gaggeessaa dhimmaa fa'a irratti bakka bu'iinsaan hojjechiisuu,[218] rakkoo naamusaa,[219] rakkoo komii faayidaa hojjettoota deeggarsaa (fakkeenyaaf hojjettoota waraabbii sagalee, ofiseroota seeraa, raawwattoota mana galmee),[220] hojjettootni deeggarsaafi ofiserri kaka'uumsa hojii

---

[206]Marii garee Shawaa Bahaa fi Abbichuu Nya'aa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa fi 167ffaa
[207]Marii garee Barraak, Abbichuu Nya'aa fi Wandoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 100ffaa, 167ffaa fi 124ffaa
[208]Marii garee Wandoo fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 124ffaa fi 62ffaa
[209]Marii garee Shawaa Bahaa fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa fi 62ffaa
[210]Marii garee GAONF, Shawaa Lixaa, Baale fi Ambo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74ffaa, 112ffaa, 139ffaa fi 202ffaa; MMA Gommaa, Qarsaa fi Gobbaa waliin, wal-duraa duubaan gaafa 13, 14 fi 20/07/2014 taasifame
[211]Marii garee Shawaa Kaabaa, olitti yaadannoo 110ffaa
[212]Marii garee Harargee Bahaa, Shawaa Kaabaa fi Lixaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 73ffaa, 110ffaa fi 112ffaa
[213]Marii garee Barraak, Shawaa Kaabaa fi Jimmaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 100ffaa, 110ffaa fi 132ffaa
[214]Marii garee Gumbichuu fi Shawaa Kaabaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 97ffaa fi 110ffaa
[215]Marii garee Arsii fi Gaasaraa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59ffaa fi 87ffaa
[216]Marii garee Gaasaraa, olitti yaadannoo 87ffaa
[217]Marii garee Ejersa Lafoo, Shawaa Lixaa fi Ambo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 103ffaa 112ffaa fi 202ffaa; MMA Gommaa fi Qarsaa waliin, wal-duraa duubaan gaafa 13 fi 14/07/2014 taasifame
[218]Marii garee Shaashamannee, olitti yaadannoo 125ffaa
[219]Marii garee Bishooftuu, olitti yaadannoo 166ffaa
[220]Marii garee Shawaa Bahaa, Gumbichuu fi Ejersa Lafoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa, 97ffaa fi 103ffaa; MMA Gommaa fi Qarsaa waliin, wal-duraa duubaan gaafa 13 fi 14/07/2014 taasifame

dhabuu,[221] rakkoo qabiinsa hojjettootaa (fakkeenyaaf konkolaataa sarvisii mijeessuu dhabuu),[222] hanqina bajataa,[223] leenjiin gahuumsa qabuufi dhaqqabamaa ta'e kennamuu dhabuu (keessattuu abukaatoo ittisaatiif),[224] labsiiwwan, dambiiwwan qajeelfamootnifi bahan hanqina qabaachuu,[225] gurmaa'insi dhaddachaafi dizzaayniin manneen murtii hanqina qabaachuu,[226] qajeelfamtootaafi riifoormiiwwan bahan hojiirra oolchuu irratti hanqinni jiraachuu,[227] istaandardiiwwan chaartarii lammiileetiin ibsaman tokko tokko haala qabatamaa jiruun hojiirra oolchuuf kan hin danda'amne ta'uu, fakkeenyaaf galmee bal'ina dhimmaa, wal-xaxiinsaafi baay'ina fuulaa hedduu qaban isataandardii taa'e keessatti ofisarri seeraa ulaagaalee teekinikaa guutuu isaa mirkaneeffatee banuufi dhaddachis istaandardii beellama taa'e keessatti goolabuu (case dispose) kan hin dandeenye ta'uu,[228] muudamtootniifi hojjettootni bulchiinsaa seerotaafi hojimaata garaagaraatin waan bulaniif qindoominaafi itti-gaafatamummaa mirkaneessuu irratti harcaatii uumuu,[229] caasaan mana hojii jiru ulfaatina, baay'inaafi wal-xaxaa ta'uu haala hojii mana murtichaa/dhaddachichaa ilaalcha keessa kan galche ta'uu dhabuu, sirni faayidaa hojjettoota deeggarsaa komii uumuu[230] kanneen jedhan hanqinaalee keessoo itti-quufinsa tajaajilamaa irratti dhiibbaa hordofsiisan isaan ijoodha.

### *3.9.2. Rakkoolee Alaa*

Mariin garee gaggeeffame rakkoolee alaa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan ni agarsiisa. Isaan kana keessaa ijoon: ragaawwan sobaa barreeffamaa sektaraalee mootummaa (kan akka waajjira lafaa, bulchiinsa gandaa) irraa dhiyaatan jiraachuu,[231] giddu lixxummaan qaama raawwachiistuu jiraachuu,[232] murtiifi ajajni manni murtii kennu kabajamuu dhabuu,[233] abbaan seeraa adeemsa seeraa malee to'atamuufi hidhamuu, nageenyiifi ol'aantummaan seeraa dhabamuu, gochoonni al'seerummaa babal'achuu,[234] mana murtiifi abbaa

[221]Marii garee Qimbibiit, olitti yaadannoo 48ffaa
[222]Marii garee Arsii Lixaa, Jimmaa fi Shawaa Lixaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 109ffaa, 132ffaa fi 112ffaa
[223]Marii garee Hargee Bahaa fi Jimmaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 73ffaa fi 132ffaa
[224]Marii garee Gumbichuu fi Magaala Bishooftuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 97ffaa fi 166ffaa
[225]Marii garee Shawaa Lixaa, olitti yaadannoo 112ffaa
[226]Marii garee Shaashamannee, olitti yaadannoo 125ffaa
[227]Marii garee GAONF, olitti yaadannoo 74ffaa
[228]GAONF, akkuma olii
[229]GAONF, akkuma olii
[230]GAONF, akkuma olii
[231]Marii garee Shawaa Bahaa, Magaalaa Sabbataa, Gumbichuu fi Magaalaa Shaashamannee, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa, 71ffaa, 97ffaa fi 125ffaa
[232]Marii garee Shawaa Bahaa fi Jimma, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa fi 132ffaa
[233]Marii garee Shawaa Bahaa fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75ffaa fi 97ffaa
[234]Marii garee GAONF, olitti yaadannoo 74ffaa

dhimmaa jidduu dallaalaan jiraachuu,[235] abukaatonni tokko tokko abbootii seeraa haqaan hojjetan qaama siyaasaafi abbootii qabeenyaa waliin ta'uun ololaan maqaa balleessuun dhiibbaa irraan geessisuu,[236] himannaafi deebiin hanqina qophaa'ee dhiyaachuufi dhaddachi akka sirratu yoo ajaje madda komii ta'uu,[237] hojjetaa deeggarsaa akka hin qacarre siivil sarvisiin dhorkamuu (fakkeenyaaf ergamtuu) fi sirni naamusni isaanii ittiin bitamus hanqinaalee qabaachuu,[238] qulqullina dhabuu hojii qorannoo yakkaafi himannaa abbaa alangaa,[239] ragaan abbaa alangaa yeroodhaan dhiyaachuu dhabuu yookiin poolisiin ragaa ittisaa sirnaan hordofee dhiyeessuu dhabuu,[240] abbootiin alangaafi abukaatoon yeroo sa'aatiin hojii gara xumuraa gahu galmee banuufi abbaan dhimmaafi ragaan immoo manni murtii nu jalaa beellame sababa jedhuun mufachuu, [241] fa'a.

### *3.9.3. Sababa Uumamuu Hanqinaaleefi Rakkoowwanii*

Sababoonni uumamuu hanqinaalee keessoo manneen murtiifi rakkoowwan alaa maal akka ta'an adda baasuuf gaaffii marii garee irratti dhiyaateera. Sababootni adda bahanis: hooggansi mana murtiis bilisummaan abbaa seeraafi qaama abbaa seerummaa akka kabajamu gochuuf kutannoo dhabuu,[242] naannawaa hojii mijataa uumuuf bajata gahaa dhabuufi qaamolee bulchiinsaa waliin atoomuu irratti hanqinni jiraachuu,[243] hanqina gahuumsa, naamusaa fi baay'ina abukaattotaafi barressitoota dhimmaafi sirni hordoffii isaaniis cimaa ta'uu dhabuu,[244] itti-gaafatamummaa abbootii seeraa, ofiseroota seeraa fi hojjettoota deeggarsa mirkaneessuu irratti hanqinaaleen jiraachuu, qacarrii, ramaddii, guddinaa fi jijjiirraa kennuun walqabatee hanqinni jiraachuu,[245] rakkoo nageenyaa, tasgabbiifi siyaasa biyyattii,[246] sirni qoqqooddii aangoo (separation of power) heera mootummaatiin beekamtii argate kabajamuu dhabuu,[247] seeronni gara garaa hojiirra jiran

[235]Marii garee Barraak, Magaalaa Sabbataa fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 100[ffaa], 71[ffaa] fi 97[ffaa]
[236]Marii garee Sabbataa, olitti yaadannoo 71[ffaa]
[237]Marii garee Shawaa Bahaa, Jimmaa fi Bishooftuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 75[ffaa], 132[ffaa] fi 166[ffaa]
[238]Marii garee Lodee Heexosaa, olitti yaadannoo 173[ffaa]
[239]Marii garee Arsii, Baabbilee, Haramaayaafi Xiyoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa], 63[ffaa] 72[ffaa] fi 120[ffaa]
[240]Marii garee Haramayaa fi Xiyoo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 72[ffaa] fi 120[ffaa]
[241]Marii garee Shaashamannee, olitti yaadannoo 125[ffaa]
[242]Marii garee GAONF fi Gumbichuu, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 74[ffaa] fi 97[ffaa]
[243]Marii garee Gumbichuu, olitti yaadannoo 97[ffaa]
[244]Marii garee Arsii, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa, Xiyoo fi Lodee Heexosaa, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa], 75[ffaa], 112[ffaa], 120[ffaa] fi 173[ffaa]; Naasir, olitti yaadannoo 104[ffaa] fi Joonii, olitti yaadannoo 113[ffaa]
[245]Marii garee Arsii fi Baale, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 59[ffaa] fi 139[ffaa]
[246]Marii garee Harargee Bahaa, olitti yaadannoo 73[ffaa]
[247]Marii garee Shawaa Lixaa, olitti yaadannoo 112[ffaa]

baay'ee kan turaniifi kan hin turres rakkoo haqa-qabeessummaa qabaachuu,[248] hubannoofi odeeffannoo dogongoraa hawaasni manneen murtii ilaalchisee qabu,[249] rakkoo dhaqqabummaafi gahuumsa leenjiiwwanii,[250] fa'a akka sababoota ijootti ibsamaniiru.

Hanqinaalee KTAS-tiif sababoota dabalataa armaan gadii ibsamuu kan danda'ani dha. Isaanis: rakkoo caasaa manneen murtii (fakkeenyaaf, manni galmee qaama bulchu kan hin qabne ta'uu, Tajaajila Qunnamtii Odeeffannoof (TQO) xiyyeeffannoo kennuu dhabuu), teeknoloojiin bu'uurarraa cimaa ta'uu dhabuu, itti-fayyadama isaarratti hanqinni jiraachuu, humna namaa gahuumsaafi naamusa barbaachisu qabu dhabuu, rakkoon miira tajaajiltummaa jiraachuu, seerotni qaawwa qaban jiraachuu (fakkeenyaaf, seerri kaffaltii abbaa seerummaa ilaallatu rakkoo waan qabuuf tajaajilamaan mana murtii jalaatti hiyyummaan erga banate booda Mana Murtii oliittis ragaa fidhadhu yeroo jedhamu mufachuu), hojjetaan keessaa mana murtii hedduun itti-quufinsa keessoo kan hin qabne ta'uu (faayidaan wal-qabatee), qaamolee haqaa biroo kan akka abbaa alangaa, poolisii, kkf waliin atoomanii hojjechuu irratti hanqinni cimaan jiraachuu,[251]keessattuu koreen Jijjiirama Bu'uura Adeemsa Hojii (JBAH) fi koreen fooyya'iinsa sirna haqaa sirnaafi hojimaata ittiin hoogganamu waan hin qabneef bu'a-qabeessummaan isaa gaaffi keessa jiraachuu[252] riiformiiwwan sadarkaa oliitti diriirfaman manneen murtii jalaatti lafa qabsiisuu irratti hanqini jiraachuu,[253] rakkoo si'oominafi qulqullina hojii qaamolee mootummaa ragaa kennanii,[254] fa'a caqasamaniiru.

---

[248]Marii garee Ejersa Lafoo, Shawaa Lixaa fi Ambo, wal-duraa duubaan olitti yaadannoo 103[ffaa], 112[ffaa] fi 202[ffaa] fi; MMA Gommaa waliin gaafa 13/07/2014 taasifame

[249] Marii garee, olitti yaadannoo 248[ffaa]

[250] Marii garee Barraak, olitti yaadannoo 100[ffaa]

[251] Naasir, olitti yaadannoo 104[ffaa]

[252] Naasir, akkuma olii

[253] Naasir, akkuma olii

[254] Joonii, olitti yaadannoo 113[ffaa]

# BOQONNAA AFUR

## GUDUUNFAA FI YAADOTA FURMAATAA

### 4.1.Guduunfaa

Argannoowwan qorannoo kanaa boqonnaa sadi jalatti ibsaman haala waliigalaatiin yeroo ilaallu gama tokkoon manneen murtii naannichaa sirnaafi hojimaata diriire bu'uura godhachuun hojiiwwan hojjetaa turaniin itti-quufinsa tajaajilamaa fooyyeessuu irratti milkaa'inootni argaman jiraachuufi gama biraatiin immoo haalotni kan armaan duraa caalaa akka kufaatiitti ibsamuu danda'an jiraachuu hubachuun ni danda'ama.

Haaluma kanaan qorannoon kun itti-quufinsi waliigalaa tajaajilamaan manneen murtii naannichaa irratti qabu %73 ta'uu agarsiisa. Haala dhuunfaa tajaajilamtootaa jiddu galeessa godhannee yeroo ilaallu sadarkaan itti-quufinsaa tajaajilamtoonni dubartoota ta'an, dargaggoonni (umuriin isaanii wagga 25 gadi ta'e), tajaajilamtootni abukaatoo malee ofii isaaniitii falmatan, tajaajilamtoonni deddeebiin beellamaa isaanii yeroo 2-5 hin caalleefi kanneen dhagahi dhimma isaanii xumura argate itti-quufinsi isaan qaban sadarkaa fooyya'aa irratti argama. Kana malees, hanguma sadarkaan baruumsaa tajaajilamaa dabalu itti-quufinsi tajaajila manneen murtii irraa tajaajilamaan qabaatu kan hir'atu ta'uu argannoo qorannoo kanaa irraa hubachuun ni danda'ama. Gama biraatiin, tajaajilamtoonni dirqama yookiin hojii ogummaa bahachuuf gara mana murtii dhufan kanneen akka abukaatoo, abbaa alangaafi qorataa poolisiifi tajaajilamtoonni abukaatoodhaan bakka bu'amaniifi kanneen beellama 6 ol-deddeebi'an itti-quufinsi qaban kan tajaajilamtoota biroo waliin yeroo ilaalamu gadi bu'aadha.

Itti-quufinsi tajaajilamtoonni kenniinsa tajaajilaafi mijaa'ina haala naannoo hojii manneen murtii naannichaa irratti qaban yeroo gara yerootti fooyya'uu argannoon qorannoo kanaa ni agarsiisa. Argannoon qorannoo kanaa xiinxala itti-quufinsa tajaajilamaa bara 2012 A.L.I-tti gaggeeffame waliin wal-bira qabamee yeroo ilaalamu itti-quufinsi tajaajilamtootaa akka waliigalaatti %7'n dabaleera. Gama biraatiin safartuuwwan raawwii tajaajila manneen murtii itti-quufinsa madaalan bu'uura godhannee yeroo ilaallu, safartuuwwan hedduu irratti sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamtootaa kan fooyya'e yoo ta'u, safartuulee muraasa kanneen akka 'dhiibbaarraa bilisa ta'anii tajaajiluu', 'bu'uura beellamaatiin keessummeessuu', 'qulqullina tajaajilaa' fi 'si'oomina' irratti akkaatuma duraa duubaa isaaniitiin itti-quufinsi tajaajilamaa, % 14, %12, %10 fi %8-tiin kan bara 2012 A.L.I-tti irraa gadi bu'aa ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Safartuu ‘dhiibbaarraa bilisa ta’anii tajaajiluu’ jedhu irratti daataa bar-gaaffii tajaajilamtoota manneen murtiitiin guutame qofa osoo hin taane daataan marii gareefi bifa af-gaaffiitiin hirmaattota qorannichaa irraa walitti qabames rakkoon kun jiraachuu qofa osoo hin taane hammaachaa kan dhufe ta’uu mirkaneessaniiru. Sababni ijoon uumamuu rakkoo ‘dhiibbaa irraa bilisa ta’anii tajaajiluu dhabuu’ manneen murtii kunis dhabamuu kutannoo gama mootummaatiin jiruufi akka manneen murtii naannichaattis hooggansa sadarkaan jiraniifi abbootii seeraa biratti qajeeltoo kana kabajuufi kabachiisuuf ejjennoo cimaafi wal-fakkaataa dhabuu irraa kan maddu akka ta’e argannoon qorannichaa ni agarsiisa.

Safartuuwwan ‘bu’uura beellamaatiin keessummeessuu’, ‘qulqullina tajaajilaa’ fi ‘si’oomina’ jedhaniin wal-qabatee sadarkaan itti-quufinsi tajaajilaamtoonni qaban, akkuma olitti ibsame sadarkaa itti-quufinsa bara 2012 A.L.I-tti ture waliin yeroo ilaalamu kan gadi bu’e ta’uu qorannoon kun ifatti agarsiiseera. Bu’uura beellamaatiin keessummeessuu, qulqullina KTAS fi si’oomina tajaajilaa fooyyessuun wal-qabatee manneen murtii naannichaa sadarkaan jiran hojiiwwan sirnaafi hojimaata diriirsuufi hojiitti hiikuu dabalatee hojiiwwan gara garaa hojjetamaa turuufi jiraachuu daataan bifa adda addaatiin walitti qabame ni agarsiisa. Ta’us, sirniifi hojimaatni gama kanaan jiran hanqina kan qabaniifi manneen murtii hundatti haala wal-fakkaataadhaan hojiirra ooluu dhabuun itti-quufinsi tajaajilamaa sadarkaa barbaadamuun akka hin fooyyofne sababoota taasisanidha. Kana malees, safartuuwwan kanneen irratti sadarkaan tajaajilamaan tajaajilootaafi haala kenniinsa isaanii itti eegee (expectation) fi sadarkaan tajaajilootni kunneen itti kennamaa jiran kan wal-hin gitneefi itti quufinsi gama kanaan jiru akka gadi bu’u taasiseera. Dabalataanis gatiin tajaajilamaan safartuulee tajaajilaa kanaaf qabu (perceived value) ol-ka’aa waan ta’eefi kunis raawwii qabatamaa kenna tajaajilaa gama kanaan manneen murtii naannichaa qaban, itti-quufinsi tajaajilamtootaa sadarkaa eeggamurratti akka hin argamne taasisuu isaa hubachuun ni danda’ama. Gabaabumatti manneen murtii naannichaa gama si’oomina, bu’uura beellamaafi qulqullina KTAS-tiin qaban ija tajaajilamaatiin yeroo ilaalamu bakka akka manneen murtii gahame jedhamee yaadamu irraa fagoo akka jiruufi hojii guddaas akka barbaadu hubatamuu qaba.

Qorannoo kana keessatti safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilaa manneen murtii 22 kan hojiirra oolan yoo ta’u, isaan kunis amala wal-fakkaataa qaban irratti hundaa’uun xiinxalaaf akka tolutti bakka gurguddoo saditti qoodamanii ilaalamaniiru. Isaanis: safartuuwwan raawwii teeknikaa, safartuuwwan raawwii adeemsaafi safartuuwwan raawwii bu’uraati. Itti-quufinsi tajaajilamaan

manneen murtii naannichaa irraa qabu safartuuwwan raawwii bu’uuraa (judcial integrity, ‘honesty’ and fairness of verdicts’) irratti (%70), safartuuwwan raawwii teeknikaa irratti (%68) fi safartuuwwan raawwii adeemsaa irratti (%67) irratti argama. Kana jechuun akka waliigalaatti yeroo ilaalamu tajaajilamtootni manneen murtii naannichaa itti-quufinsa fooyya’aa kan qaban haala abbootiin seeraa ittiin isaan keessummessaniifi haqa-qabeessummaa hojii abbaa seerummaatiin wal-qabateeti. Kunis hojii manni murtii hojjetu keessatti hunda caala murteessaa waan ta’eef, itti-quufinsi safartuu kana irratti jiru fooyya’aa ta’uun isaa akka gaariitti kan ilaalamuufi itti-quufinsi waliigalaa sadarkaa gaarii irratti akka argamu dhiibbaa uumeera jedhamee fudhatamuu kan danda’amudha.

Safartuuwwan raawwii tajaajilaa gurguddoo sadan keessaa itti-quufinsi tajaajilamaan qabu kan xiqqaatu (relatively) safartuuwwan raawwii adeemsaatiin wal-qabatan irratti yoo ta’u, kunis sirni manneen murtii nannichaa dhimmoota ittiin hoogganaa jiran caalaa xiyyeeffannoofi sirreeffama kan barbaadu ta’uu kan agarsiisudha. Safartuuwwan teeknikaatiin wal-qabatees keessattuu keessummeessa haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu galeessa godhate kennuu (individualized attention) fi mijaa’ina haala naannoo hojii (court facilities)-tiin wal-qabatees hojiin hedduun akka hafu argannoon qorannichaa mirkaneesseera.

Sadarkaa manneen murtii jiddu galeessa godhannee yeroo ilaallu, MMA irra caala itti quufinsa tajaajilamtootaa kan qabuufi sadarkaa gaarii irra kan jiru yoo ta’u, MMO fi MMWO duraa duubaan kan itti-aananiifi sadarkaa jiddu galeessaa irratti kan argamanidha. Kanaaf sababootni gara garaa kan ibsamuu danda’an yoo ta’ellee, adda duraan MMA, MMO fi MMWO caala tajaajilamaaf dhaqqabamaa ta’uufi dhimma ofii itti dhiyeenyaan hordofachuun kan wal-qabatudha. Kanumaan wal-qabatee akkuma olitti ibsame tajaajilamaan itti-quufinsa xiqqaa kan qabu safartuuwwan raawwii adeemsaa (procedural performance measures) irratti waan ta’eef, itti-quufinsa dhabuun safartuuwwan kanneen irratti mul’atu immoo dhaqqabummaa waliin hariiroo kallattii waan qabuufidha. Irra deddeebiin beellama kennuufi rakkoon si’oominaa safartuulee itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo waan ta’aniif, rakkooleen kunneen immoo sadarkaa manneen murtii ol-iyyata dhagahaniitti yoo uumaman sababa manneen murtii kunneen hanga mana murtii aanaa dhaqqabamoo hin taaneef baasiifi dhamaatii caalu waan hordofsiisuuf itti-quufinsa tajaajilamaan isaanirratti qabu akka gadi buusu hubachuun ni danda’ama.

Qorannoon kun safartuuwwan sadarkaa itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'anis (key drivers of overall satisfaction) adda baaseera. Bu'uura kanaanis safartuuleen akka: keessummeessaa haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa godhate; tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa ta'uu; si'oomina qabaachuu; tilmaamawummaafi qulqullina murtii; bakki hojii qulqulluufi mijataa ta'uu; fi yeroo hojiifi sa'aatii beellamaa kabajuu kanneen jedhan safartuulee ijoo ta'aniifi raawwiin sadarkaa itti-quufinsa isaaniis gaarii kanneen hin taanedha.

Itti-aansuun safartuulee tajaajilaa adda bahan kanneeniin wal-qabatee argannoowwan ijoo qorannoo kanaa, sadarkaa itti-quufinsaa, hanqinaalee ijoo mul'ataniifi sababa isaanii waliin haa ilaallu.

Dhaqqabummaa iddoowwaniifi odeeffannoo tajaajilaatiin wal-qabatee daataan bar-gaaffi sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamaa gaarii akka ta'e agarsiisa. Haata'u malee, daataa maloota daawwannaafi marii gareetiin walitti qabaman irraa akka hubatamutti dhaqqabummaan iddoowwaniifi odeeffannoo tajaajilaa manneen murtii qabatamaan sadarkaa gaarii irra jira kan jedhamu miti. Keessattuu rakkoon kun sadarkaa MMO-tti ni bal'ata. Rakkooleen ijoo gama kanaan jiran keessaas: manneen murtii keenya barjaa (taappeellaa), agarsiiftuu kallattii, gabatee beeksisaa, deeskii odeeffannoo, poostara chaartarii lammiileefi meeshaalee teeknoloojii tajaajila kanaaf oolan bifa wal-fakkaataafi gahaa ta'een hin qabani. Kana malees, tajaajilamtootni haala kenniinsa tajaajila manneen murtii irratti yaada yookiin komii yoo qabaatanillee yaada yookiin komii isaanii kana sirni ittiin fuudhamuufi keessummaa'u hanqina kan qabudha. Galmeewwaniifi saanduqni yaadaa bakka hedduutti tajaajilaan ala. Kanaan alas tajaajilamtootni komiin isaanii akka furamuuf qaama ilaallatuuf iyyata dhiyeeffatan baay'ee muraasadha. Kunis komii waan hin qabneef osoo hin taane, sirna komiin ittiin dhiyaatu irratti hubannoo dhabuu sababa komii dhiyeeffannee dhiibbaan nurra gahuu mala jedhanii sodaachuun kan wal-qabatu ta'uu argannoon qorannichaa ni akeeka.

Mijaa'ina haala naannoo hojii ilaalchisee argannoon qorannoo kanaa itti-quufinsi manneen murtii naannichaa akka waliigalaatti qaban sadarkaa giddu galeessaa irratti akka argamu agarsiisa. Rakkoon mijaa'ina naannoo hojiin wal-qabatu sadarkaa manneen murtii aanaatti caalaa hojii hedduu kan barbaadudha. Rakkooleen safartuu kanaan wal-qabatee qorannoo kanaan adda bahan ijoon: ijaarsi manneen murtii saayitii amala mana hojichaatiif mijataa hin taane irratti raawwatamuu, dizzayniin (saxaxni) ijaarsa gamoowwan mana murtii haala kenna tajaajilaatiif hawwataa hin taaneen qophaa'uufi ijaarsisaa haala kanaan raawwatamuu; kutaawwaniifi

iddoowwan tajaajilaajilaa hanqinaafi dhiphaa ta'an, qulqulluufi mijataa hin taane jiraachuu; haala dhuunfaa tajaajilamaa giddu galeessa godhatee kan hin mijanne ta'uu fa'adha.

Haqa-qabeessummaa haala keessummeessaan wal-qabatee sadarkaan itti-quufinsi tajaajilamaa irratti argamu giddu-galeessa yoo ta'u, sadarkaa MMO-tti rakkoon kun caalaatti kan mul'atu dha. Gama kanaan manneen murtii naannichaa bu'aalee teeknoloojii gara garaa, sirnaafi hojimaata kenniinsa tajaajilaa ilaallatan madaqsanii hojiirra oolchaa kan jiran ta'ullee, bakka hundatti haala wal-fakkaataafi bu'a-qabeessa ta'een hojiitti hiikamaa kan hin jirre ta'uufi kanaan walqabatee hubannoon gama tajaajilamaan jiru laafaa ta'uu, keessummeessi jiru haala dhuunfaa tajaajilamaa giddu galeessa kan hin godhatne ta'uun hanqinaalee ijoo itti quufinsa tajaajilamaa akka gadi bu'u taasisanidha.

Ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchinsaatiin wal-qabatee sadarkaan itti-quufinsi tajaajilaa akka waliigalaatti irratti argamu gaarii yoo ta'u, sadarkaa MMWO-tti ni xiqqaata. Rakkooleen ijoon gama kanaan jiran ilaalchaafi gocha faayidaan tajaajila kennuu, obsaafi ilaalcha gaarii hin taaneen tajaajilamaa keessummeessuufi tajaajila qulqullina hin qabne kennuun ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaa bira akka jiru daataa qorannoo kanaan adda bahee jira.

Safartuuwwan raawwii adeemsaatiin wal-qabatee itti-quufinsi jiru jiddu-galeessa (%67) irratti kan argamu yoo ta'u gabaasa raawwii bara bajetaa 2014 manneen murtii Oromiyaa keessatti raawwiin gama kanaan jiru sadarkaa ol'aanaa irratti argama. Garaagarummaan kun uumamuu kan danda'eef sakatta'iinsi kun kallattii tajaajilamaatiin qofa raawwii jiru kan ilaaleefi gosa tajaajilaa hunda irratti si'oomina kan madaale ta'uu isaati. Madaalliin si'oominaa gabaasicha keessatti akka ol'aanatti ibsame garuu baay'ina dhimmoota bara bajetichaa keessatti furmaata argatan irratti kan xiyyeffatudha malee tokkoon tokkoo tajaajiloota kennamanii si'oomina akkamiitiin raawwataman kan jedhu kan xiinxale miti.

Safartuuwwan raawwii adeemsaatiin wal-qabatee hanqinni bal'aan sakatta'iinsa kanaan adda bahe si'oominaafi akkaataa beellamaatiin keessummeessuu irrattidha. Rakkoon kunis kan bal'atu irra caalaa sadarkaa MMO-ttidha. Rakkooleen ijoon gama kanaan jiranis sababa gahaafi bu'uura seeraa hin qabneen beellamni irra deddeebiin kennamaa jiraachuu, beellamni yeroo kennamu haala dhimmichaafi tajaajilamaa jiddu galeessa godhachuu dhabuu, garagalcha murtiifi ol'iyyata yeroon kennuu dhabuu fa'adha.

Safartuuwwan raawwii bu'uraa ilaalchisee itti-quufinsi tajaajilamtoonni qaban sadarkaa jiddu-galeessa irratti argama. Safartuuwwan raawwii bu'uraa safartuuwwan tajaajila abbootii seeraafi

dhaddachaa ilaallatan ta'anii gahuumsa abbootiin seeraa qabiinsa tajaajilamaa irratti qabaniifi haqa-qabeessummaa hojimaata dhaddachaa kan ilaallatani dha. Rakkooleen ijoon gama kanaan jiranis safartuuwwan sadan armaan gadiitiin kan walqabatanidha. Isaanis: tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa ta'uu, tilmaamamummaafi qulqullina murtiifi fayidaan hojjechuu irraa bilisa ta'uu kanneen jedhan yoo ta'u, safartuuwwan kana irratti itti quufinsi tajaajilamtootaa duraa duubaan %56, %57 fi %68-dha. Manneen murtii naannichaa sababa dhiibbaa qaamolee alaa kanneen akka poolisii, qaamolee bulchiinsaa, abukaattota dhuunfaafi hanqina keessoo gama kanaan jiru irraa kan ka'e tajaajila kennan bilisummaa guutuun bahachaa jiru jechuuf nama rakkisa. Keessattuu ajajaafi murtii mana murtii raawwachuu diduu, dhimma adeemsarra (falmiirra) jiru irratti mana murtiif yookiin abbaa seeraaf qajeelfama kennuuf yookiin mariisiisuuf adeemuu, bilisummaa bajataa dhabuu fa'a akka ijootti kaasuun ni danda'ama. Rakkoon kun sadarkaa manneen murtii hundatti kan calaqqisu ta'us kan MMWO fi MMO sadarkaa hammaata irratti argama.

Qulqullina hojii dhaaddachaan wal-qabatee rakkooleen ijoon jiran: dhimma ol-iyyannoo xiyyeeffannoon ilaaluu dhabuu (unkaan cimsuu), rakkoo madaallii ragaa, rakkoo qubee sirreessanii barreessuu, murtii bu'uura seeraafi iftoomina qabu kennuu irratti hanqinni kan jiru ta'uu bu'aan qorannoo kanaa jni agarsiisa. Fayidaan hojjechuun wal-qabatees darbee darbee sadarkaa mana murtiitti yookiin mana murtii sadarkaa olii yookiin jalaa jiru waliin caasaa uummatanii faayidaan hojjechuun akka jiru argannoon qorannichaa ni agarsiisa.

Qorannoon kun hanqinaalee keessoofi alaa itti-quufinsa tajaajilamaa irratti dhiibbaa geessisaniifi sababoota isaaniis adda baaseera. Hanqinaaleen keessoo dabalataan qorannoo kanaan adda bahan ijoon kanneen armaan gadiiti. Isaanis rakkoo caasaa mana hojii, hanqina humna namaafi bulchiinsa isaa, komii faayidaa ofiserootaafi hojjettoota bulchiinsaa; seeronni, riifoormiiwwaniifi hojimaanni hanqina qabaachuu; hojiirra oolchuu irrattis kutannoofi ejjannoo wal-fakkaataa dhabuu; qindoominni hawaasa manneen murtii bira jiru darbee darbee hanqina kan qabu ta'uun adda baheera. Rakkoowwan alaa dabalataan qorannoo kanaan adda bahan ijoon rakkoo nageenyaa, jiddu-lixummaa qaamolee bulchiinsaa; ragaawwan sobaa kennuu; qulqullina dhabuu himannaa, deebiifi falmii; hanqina dandeettiifi naamusa abukaatota dhuunfaafi barreessitoota uummataa fa'adha.

Sababoonni hanqinaaleefi rakkoowwan kun akka uumaman taasisanis haala tasgabbii siyaasaafi diinagdee biyyaafi naannoo; bifa wal-fakkaatuun hoggansa cimaa kennuu dhabuu; hanqina atoomina; qoqqoodinsa aangoofi sirna wal-too'achuu uwwisa heeraa qabu kabajuu dhabuu; ol'aanatummaan heeraafi seeraa laafuu; seeronni bu'uuraafi adeemsaa tokko tokko hanqina qabaachuu; ilaalcha dogongoraa hawaasni mana murtiif qabu (qarshiin haqa bitachuuf yaaduufi tajaajilli kennamu faayidaan qofa akka ta'etti amanuu); jijjiirama haala addunyaalessaa (globalization) fi guddina teekinolojii fa'adha.

### 4.2.Yaadota Furmaataa

Hanqinaalee keessoofi rakkoolee alaa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtiitti hudhaa ta'an, akkasuma sababoota uumamuu isaanii qorannoo kanaan adda bahan furuuf yaadotni furmaataa armaan gadii akeekamaniiru.

#### *4.2.1. Yaadota Furmaataa KTAS Ilaallatan*

- Mootummaan Naannoo Oromiyaa Manni Murtii jaarmayaa mirga lammiileefi ol-aantummaa seeraatiif wabii cimaa akka ta'uufi bilisummaa mana murtii heera mootummaatiin uwwisa argate kabajee kabachiisuuf kutannoofi ejjennoo cimaa qabaachuu qaba. Kanaafis, deeggarsa barbaachisaa hunda taasisuu qaba.
- Hooggansiifi abbootiin seeraa manneen murtii sadarkaan jiranis bilisummaa qaama abbaa seerummaa kabajuufi kabachiisuuf ejjannoo cimaafi wal-fakkaataa ta'e qabaachuu qabu.
- Tarsiimoo dagaaginaa naamusaafi ittisa malaammaltummaa manneen murtii xiyyeeffannoo kennuun hojiirra oolchuun barbaachisaadha.
- Naamusa ogummaa, dandeettiifi miira tajaajiltummaa irratti (keessattuu bilisummaa qaama abbaa seerummaa; kenna tajaajilaa, keessummeessaafi hoogansa dhaddachaa) irratti qaama dhimmi ilaalu waliin atoomuun abbootii seeraatiif leenjii kennuun barbaachisaadha.
- Tajaajila si'ataa fedhii tajaajilamaatiin walsimu kennuuf istaandardiiwwan tajaajilaa jiran irra deebiin ilaaluun barbaachisaadha. Kun akkuma jirutti ta'ee tajaajilli kennamu kamiyyuu bu'uura istaandardiiwwan jiraniitiin kennamuu isaanii mirkaneessuuf hojiin deeggarsaa, hordoffiifi to'annuu cimuu qaba.
- Sirna kenna beellamaa manneen murtii naannichaa seera, haala dhimmaafi tajaajilamaa kan bu'uureffate akka ta'u hojjetamuu qaba.

- ❖ Yeroon marii galmee abbootii seeraa yeroo adda bahee beekamutti ta’ee, beellama irraa bilisa ta’uu qaba.
- ❖ Sirna galmeen ol’iyyannoo guyyuma dhufu fala itti argatu (online) cimee itti fufuu qaba. Hojimaatni kun qulqullina irratti dhiibbaa akka hin hordofsiisne too’annaan qulqullinaa barbaachisaan godhamuu qaba.
- ❖ Tarsiimoo Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa Too’achuuf Qophaa’e mirkanaa’ee hojiirra oolfamuu qaba. Dhimmoonni maloota hiikkaa wal-diddaa birootiin fala akka argatan jajjabeessuun barbaachisaadha. Keessattuu manneen murtii dhimmoota gama mana murtii aadaafi jaarsummaatiin ilaalamuu danda’an fedhii wal-falmitootaa bu’uureffachuun gama sanatti erguun qajeeltoo ta’uu qaba.

### *4.2.2. Yaadota furmaataa hojiilee bulchiinsaafi atoominaa ilaallatan:*

- Sirnoota, riifoormiiwwan, hojimaatileefi qajeelfamootni gara garaa MMWO tiin bahan sadarkaa hundattu bifa wal-fakkaataan akka hojiirra oolfaman hojiin to’annoo, hordoffiifi deeggarsaa cimaa ta’e hojjetamuu qaba. Kana malees haala qabatama jiru waliin yeroo yeroodhaan fooyya’aa akka deeman hojjetamuu qaba.
- Manneen murtii bajata mataa isaanii bulchuu akka danda’anfi baajeta mataa isaa kallattiin Caffeef dhiyeessee akka mirkaneessifatu sirni dandeessisu diriiree hojiirra ooluu qaba.
- Manneen murtii sadarkaan jiraniif humni namaa ramadamu heddumminaafi walxaxiinsa hojii mana murtichaa ilaalcha keessa kan galche ta’uu qaba. Jijjiirraafi ramaddiin abbootii seeraa yeroo raawwatamus kanuma ilaalcha keessa kan galche ta’uufi sirni jirus haala yaaddama kana waliin wal-simuun fooyya’uu qaba.
- Caasaa manneen murtii yeroo ammaa hojiirra jiru yeroo gabaabaa keessatti fooyyeessanii hojiirra oolchuufi humna namaa gahaa ta’e guutachuun barbaachisaadha.
- Rakkoo ragaa sobaatiin wal-qabatee jiru maqsuuf qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ta’uun tarsiimoon ittisa ragaa sobaa mirkanaa’ee hojiirra ooluu qaba.
- Ilaalcha dogongoraa hawaasni mana murtii irratti qabu maqsuuf miidiyaafi karaalee hubannoo uumun danda’amu kan biroo fayyadamuun hawaasaf hubannoo kennuudha.

- Seerotni bu'uuraafi adeemsaa hanqina qabaniifi tilmaamawummaafi qulqullina murtii manneen murtiitiin kennamu irratti dhiibbaa qaban qorannoon adda baahuun akka fooyya'an yookiin haqaman qama ilaallatu waliin hojjechuun barbaachisaadha.
- Manni murtii qaamolee haqaafi kanneen kenniinsa tajaajila haqaa keessatti gahee gara garaa qaban waliin qindoomina cimsuufi sirni kana dandeessisu akka diriiru hojjechuu qaba. Keessattuu rakkoo gama naamusa abukaatota dhuunfaafi hanqina dandeettii barreessitoota uummataa irratti xiyyeeffannoo kennuun qaama ilaallatu waliin ta'uun too'annaa, hordoffiifi itti-gaafatamummaa mirkaneessuun barbaachisaadha.

### *4.2.3. Yaadota Furmaataa Hojiiwwan Teeknikaa Ilaallatan*

***Rakkoo Dhaqqabummaa Iddoowwaniifi Odeeffannoon wal-qabatu furuuf:***

- Taappellaan manneen murtiifi agarsiiftuun kallattii iddoowwan tajaajilaa agarsiisu bifa mul'achuu danda'uun jiraachuu qaba.
- Deeskii odeeffannoo bifa guutuu ta'een gurmeessuun si'oomina, miira tajaajiltummaafi naamusaan tajaajilamaaf odeeffannoo sirriifi ifa ta'e akka kennan taasisuudha.
- Gabatee beeksisaafi meeshaalee teekinolojiitti sirnaan fayyadamuun odeeffannoo wayitaawaa tajaajilamaaf kennuudha.
- Manneen murtii sadarkaan jiran sirna tajaajilamaan komii ittiin dhiyeeffatu irratti tajaajilamaaf hubannoo uumuu irratti hojjechuu qabu. Tajaajilamaan sababa komii dhiyeeffateef dhiibbaan isarra gahu akka hin jiraanne mirkaneessuuf hooggansiifi caasaan inspeekshinii sadarkaan jiru too'annoofi hordoffii gama kanaan jiru cimsuudha.
- Itti-fayyadama meeshaalee teeknoloojii kanneen akka tuqii-argiifi QMS fa'a irratti tajaajilamtootaaf hubannoo uumuudha.

***Rakkoolee Mijaa'ina haala naannoo hojiitiin wal-qabatee jiru furuuf:***

- Manneen murtii bajata mataa isaanii bulchuu akka danda'anfi baajeta mataa isaa kallattiin Caffeef dhiyeessee akka mirkaneessifatu sirni dandeessisu diriiree hojiirra ooluu qaba.
- Manneen Murtii sadarkaan jiraniif bajatni yeroo ramadamu humna diinagdee biyyattiifi naannichaa akkasumas heddummina hojiifi haala qabatama isaanii giddu-galeessa kan godhate, iftoomina kan qabu, sababaawaafi haqa-qabeessa ta'uu mirkaneessuun barbaachisaadha.

- Manneen Murtii waajjira ijaarratanii qaban bifa haaromsa sadarkaa tajaajila kennaniitiin wal-madaaluufi haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa godhate taasisuun hanqina gama mijaa'ina haalaa naannoo hojiitiin jiru sirreessuu;
- Manneen Murtii rakkoo waajjiraa qaban ijaarsa saayitiifi dizzaayinii qorannoo irratti hundaa'ee qophaa'u bu'uureffachuun akka ijaarratan godhamuu qaba. Dizzayiniin gamoo manneen murtii qaama miidhamaa ilaalcha keessa kan galche, kutaa hojii ofiseroota seeraatiif haala mijatuufi kutaaleen dhaddachaa dhaddacha ifaa gaggeessuuf haala mijatuun sirratee qophaa'uu qaba. Kana malees, iddoon haara galfii tajaajilamaafi bakki dhaabbii konkolaataa dizzaynii gamoowwanii kana keessatti haammatamuu qaba.

***Rakkoo haqa-qabeessummaa haala keessummeessaan wal-qabatee jiru furuuf***

- Bu'aalee teeknoloojii gara garaa, sirnaafi hojimaata kenniinsa tajaajilaa ilaallatan bifa guutuu ta'eefi haala wal-fakkaatuun manneen murtii hundatti babal'isuufi hojiirra oolchuudha.
- Keessummeessi manneen murtii haala dhuunfaa tajaajilamaa jiddu-galeessa akka godhatu sirna barbaachisu diriirsuun haala wal-fakkaatuun hojii irra oolchuun barbaachisaadha.
- Hubannoo gama kanaan barbaachisu tajaajilamtootaaf kennuu irratti xiyyeeffannoon hojjetamuu qaba.

***Rakkoo tajaajila ofiseeroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaatiin wal-qabatee jiru furuuf:***

- Leenjii naamusa, miira tajaajiltummaafi ogummaa hojichaaf barbaachisu irratti qaama dhimmi ilaallatu waliin atoomuun kennuu;
- Hordoffiifi too'annaa barbaachisaa naamusaafi raawwii hojii irratti xiyyeeffate taasisuu;
- Sirni bulchiinsaafi faayidaa ofiseroota seeraafi hojjettoota bulchiinsaa qorannoo bu'uura godhachuun diriirsuufi hangasittis sirna jiru duguuganii hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

## MADDOOTA WABII


### Barruulee

Karoora Waggaa Kudhanii Manneen Murtii Oromiyaa (2013 – 2022).

Rattaa Baqqalaafi Iyyaasuu Adimaasuu, Xiinxala Itti-Quufiinsa Tajaajilamtootaa Manneen Murtii Oromiyaa, 2012.

Marija Vuksanovich, Surveys of Judicial Independence Methodological Approach for Monitoring User Satisfaction and Perceptions, 2015: fuula 9, ISBN 978-608-4758-00-6.

UNDP Research conducted in partnership with the University College of London, Creative Business Solutions and Al-Wedad Society for Community Rehabilitation, Public Perceptions of Palestinian Justice and Security Institutions, 2012.

### Seerota

Heera Fooyya'ee bahe, Labsii Lakkoofsa 46/1994, Magalata Mootummaa Naannoo Oromiyaa, Finfinnee, Onkololeessa 17, 1994.

Heera, Labsii Lakkoofsa 1/1995, Nigaarit Gaazexaa Mootummaa Federaala Diimokiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa, Finfinnee, Hagayya 21, 1995.

Labsii Gurmaa'ina, Aangoofi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lakkoofsa 216/2011.

Universal Declaration of Human Rights (UDHR) adopted by the General Assembly Resolution 217A (III), 10 December 1948, https://www.un.org/en/about-us/universal-declaration-of-human-rights irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:28-tti ilaalame.

International Covenant on Civil and Political Rights (ICCPR) adopted by the General Assembly Resolution 2200A (XXI), 16 December 1966, entered into force on 23 March 1976, keewwata. 14, https://www.ohchr.org/en/instruments-mechanisms/instruments/international-covenant-civil-and-political-rights irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:35-tti ilaalame.

### Marsariitii

International Consortium for Court Excellence (2020), Global Measures of Court Performance, Third Edition. Sydney, (kana booda ICCE), Australia: fuula 34, http://www.courtexcellence.com irraa gaafa 17/02/2022 sa'aatii 8:45-tti ilaalame.

European Commission For The Efficiency Of Justice (CEPEJ), Handbook For Conducting Satisfaction Surveys Aimed At Court Users In Council Of Europe's Member States 2, 5. https://rm.coe.int/european-commission-for-the-efficiency-of-justice-cepej-handbook-for-c/168074816f irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15 tti ilaalame.

Raymond Wu, Concept of Service Provisioning and Realization, IBM Software Group, fuula 1, https://www.atlantis-press.com/article/1149.pdf irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15-tti ilaalame.

Concept of Service Provisioning and Realization, Raymond Wu, IBM Software Group. https://www.atlantis-press.com/article/1149.pdf Gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15 tti ilaalame

https://marketbusinessnews.com/financial-glossary/customer-definition-meaning/ irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 2:00-tti ilaalame.

Customer Definition (investopedia.com) irraa gaafa 18/05/2022 sa'aatii 11:22-tti ilaalame.

David Pimentel, Balancing Judicial Independence and Accountability in a Transitional State: The Case of Thailand, Pacific Basin Law Journal, volume 33, 2016: fuula 171. https://escholarship.org/content/qt6gr416nk/qt6gr416nk.pdf?t=ogqid9 irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 4:15-tti ilaalame.

Kenya, Court User Satisfaction Survey Report (kana booda Kenya CUSS), 2020, fuula 4, file:///C:/Users/hp/Downloads/Judiciary%20Court%20User%20Satisfaction%20Survey%20Report.pdf irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 9:24-tti ilaalame.

European Commission for the Efficiency of Justice (CEPEJ), Handbook for Conducting Satisfaction Surveys Aimed at Court Users In Council Of Europe's Member States, https://rm.coe.int/european-commission-for-the-efficiency-of-justice-cepej-handbook-for-c/168074816f Gaafa 07/06/2022 sa'aatii 02:15 tti ilaalame

What is a Customer Satisfaction Survey? | Pipefy https://www.pipefy.com/blog/sales-piptaeline/customer-satisfaction-survey/ irraa gaafa 19/05/2022 sa'aatii 3:30-tti ilaalame.

Customer Definition (investopedia.com) irraa gaafa 18/05/2022 sa'aatii 11:22-tti ilaalame.

Wim Voermans, Judicial Transparency Furthering Public Accountability for New Judiciaries, Article in Utrecht Law Review, Volume 3, Issue 1, June 2007: fuula 159, http://ssrn.com/abstract=998249 irraa gaafa 17/05/2022 sa'aatii 9:05-tti ilaalame.

Yamane, Taro. 1967. Statistics: An Introductory Analysis, 2nd Ed., New York: Harper and Row, https://www.scribd.com/document/538466066/2-Glenn-D-Israel-Determining-Sample-Size#download irraa gaafa 07/06/2022 sa'aatii 3:30-tti ilaalame.

Interpret the key results for Binary Logistic Regression - Minitab Express; irraa gaafa 18/05/2022, sa'aatii 9:26-tti ilaalame.

https://www.statology.org/inter-rater-reliability/ irraa gaafa 06/06/2022, sa'aatii 02:30 tti ilaalame.

**Tarree Mariiwwan Garee Hoggantootaafi Ogeessota**

MMO Godina Arsii Lixaa, Harargee bahaa, fi Shawaa Bahaa waliin gaafa 05/07/2014;

MMO Godina Hargee Bahaa fi MMA Haramayaafi Wandoo waliin gaafa 06/07/14;

MMA Gimbichuu, Magaalaa Shaashamannee, waliin gaafa 07/07/2014;

MMA Magaalaa Sabbataa, Magaalaa Bishooftuufi Baabbilee waliin gaafa 08/07/2014;

MMO Godina Jimmaafi MMA Barraak waliin gaafa 12/7/2014;

MMA Qimbibiit, Lodee Heexosaa, Gommaafi Gaasaraa waliin gaafa 13/07/2014;

MMA Abbichuu Nya'aa, Qarsaa waliin gaafa 14/07/2014;

MMO Godina Shawaa Kaabaa waliin gaafa 15/07/2014;

MMO Godina Baalee fi MMA Ejersa Lafoofi Xiyoo waliin gaafa 19/07/2014;

MMO Godina Shawaa Lixaafi MMA Gobbaa waliin gaafa 20/07/2014;

MMO Godina Arsiifi MMA Amboo waliin gaafa 21/07/14; fi

MMO GAONF waliin gaafa 03/08/2014 taasifame.

**Tarree Hirmaattota Af-gaaffii Deebisanii**

Obbo Zarihuun Dhugumaa, Itti-Aanaa Hoogganaa BAAWO waliin gaafa 02/08/2014;

Obbo Tashoomaa Girmaa, Itti-Aanaa Komishinara KMASO waliin gaafa 05/08/2014;

Komishinara Itt-Aanaafi Girmaa Galaan, Hoogganaa Damee Qorannaa Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisaa, KPO, waliin gaafa 04/08/2014;

Obbo Naasir Huseen, Walitti-qabaa Koree Dhaabbii Seeraa, Bulchiinsaafi Qabeenya Namaa Caffee waliin gaafa 05/08/2014;

Obbo Gammachuu Baqqalaa, Daariktera Dariktoreetii KTAS MMWO, waliin (bilbilaan) gaafa 18/09/2014;

Obbo Joonii Bantii, Qindeessaa Hojii Deeggarsa Dhaddachaa MMWO, waliin gaafa 04/08/2014;

Oliyaad Yaaddessaa, Daariktera Dariktoreetii Bulchiinsa Qabeenyaa Fi Tajaajila Waliigalaa MMWO, waliin (bilbilaan) gaafa 18/09/2014; fi

Dr. Dajanee Girmaa Jaankaa, Barsiisaa Seeraafi Abukaatoo Dhuunfaa, akkasumas Walitti-qabaa Waldaa Abukaatota Naannoo Oromiyaa waliin (bilbilaan) gaafa 05/10/2014; taasifame.

## MIILTOO 1

**Bar-gaaffii Sadarkaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Madaaluuf Qophaa'e, Guraandhala, 2014**

**Mana Murtii Aanaa/Ol'aanaa/Waliigalaa ________________________**

Inistiitiyuutiin Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa sadarkaa itti-quufinsa tajaajilamtootni tajaajila mana murtii irratti qaban safaruuf sakatta'iinsa kana gaggeessaa jira. Yaadni keessan kenniinsi tajaajila manneen murtii akka fooyya'u faayidaa ol'anaa qaba. Kanaaf daqiiqaa muraasa fudhachuun bar-gaaffii kana guutaa. Odeeffannoon isin kennitan iccitummaan isaa kan eeggamudha. Maqaa keessan ibsuun hin barbaachisu. Deeggarsa keessaniif galatoomaa!

### Kutaa I

### Gaaffilee Odeeffannoo Waliigalaa

Qajeelfama: Gaaffilee odeeffannoo waliigalaa armaan gadiitiif deebii sirrii itti maruun ibsaa.

1. Umurii
   A) 18-25 B) 26-39 C) 40-59 D) 60 fi isaa ol
2. Koorniyaa A) Dhiira B) Dubartii
3. Sadarkaa barnootaa
   A) Kan hin baranne B) Kutaa 1-8 C) Kutaa 9-12
   D) Sartifikeetii yookiin dipploomaa E) Digriifi isaa ol
4. Sadarkaa Mana Murtii tajaajila itti argattan
   A) Mana Murtii Aanaa B) Mana Murtii Olaanaa C) MMWO
5. Haala itti mana murtii dhuftan
   A) Himataa/ iyyataa/ol-iyyataa B) deebii kennaa/ waamamaa C) shakkamaa/ himatamaa yakkaa/ sirreeffamaa seeraa D) hiriyaa/maatii E) ragaa
   F) abbaa alangaa G) qorataa poolisii H) abukaatoo/dubbi fixaa
   I) Kan biraa yoo ta'e ibsi ________________________________
6. Garee wal-falmitootaa keessaa tokko kan taatan yoo ta'e, abukaatoo dhuunfaatiin yookiin abukaatoo ittisaatiin deeggaramtaniit dhimma keessan falmituu?
   A) Eeyyee B) Lakki
7. Dhimma amma dhuftaniif jecha mana murtichaatti yeroo hammam deddeebitan?
   A) Yeroo jalqabaaf B) Yeroo 2-5 C) Yeroo 6 fi isaa ol
8. Dhimmi keessan sadarkaa maaliirra jira?
   A) Dhagahi dhimmaa hin eegalle B) Dhagahi dhimmaa adeemsarra jirra
   C) Dhagahi dhimmaa kan xumurame D) Kan biroo yoo ta'e, ibsi __________

### Kutaa II: Gaaffiilee Bu'uuraa

Gaaffiilee bu'uuraa armaan gadii yeroo deebistan lakkoofsa 1, 2, 3, 4 yookiin 9 keessaa tokkotti maruudhaan deebisaa. Lakkoofsi: **4 – "Cimseen Waliigala"**; **3 – "Waliingala"**; **2 – "Walii hin galu"**; **1 – "Cimseen walii hin galu"**; **9 – "Yaada hin qabu/ na hin ilaallatu"**; kan jedhu bakka bu'a.

| | Safartuulee itti quufinsaa | Sadarkaa itti quufinsaa | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | 4 | 3 | 2 | 1 | 9 |
| **Safartuuwwan raawwii Teeknikaa mana murtichaa (Technichal performance measures)** | 1. Tajaajilamaan dhaddachaalee yookiin iddoowwan tajaajilli itti kennamu biroo salphaatti argachuu ni danda'a | | | | | |
| | 2. Tajaajilamaan odeeffannoo waa'ee tajaajila mana murtichaan kennamuu salphaatti ni argata | | | | | |
| | 3. Odeeffannoon tajajilamaan argatu sirriifi ifa | | | | | |
| | 4. Bakki hojii qulqulluu fi mijataa dha | | | | | |
| | 5. Tajaajilamaan akkaataa dhufaatii isaatiin dabareen ni keessummaa'a | | | | | |
| | 6. Sirnii fi hojimaatni dhamaatii fi baasii tajaajilamaa hir'isu hojiirra ooleera | | | | | |
| | 7. Kenna tajaajilaa keessatti dubartii ulfaaf, namoota sababa miidhaa qaamaa, haala fayyaa yookiin umurii isaaniitiin deeggarsa barbaadaniif haalli mijataan ni jira | | | | | |
| | 8. Ofiserootni seeraa fi hojjettoonni deeggarsaa obsaa fi ilaalcha gaariin tajaajilamaa ni keessummeessu | | | | | |
| | 9. Ofiserootni seeraa fi hojjettoonni deeggarsaa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'anii tajaajilamaa ni keessummeessu | | | | | |
| | 10. Tajaajilli ofiserootaa fi hojjettoota deeggarsaa biroo qulqullina qaba | | | | | |
| **Safartuuwwan raawwii adeemsaa mana murtichaa (Procedural performance measures)** | 11. Kenni tajaajilaa istaandardii yeroo taa'eef keessatti kan xumuramuu fi si'oomina kan qabu dha | | | | | |
| | 12. Yeroon hojii fi sa'aatiin beellamaa ni kabajama | | | | | |
| | 13. Beellama kennamu jidduutti yeroo gahaan ni kennama | | | | | |
| | 14. Adeemsi kenniinsa tajaajilaa ifa | | | | | |
| **Safartuuwwan raawwii bu'uuraa mana murtichaa (Normative performance measures)** | 15. Abbaan seeraa dhimmicha beekee dhagaha gaggeessuuf qophii barbaachisu ni taasisa | | | | | |
| | 16. Abbaan seeraa tajaajilamaa sirnaan dhaggeeffachuun, kabajaan, obsaan, miiraa fi ilaalcha gaariin ni keessummeessa | | | | | |
| | 17. Abbaan seeraa gartummaa irraa bilisa ta'ee falmii ni hooggana | | | | | |
| | 18. Abbaan seeraa fayidaan hojjechuurraa bilisa ta'ee ni tajaajila | | | | | |
| | 19. Abbaan seeraa gaaffii yookiin yaada qabu yeroo ibsu haala hubatamuu danda'uuni dha | | | | | |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | 20. Tajaajilamaan yaada  isaa akka ibsatuuf yeroo gahaan ni kennama | | | | | |
| | 21. Tajaajilli abbaa seerummaa dhiibbaa irraa bilisa | | | | | |
| | 22. Murtiin kennamu tilmaamawaa fi qulqullina kan qabu dha | | | | | |
| **Gaaffilee Waliigalaa** | 23. Akka waliigalatti, tajaajilliifi mijaa'inni naannoo hojii mana murtichaa garaa na gaheera | | | | | |
| | 24. Tajajillii fi mijaa'inni naannoo hojii manni murtichaa amma kennu kan armaan duraa irra fooyya'eera (armaan dura tajaajilamtanii kan beektan yoo ta'e) | | | | | |
| | 25. Tajaajilamaan mana murtii irraa amantaa ni qaba | | | | | |

26. Akka waliigalaatti kenna tajaajila fi mijaa'ina naannoo hojii mana murtii irratti yaadni addaa isin qabdan yoo jiraate ibsaa

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

___________________________________________________.

## MIILTOO 2

## Unka Af-gaaffii Sakatta'iinsa Sadarkaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa Madaaluuf Qophaa'e

**Hirmaattonni:** *Mana Murtii MMWO irraa* I/G Wajjiraa, Daariktera Kenna Tajaajila Abbaa Seerummaa, Qindeessaa Tajaajila Deggarsa Hojii Dhaddachaa; *Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa irraa* I/A Hoogganaa yookiin nama bakka bu'e; *Komishinii Poolisii Oromiyaa irraa* I/G kutaa qorannaa yakkaa yookiin nama bakka bu'e; *Komishinii Maneen Amala Sirreessaa Oromiyaa irraa* Hoogganaa yookiin A/Adeemsa haaromsa sirreeffamtoota seeraa;*Waajjira Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaa irraa* I/G Koree Dhaabbii Seera, Bulchiinsaafi Qabeenya Namaa yookiin nama bakka bu'eefi *Waldaa Abukaatota Naannoo Oromiyaa irraa* Pirezidaantii waldichaa yookiin nama bakka bu'e.

**Guraandhala, 2014.**

**Mana Murtii Aanaa/Ol'aanaa/Waliigalaa ______________________________**

1. Sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamtoonni manneen murtii mijaa'ina naannoo hojii /court facilities/ fi tajaajila abbaa seerummaa irratti qaban akkamitti hubattu?
2. Haalotni dhuunfaa tajaajilamaa (kanneen akka koorniyaa, umurii, miidhaa qaamaa, haala diinagdee, barnootaa, fageenya lafaa, kkf), gosti tajaajilaafi sadarkaan mana murtii itti tajaajilame itti-quufinsa tajaajilamaa waliin hariiroo akkamii qabaachuu danda'a jettanii yaaddu?
3. Itti-quufinsi tajaajilamtootaa manneen murtii naannoo Oromiyaa fooyya'aa dhufeera amantaa jedhu qabduu? Maaliif?
4. Safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilaa irratti raawwiin fudhatama qabu hagami? Maaliif?
5. Safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilamtootaa keessaa kanneen itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'aniifi hin taane isaan kami? Maaliif?
6. Hanqinaalee keessoo itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan maal fa'i? Sababni hanqinaaleen kunneen hin furamneef maali?
7. Rakkoowwan manneen murtiin alaa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan maal fa'i? Sababni hanqinaaleen kunneen hin furamneef maali?
8. Itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii dabaluuf maaltu godhamuu/hojjetamuu qaba jettanii yaaddu?

**MIILTOO 3**

**Qajeelchituu Daataan Daawwannaa Ittiin Sassaabamu**

Cheekliistii bu'aan daawwannaa irratti galmaa'u (Observation checklist)

**Guraandhala, 2014**

**Mana Murtii Aanaa/Ol'aanaa/Waliigalaa** ______________________________

1. Manni murtii daawwatame:
   a. Poostarii chaartarii lammiilee sirnaan ifooman ☐ ni qaba ☐ hin qabu
   b. Gabatee beeksisaa ☐ ni qaba ☐ hin qabu
   c. Agarsiiftuu kallattii ☐ ni qaba ☐ hin qabu
2. Manni murtii daawwatame:
   a. Bakkaa fi teessoo haara-galfii abbaa dhimmaa mijataa ☐ ni qaba ☐ hin qabu
   b. Mana fincaanii gahaa qulqullina isaa eeggate ☐ ni qaba ☐ hin qabu
   c. Kutaalee tajaajilli itti kennamuufi dhaddacha qulqullinaafi meeshaalee gahaa qabu

      ☐ ni qaba ☐ hin qabu
3. Mana murtii daawwatametti:
   a. Yaadota saanduqa yaadaa keessatti barreeffaman irraa qabxiilee ijoo ______________________________

b. Yaadota galmee yaadaa keessatti barreeffaman irraa qabxiilee ijoo

c. Dhaddacha daawwatame irraa haala keessummeessa abbaa dhimmaa irratti waanta taajjabamu

d. Kutaalee biroo tajaajilli itti kennamu kan akka kutaa odeeffannoo, kutaa ofiseroota seeraa, mana galmee, kkf irraa waan taajjabamu

e. Akkaataa tajaajilamaan dabareen itti keessummaa'u irratti qabatama jiru

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

____________________________________

f. Itti fayyadama teeknoloojii fi hojimaata kenniinsa tajaajilaa salphisanii fi baasii qusatan yoo jiraate _________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________.

g. Mijaa'ina haalli ijaarsa gamoo (mana hojichaa fi naannawaa isaa) fi haalotni biroo qaama miidhamaa fi namoota deeggarsa addaa barbaadan biroof mijataa ta'uu/dhabuu

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________________________________________________

______________________________

## MIILTOO 4

## Qajeelchituu Marii Garee (FGD) Sadarkaa Itti-quufinsa Tajaajilamaa Madaaluuf Qophaa'e

**(Hirmaattonni:** Manneen Murtii Ol'aanaafi Aanaalee qaamaan deemaman irraa Pirezidaantii, Abbaa seeraa 2 (KTAS yookin gaggeessitoota dhimmaa), dursaa garee ofisara seeraa, abukaatoo ittisaafi inspeekshinii yookiin ofisara naamusaa Mana Murtichaa)

**Guraandhala, 2014.**

**Mana Murtii ________________________________________________________**

1. Sadarkaan itti-quufinsa tajaajilamtoonni manneen murtii mijaa'ina naannoo hojii /court facilities/ fi tajaajila abbaa seerummaa irratti qaban akkamitti hubattu?
2. Haalotni dhuunfaa tajaajilamaa (kanneen akka koorniyaa, umurii, miidhaa qaamaa, haala diinagdee, barnootaa, fageenya lafaa, kkf), gosti tajaajilaafi sadarkaan mana murtii itti tajaajilame itti-quufinsa tajaajilamaa waliin hariiroo akkamii qabaachuu danda'a jettanii yaaddu?
3. Itti-quufinsi tajaajilamtootaa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa fooyya'aa dhufeera amantaa jedhu qabduu? Maaliif?
4. Safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilaa irratti raawwiin fudhatama qabu hagami? Maaliif?
5. Safartuuwwan itti-quufinsa tajaajilamtootaa keessaa kanneen itti-quufinsa waliigalaa murteessuu keessatti ijoo ta'aniifi hin taane isaan kami? Maaliif?
6. Hanqinaalee keessoo itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan maal fa'i? Sababni hanqinaaleen kunneen hin furamneef maali?
7. Rakkoowwan manneen murtiin alaa itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii irratti dhiibbaa geessisan maal fa'i? Sababni hanqinaaleen kunneen hin furamneef maali?
8. Itti-quufinsa tajaajilamtoota manneen murtii dabaluuf maaltu godhamuu/hojjetamuu qaba jettanii yaaddu?